INSTITIIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA

Gumee Qorannoo MataDure:

Kunuunsa Sirni Haqa Yakkaa Miidhamtoota Yakkaaf Godhuu fi Rakkoowwan Wal Qabatanii Mul'atan:

Haala Qabatama Naannoo Oromiyaa

Qopheessaan: Isheetuu Yaadataa

Gulaalaan: Tasfaayee Niwaay

Caamsaa Bara 2005

Adaamaa, Oromiyaa

Baafata

Mata Duree **Fuula**

Galata ----------V

Gabaajee fi Kottoonfachiisa----------VI

BOQONNAA TOKKO

GUMEE QORANNOO---------- 1

1.1 Seensa Qorannoo----------**1**

1.2 Hima Rakkoo----------3

1.3 Kaayyoo Qorannichaa----------4

1.4 Maloota Qorannoo----------5

1.5 Faayidaa Qorannoo ----------7

1.6 Daangaa Qorannoo ----------7

1.7 Fayyadamtoota ----------8

1.8 Danqaalee----------8

1.9 Caaseffama Qorannichaa----------8

BOQONNAA LAMA

2.DANTAA DAA'IMMANII ISA OLAANAA FII SEEROTA DANTAA KANAAF EEGUMSA TAASISAN ----------10

2.1Dantaa Da'immanii isa Olaanaa: Yaadrimeewwan bu'uraa----------10

Seensa ----------10

2.1.1 Hiikkaa fi yaadrimeewwan dantaa da'immanii isa olaanaa----------10

2.1.2 Akkaataa dantaa daa'immanii inni olaanaan ittiin adda bahu----------13

2.1.2.1 Sakatta'iinsa dantaa da'immanii isa olaanaa ----------13

2.1.2.2 Dantaa da'immanii isa olaanaa murteessuu----------14

2.2 Tumaalee Seerotaa fi Sanadoota dantaa daa'immanii isa olaanaaf eegumsa taasisan ---------14

2.2.1Sanadoota Sadarkaa idil-Addunyaatti jiran----------16

2.2.1.1Labsii Mirgoota Daa'immanii Mootummoota Gamtoomanii----------16

2.2.1.2 Konveenshinii Mirgoota Daa'immanii Mootummoota Gamtoomanii----------17

2.2.2 Sanadoota Sadarkaa Ardiitti jiran. ----------19

2.2.2.1 Chaartarii mirgoota namootaa fi uummattoota Afrikaa----------19

2.2.2.2 Chaartarii nageenyaafii mirgoota daa'immanii Afrikaa----------20

2.2.2.3 Konveenshinii Mirgoota Daa'immanii Awurooppaa Hojii Irra Oolchuu----------22

2.2.3 Tumaalee Mirgoota Daa'immanii Sadarkaa Biyyaatti----------23

2.2.3.1 Heera Mootummaa RDFI----------24

2.2.3.2 Seera Yakkaa bara 1996----------25

2.2.3.3 Seera Hojjataa fi Hojjachiisaa ----------27

2.2.3.4 Seera Maatii Oromiyaa ----------28

2.2.3.4 .1 Battala Iyyatni Hiikkaa Gaayelaa Dhiyaateen Eegumsa Dantaa Daa'immanii Isa Olaanaaf Taasifamuu Qabu. ----------29

2.2.3.4 .2. Eegumsa Dantaa Daa'immanii Isa Olaanaaf Adeemsa Murtii Diiggaa gaayelaa keessatti raawwatamuu qabu. ----------33

2.2.3.4 .2.1 Dantaa Daa'immanii Isa Olaanaaf Eegumsa gochuun bakka Jireenya Ijoollee Murteessuu----------33

2.2.3.4 .2.2 Dantaa Daa'immanii Isa Olaanaaf Dursa kennuun Qallaba Daa'immanii Murteessuu----------44

2.2.3.4 .3. Eegumsa Dantaa Daa'immanii Isa Olaanaaf Murtii Diiggaa gaayelaa Booda raawwatamuu qabu. ----------45

BOQONNAA SADII

3. EEGUMSA DANTAA DA'IMMANIIF MURTII DIIGGAA GAAYELAA KEESSATTI GODHAMUU QABU WALIIN WAL QABATANII RAKKOOWWAN MANNEEN MURTII OROMIYAA KEESSATTI MUL'ATAN:XIINXALA DHIMMOOTAA

Seensa---------- **48**

3.1Rakkoowwan Dantaa Daa'immanii Isa Olaanaaf Akkuma Iyyatni Giiggaa Gaayelaa Dhiyaateen Taasifamuu Qabu faana wal qabatee mul'atu. ----------48

3.2 Eegumsa Dantaa Daa'immanii Isa Olaanaaf Adeemsa Murtii Diiggaa Gaayelaa murteessuu keessatti taasifamuu qabu faana rakkoowwan wal qabatanii mul'atanii----------53

3.2.1.Duuchumatti bakka turmaata daa'imaa osoo hin murteessiin irraanfachuu----------54

3.2.2 Yaada ijoollee osoo hin gaafatiin daa'imman eenyu waliin akka jiraatan murteessuu. ----------56

3.2.3 Haala Mijataa Hin Taane Keessatti Yaada Daa'immanii Dhaga'uu----------61

3.2.4 Qorannoo ykn sakatta'iinsa barbaachisaa osoo hin taasisiin bakka turmaata daa'immanii murteessuu----------61

3.3 Qallaba daa'immanii kutuu faana rakkoowwan qabatamaan manneen murtii keenya keessatti mul'atan. ----------64

3.3.1 Qallaba Osoo Hin Kutiin Duuchumatti Irraanfachuu----------65

3.3. 2 Qabeenya Qulqulleessuun Dura Qallaba Kutuu----------66

3. 3.3 Qallaba Raawwiif Rakkisu Murteessuu. ----------68

3.4 Rakkoowwan Eegumsa Dantaa Daa;immanii Isa olaanaaf Murtii Diiggaa Gaayelaa Booda Godhamuu qabu faana wal qabatanii mul'atan ----------70

BOQONNAA AFUR

YAADOTA GUDUUNFAA FI FURMAATAA----------75

4.1Yaada Guduunfaa----------75

4.2Yaada Furmaataa----------77

Miiltoowwan----------80

Miiltoo 1ffaa ,Bar gaaffii abbootii seeraa Aanaa tiin guutame----------81

Miiltoo 2ffaa Af gaaffii warra daa'immanii wal hiikanii jiraniif dhiyaate-------83

Miiltoo 3ffaaAf -Gaaffii daa'imman warri isaanii wal hiikanii adda adda jiraniif dhiyaate. ----------83

Miiltoo 4ffaa Gaaffii marii Waajjira dhimma dubartootaaf daa'immaniitti taasifame. ----------85

Miiltoo 5ffaa ,Af gaaffii abbootii seeraa godinaatiif dhiyaatu ----------86

Miiltoo 6 Hirmaattota marii garee waajira dhimma dubartootaaf daa'immanii-86

Maddoota wabii----------87

A).Kitaabolee----------87

B) Seerota----------88

C/ Madda Intarneetii----------88

D).Tarree Dhimmotaa----------89

E)Tarree Abbootii seeraa af gaaffii deebisanii----------91

F) Tarree hooggantoo waajjira Dhimma Dubartootaaf daa'immaanii af gaaffii deebisanii-------92

G)Tarree daa'imman Af gaaffii deebisanii----------92

H) Tarree warra daa'immanii wal hiikan ykn adeemsa walhiikaa irra turanii Af gaaffii deebisanii----------93

Galata

Hunda dursee jalqabaa amma dhumaatti hafuura koo caala natti dhiyaatee isa karaa maraan dadhabina koo na garagaaraa turee waaqayyoof galanni haa ta'u.Itti aansuun kallattiin ittiin deemuu qabu na gorsuu irraa kan of hin qusannee gulaalaa koo obboo Milkii Makuriyaatiifis galanni koo daangaa hin qabu.

Milkaa'ina qorannoo kanaaf jalqabaa amma dhumaatti waanta qorannoo kanaaf barbaachisan guutuun kan na cina dhaabbate Instiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee haqaafi Qo'annoo seeraa Oromiyaas galanni haa ga'u.Dabalataanis hawaasa mana murtii Aanaa Amboo fi waajiira haqaa Aanichaa deeggarsa gama hedduun naaf taasisaniif haa galatoomani.Kana malees hojii qorannoo kanaa yeroon dalagu namoota kompiitara isaanii naaf kennuun sirnaan akkan hojjedhu na taasisan;Kumalaa Abarraa,Fenereef Yilmaa,Abdulsalaam Muhaammadii fi Galaanaa Margaa onnee koo irraan isaan galatteeffadha.

Boqonnaa -1

Haala Waliigala Qorannichaa

1.1 Ka'umsa qorannichaa

Mootummaan naannoo Oromiyaa mootummoolee naannoolee Itiyoophiyaa keessaa isa tokko yoo ta'u kan hundeeffamees A.L.I bara 1984 dha.[1]Naannicha keessatti sirnootni adda addaa kan jiran yoo ta'u isaan keessaa tokko sirna haqa yakkaati.Sirni kun naannoo irraa hanga Aanaatti diriirfamee kan jiru yommuu ta'u innis kan gaggeeffamu waliin ta'iinsa qaamolee adda addaa kanneen akka Mana Murtii,Waajjira Haqaa,Waajjira Poolisii,Bulchiinsa Mana Sirreessaa, miidhamaa fi hirmaannaa hawwaasaatiini dha.

Itiyoophiyaa keessatti aangoon seera yakkaa tumuu aangoo mootummaa feederaalaaf kennamen dha.[2]Haa ta'uuti,Mootummootni naannoo bakka seerri yakkaa mootummaa feederaalaa ifaan hin tumamnetti seera yakkaa tumachuu ni danda'u.[3]Kanaaf,sirna haqa yakkaa naannoo Oromiyaa kan itti gaggeeffamu seera yakkaa feederaalaa kan naannichi naannolee kaan waliin ta'uun tumateeni dha.

Seera deemsa falmii yakkaa ilaalchisee naannoleen aangoo seera kana baasuuf qabu moo hin qaban? kan jedhu dhimma wal falmisiisaa ta'uun akkuma jirutti ta'ee yeroo ammaa naannichi kan inni itti fayyadama jiru seeruma akka biyoolessaatti bara 1961 ba'eeni dha.

Seenaa Itiyoophiyaa keessatti sirni haqa yakkaa ammayyaan yeroo jalqabaaf kan diriiree bara 1942 hundeeffamuu Waajjira Abbaa Alangaan booda dha.[4]Bara kanaan dura himannoon yakkaa kan dhihaatu miidhamtoota dhuunfaa ykn firoota miidhamtoota dhuunfaan yommuu ta'u hundaa'uu waajjira Abbaa Alangaa irraa eegalee garuu dirqamni himannoo yakkaa dhiyeessuu gara waajjirichaatti kan cee'e waan ta'eef miidhamtootni yakkaa ga'een isaan sirna haqa yakkaa

---

[1] Chaartarii yeroo Cee'umsa Mootummaa Itiyoophiyaa, Nagaret Gazeta,Lab.Lakk. 1/1995 Finfinnee Adoolessa 15,bara 1991.Boodarra Heera Mootummaa Ripaabiliika Dimokiraatawaa Feederaalawaa Itiyoophiyaa Bara 1995 ba'e Lab. lakk.1/1995 Finfinnee, Hagayya 15,bara 1995, Kwt 47(1) 4,Heera Cee'umsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa,Lab.Lakk.2/1985 Magalata Oromiyaa .

[2] HMRDF Itiyoophiyaa Kwt 55(5).

3 Akkuma Lakk. 2 irraa

[4] Labsii waajjira Abbaa Alangaa Hundeessuuf ba'e Lab.Lakk.2/1942,Tumamuu labsii kanaan dura biyya Itiyoophiyaa keessatti himannoo yakkaa kan dhiyeeffatu miidhamaa dhuunfa ykn firoota miidhamaa dhuunfaati.CriminalProcedures Law,principles,rules and practices,by Simene Kiros Aseffa,p.38

keessatti qaban ragaa ta'anii dhiyaachuu qofaa dha.Haaluma wal fakkaatuun Naannoo Oromiyaa keessattis Waajjirri Abbaa Alangaa mootummaa bakka bu'uudhaan gochoota yakkaa raawwataman qulqulleessuun himannoo akka banuuf sadarkaa naannoorra hanga Aanatti hundeeffamee jira.[5]

Naannicha keessatti Abbaa Alangaa miidhamtoota yakka miidhaan qaamaa cimaan irra ga'ee fi beenyaa gaafatanii fudhachuu hin dandeenyeef beenyaa gaafachuu irratti gargaaruu akka qabu seerri ni kaa'a.[6]Miidhamtootni yakkaa miidhaa isaan irra dhaqqabe irraa beenya argatanii dafanii dhidhiibamuu akka qabanis sirna haqa yakkaa ni barbaada.[7]Kana malees,miidhamtootni yakkaa dhimmi isaanii yakkaan ilaalamuu eegalee jennaan kaffaltii Abbaa Seerummaa kaffaluun otoo isaan hin barbaachisiin M/Murtii dhimma sana ilaalutti iyyannoo galfachuudhaan beenyaa gaafachuu akka danda'an seerri ni eeyyamaaf.[8]

Eegumsa Mootummaan miidhamaa yakkaaf taasisu akkuma jirutti ta'ee namni badii yakkaa raawwate bifa adda addaatiin miidhamaaf kunuunsa yoo godhee yeroo himannoon dhiyaatus ta'ee yeroo adabbiin kennamutti fayyadamaa ni ta'a.[9]Sirna haqa yakkaa keessatti namni badii yakkaa raawwate tokko gocha yakkaa raawwateen badii isaa hubachuun miidhamaa yakkaaf kunuunsa ykn eegumsa kan taasise taanaan adabbiin isa irratti murtaa'u akka hir'atuuf seerri ni akeeka. Akkasumas raawwii murtii adabbii irratti amaakiroon akka gad lakkifamu sababoota taasisan keessaa tokko miidhamaa beenyessuu dha.[10]Waliigalaan,seerichi namni miidhaa geessise tokko miidhaa dhaqqabsiise akka qooddatu kan barbaaduu ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama.

---

[5] Labsii Qaamota Raawwachiistuu Bulchiinsa Naannoo Oromiyaa Yeroo Cee'umsaa Hundeessuuf Bahe Lab.Lakk. 5/1985. Kwt 5(2), Miil jalee Lak.1 kwt 53, Labsee Gurmaawina Seera Raawwachiiftuu MNO fooyyessuuf fi aangoo fi hojii isaanii irra deebi'uudhaan murteessuuf bahe Lab.Lakk.50/1994,kwt 27.Dhiyeenyatti Labsii Qaama Raawwachiiftu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiidhaan Gurmeessuu fi Aangoo fi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe Lab.Lakk.163/2003 kwt.22.

[6] *Labsii Qaamota Raawwachiistuu Bulchiinsa Naannoo Oromiyaa irra deebidhaan hudeessuuf baheLab.Lakk.6/1986 , Kwt.13(2), A PROCLAMATION TO PROVIDE FOR THE DEFINITION OF POWERS AND DUTIES OF THE EXECUTIVE ORGANS OF THE FEDERAL DEMOCRATIC REPUBLIC OF ETHIOPIA (PROCLAMATION NO. 691/2010) kwt.16(11)*

[7] Imaammata Haqa Yakkaa Mootummaa Dimookiraatawaa Ripuubliika Feederaalawaa Itiyoophiyaa;Ministeera Haqaa'Finfinnee;Gurandhala 25/2003 A.L.H Fuula.8, Murtii Dhaddacha Ijibbaata M/M/W/Itiyoophiyaatiin Lak.Galmee 10797 dhimma Sheek Maahammad Huseen Allamudii fi A/e Shaadiya Naadiim irratti Mudde 27/1998 murtaa'e.

[8] Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa bara 1961 bahe, Kwt 154(1)

[9] *Seera Yakkaa Mootummaa Dimokiraatawaa Ripaabilikaa Feederaalawaa Itiyoophiyaa Bara 1996 bahe,Lab.Lakk. 414/2004 Nagaarit Gaazexaa Feederaalaa kwt .28,kwt 82(1)e*

[10] *Akkuma Lakk. 9^{ffaa} dabalataanis kwt 202(1).*

Miidhamaan yakkaa himannoo kaffaltii beenyaaf dhiheessu himata yakkaa Abbaa Alangaa dhiheessu waliin walitti hidhee dhiyeeffachuuf mirga qaba.[11]Himatni beenyaa miidhamaa himata yakkaa Abbaan Alangaa dhiyeessu waliin wal qabachuun dhihaachuun faayidaalee heddu qaba.Faayidaaleen kunis:tokkoffaa,baasii fi yeroo miidhamaa ni qusata,lammaffaa miidhamaan deeggarsa seera mootummaa irra karaa itti argachuu danda'u kan mijeessufi dha.

Miiidhamaan yakkaa miidhaa yakkaan irra ga'eef beenya argachuuf himatni yakkaa akka dhihaateen hanga miidhaa irra dhaqqabee fi beenyaa gaafatuu barreeffamaan agarsiisuun iyyata galfachuun adeemsa gabaabaan beenyaa gaafachuu ni danda'a.[12]Gama biraatiin, himatamaan hamata yakkaan irratti dhihaateen bilisa yoo gadi lakkifames miidhamaan gaaffii beenyaa dhaddacha siiviliin itti fufuu ni danda'a.[13]

Miidhamaan, Murtii balleessummaa yakkaan kenname himata beenya yakkamaa irraa argachuuf addatti dhaddacha siiviliitti dhiheeffatuuf akka ragaatti fayyadamuu ni danda'a.[14] Dabalataanis, mootummaan miidhamaa yakkaaf beenyaa kaffaluu akka danda'u seerri ni kaa'a.Kunis kan taasifamu tokkoffaa mootummaan beenyaa miidhamaa yakkaaf kaffaluun yakkamaa irraa gaafachuun,[15] lammaffaan, miidhamtootni fandiin miidhamtoota yakkaa gargaaruuf dhaabbatee irraa akka gargaaraman gochuun[16] sadaffaan, qabeenyaa bu'aa yakkaa ta'e akka beenyaatti miidhamaaf akka kennamu gochuun[17]arfaffaan miidhamaan maallaqa wabiif qabsiifame ykn maallaqa adabbii yakkamaan kaffalerraa akka argatan gochuuni dha.[18]

Mootummaan Biyyoollessa Naannoo Oromiyaa dhimmoota gochoota yakkaa naannicha keessatti raawwataman qorachuun manneen murtii naannichaatti dhiheessuun manneen murtii naannichaatis murtii barbaachisu kennaa jiru.Gochootni yakkaa kanneen keessaa yakka reebichaa, yakka saal-

[11] Olitti yaadannoo Lakk.8 kwt 101, Murtii Dhaddacha Ijibbaata M/M/W/Itiyoophiyaatiin Lak.Galmee 59045 ,Jiildii 12ffaa irratti Caamsa 16/2003

[12] *Akkuma Lakk.11ffaa kwt.154(1)sdfy*

[13] *Akkuma Lakk.12ffaa*,kwt.158, Murtii Dhaddacha Ijibbaata M/M/W/Itiyoophiyaatiin Lak. Galmee 43843 irratti DrTesfanesh Belaa fi Inshuraansii Awaash gidduutti Ebla 21/2002

[14] *Akkuma* Lakk.13ffaa Kwt.156(1)

[15]*Olitti yaadannoo Lakk.9, Kwt.101*

[16] *Kwt.34 Labsii Farra Shororkeessummaa Itiyoophiyaa, Nagaarit Gaazexaa Feederaalaa. 652/2009 yakka shororkeessummaa keessatti miidhamtootaaf Fundii Mana Maree Ministeerotan dhaabbatuun fedhiin miidhamtoota yakka gargaaruu hanga ammaatti hojiitti hiikamu baatus mul'ateera.*

[17]*Olitti yaadannoo* Lakk.9 ffaa,Kwt.100(2)

[18] *Akkuma Lakk 17* ffaa kwt 102

qunnamtii dubartoota irratti raawwatamani,yakkoota daa'imman irratti raawwatamanii, fi yakka ajjeecha lubbuu namaa irratti raawwataman isaan muraasa dha.Yakkoota kun raawwatamuun isaanii nageenya uummataa tasgabbii dhorkuun dantaa uummataa kan tuqu dha.Akkasumas gochootni yakkaa kun miidhamtoota yakkaa irratti miidhaa haamilee, qabeenya, lubbuu,qaama fi kkf kan geessisani dha.

Miidhamtootni dhuunfaa yakkoota kaka'umsa mootummaan himachiisan (accusation) irratti ga'een isaan qaban ragaa A/Alangaa ta'anii dhiyaachuu dha.Kana jechuun garuu miidhamtootni murtii A/Alangaa dhimma isaanii irratti kennu mormuu hin danda'an jechuu miti.Yakkoota komii dhuunfaan himachiisan irrattis taanan miidhamtootni waajjira haqaatiin aanga'anii himata dhuunfaa dhiheeffachuu ni danda'u.Yaakkoota kaka'umsa mootummaatiin himachiisan(accusation crimes) irrattis miidhamaan raga ta'uu irraa darbuun murtiiwwan A/Alangaa ni himachiisa hin himachiisu jechuun kennu irratti ol'iyyachuu ni danda'a.Haa ta'uuti,uummatni hubannoo seeraa kan hin qabne ta'uun mirgoota taa'an kanatti fayyadamuu dhabuun,bu'aa qorannoo akka mirgaatti beekuu dhabuun, himannoon yeroo qophaa'u,mirgi wabii shakkamaaf yommuu kennamu, adabbiin yeroo murtaa'u, fi amakiroon yeroo kennamu hirmaannaa dhabuun, miidhamtootni yakkaa sirnicha keessatti akka maddiitti dhiifaman godheera.Miidhamtootni yakkaa sirnicha keessatti maddiitti dhiifamuun kunuunsa isaaniif malu dhabuun isaanii mirga beenya gaafachuun bakkatti deebi'uu isaanii kan danquu dha.Kun immoo kenniinsi tajaajila haqaa madaalawaa akka hin taane godheera.

Itiyoophoyaan hundeessituu fi miseensaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniiti (Kanaan booda Dh.M.Gn) kan jedhamu dha.Kana ta'uutti, biyyattiin tumaaleen Dh.M.Gn ba'an dirqisiisummaa seeraa qabaachu baatanis, dirqisiisummaa ilaalchaa kan qaban waan ta'eef, maqaa gaarii argachuun addunyaa waliin tarkaanfachuuf tumaale kana hojiirra oolchuutu irraa eegama.Tumaalee Dh.M.Gn ba'an keessaa tokko Ibsa Bu'uura Qajeeltoowwan Haqa Miidhamtoota Yakkaa fi Aangoo Seeraan Ala Fayyadamuuti.Akka ibsa kanaatti biyyootni miseensa Dh.M.Gn ta'an hundi ibsicha hojiirra oolchuuf yeroo gara yerootti seerota ofii fooyyeffachuuf itti gaafatamummaa haamilee qabu.[19]Ibsi kun miidhamtootni yakkaa mirga haqa argachuu,mirga kabajaa fi ulfina namummaa bu'uraan argachuu,mirga dhimma isaanii irratti

[19] Paragraph (keewwata 19 fi 21) Ibsa Bu'uura Qajeeltoowwan Haqa Miidhamtoota Yakkaa fi Aangoo Seeraan Ala Fayyadamu.

hirmaachuu fi odeeffannoo ga'aa argachuu, mirga nageenya mataa isaaniif eegumsa seeraa argachuu fi gargaaramuu, fi mirga bakkatti deebifamuu akka qaban ni kaa'a.[20]

Kana malees,muuxannoowwan biyyoota ambaa tokko tokko yoo ilaalle miidhamtoota yakkaaf haala itti kunuunsi ga'aan kennamaafii jiru ni mulla'ata.[21]Ejjennoon biyyootni ambaa ga'ee miidhamaan sirna haqa yakkaa keessatti qabaachuu qabu irratti qaban sirna seeraa biyyootni hordofan irratti kan hundaa'u dha.

Biyyoota baayyee sirna seeraa Kontineentaal Loow hordofan biratti fayyadamummaan miidhamtootni yakkaa sirna haqa keessatti qaban ol'aanaa dha.Gama biraatiin,biyyoota sirna seeraa Kooman loow hordofaan biratti seenaan hirmaannaan miidhamtootni yakkaa sirnicha keessatti qaban xiqqaa ta'uus,yeroo ammaa garuu fooyya'iinsa agarsiisaa dhufaniiru.Akka amantaa biyyoota kooman Loowutti tokkoffaa hirmaannaan miidhamaa mirga himatamaa kan tuquu danda'u ta'uu,lammaffaan immoo miidhamaan ogummaa seeraa waan hin qabneef caalattuu miidhamuu ni danda'u kan jedhuun,sadaffaa yakki dhimma uummaataa waan ta'eef dantaa uummataa kabajsiisuuf qaama dhaabbateen falmamuu qaba kan jedhuuni dha.[22]Haa ta'uuti,yeroo ammaa biyyootni Koman Loowu hordofan Ameerikaa fi Ingiliiz miidhamtoota yakkaaf mirga addaa kennaa akka jiran hubachuun ni danda'ama.[23]Fakkeenyaaf;Ameerikaa keessatti naannoleen soddomii sadii/33/ mirga miidhamtoota yakkaa kabajsiisuuf heera isaanii kan fooyyeffatan yoo ta'u,heerri mootummaa biyyoolessa Ameerikaa akka fooyya'uuf haala itti qorannoon godhamee yaadni fooyya'iinsa heerichaa dhihaates ni jira.[24]

---

[20] http://www.fidh.org/IMG/pdf/4-CH-I_Background.pdf, Declaration of Basic Principles of Justice for Victims of Crime and Abuse of Power, A/RES/40/34 29 November 1985,96th plenary meeting kwt(1-17)

[21]Muuxannoo biyya Faaransaayi kan miidhamaa yakkaaf hanga Abukaatoo baasii malee dhaabuufitti,maallaqa mootummaan miidhamaa gargaaruu,muuxannoo Ameerikaa kan hanga Naannolee Feedereeshinii biyyattii 33(soddomii sadii) heera isaan fooyyeffatanii mirga miidhamaaf beekamtumtii seeraa keennu kan ga'e,muuxannoon Ingiliiz Guddattii, German,India fi kkf.

[22] Journal of Law and Society Volume 32, NO 2, June 2005 ISSN;0263-323X,PP.294-316 Victims Rights In Criminal Trials;prospects for Participation by Jonathan Doak,

[23] *Victim Law Bulletin* November 2011 *LEGAL PUBLICATIONS PROJECT O F THE NATIONAL CRIME VICTIM LAW INSTITUTE AT L EWIS & CLARK LAW SCHOOL , Fundamentals Of Victims' Rights: A Brief History of Crime Victims' Rights in the United States, Victim Protection in the United Kingdom:Policies, Practice and the LawChris Lewis1 and Tom Ellis2, University of Portsmouth, United Kingdom(UK)*

[24]*Order Code RL31750, CRS Report for Congress Received through the CRS Web Victims'Rights Amendment:A Proposal to Amend the United StatesConstitution in the 108th Congress Updated April 16, 2004, p-2* Charles Doyle *Senior Specialist American Law Division*

Biyyoota sirna seeraa kontineentaal hordofan kanneen akka Faaransayii fi Jarman keessatti hirmaannaan miidhamtoonni yakkaa sirna haqa yakkaa keessatti godhan guddaa ta'ee yeroo ammaa miidhamaan yakkaa dhimma ofii haalli itti A/Alangaa waliin ta'ee hordofata jiru ni jira.[25] Faransaay keessatti Miidhamtootni yakkaa abukaatoo bilisaan,dhaabbilee fi waldaalee adda addaan hanga bakka bu'amanii dhimma ofii falmanitti aanga'aniiru.[26]Biyyoota kana keessatti ga'een miidhamaan yakkaa dhugaa ykn haqa baasuu keessatti qabu daran guddaa ta'uu isaatti, miidhamaan bifa mirga himatamaa hin miineen hirmaachuun murteessaa dha jedhu.

Kana malees,akka Idil-Addunyaatti kallattii eegumsi mirga miidhamaa itti adeemaa jiru ilaaluuf Mana Murtii yakka Addunyaa ilaaluun ni danda'ama.Manni murtii yakkaa Idil Addunyaawwaa kan labsii Roomiin hundeeffame, miidhamtootni yakkaa mirga odeeffanno sirrii argachuu, mirga dhaabbatanii falmuu ykn dhaddachatti argamuu,mirga haqa si'aayinaan argachuu fi mirga beenya'uu akka qaban kaa'ameera.[27]Labsiin kun miidhamaan dhimma yakkaarratti mirga dhaabbatee falmachuu hunda akka qabu kaa'uu isaatti adeemsa seeraa haaraa gara addunyaatti fideera.[28]

Gabaabumatti,qorannoo kana keessatti Kunuunsaa fi eegumsaa seeraa miidhamtoota yakkaa Itiyoophiyaa keessatti qaban maal maal akka ta'e adda baasuun naannoo Oromiyaa keessatti hojirra oolmaan isaanii maal akka fakkaatu ilaalameera.

1.2 Hima rakkoo.

Akka guutuu biyyaatti darbees Naannoo Oromiyaa keessatti yakkootni dhala namaa irratti raawwataman kanneen akka yakkoota dubartoota irratti raawwataamani,yakkoota daa'immaan irratti raawwatamani,reebichaa fi ajeecha lubbuu raawwatamanii nageenyaa fi dantaa uummataa tuquu irra darbanii namoota miidhaman irratti miidhaa guddaa kan geessisani dha.Biyya keenya keessatti miidhamtootni yakkaa miidhaa isaan irra ga'eef mirga beenyaa maallaqaa fi beenyaa haamilee argachuun miidhaa isaan irra ga'e irraa fayyanii bakkatti deebi'uu akka qaban seerri ni

[25] United Nations Office For Drug Control And Crime Prevention.Center For International Crime Prevention,Handbook on Justice For Victims (1999) p.38

[26]*Model Codes for Post Conflict Criminal Justice: Model Code of Criminal Procedure* (Vivienne O"Connor & Colette Rausch, eds. 2008): 131-132 ***The Rights of Victims in Criminal and Civil Proceedings INPROL Consolidated Response (10-008) pp.7-12*** Drafted Law-Commission Te-Aka-Matua-o-Te-Ture, FRENCH CRIMINAL PROCEDURE,available http://www.lawcom.govt.nz/sites/default/files/french_criminal_procedure.pdf

[27] Rome Statute of the International Criminal Court, U.N. Doc. A/CONF. 183/9 (1998): art.68(3).

[28] Akkuma Lakk. 27ffaa

kaa'a.[29]Haa ta'uuti,gochootni yakkaa raawwataman baayinaan gara qaama haqaatti kan hin eeramne ta'uu,hanga yeroo dhihootti namoota himataman keessa kan murtiin balleessumma itti kennamu dhibbeentaan yommuu ilaalamu gad aanaa ta'uu isaatti[30] fi miidhamtootni yakkaa shakkamaan yakkaan yoo hin adabamnellee beenyaa gaafachuuf mirga akka qaban beekuu dhabuu[31] isaanitti mirgi kun hangam tokko hojiira oola jira kan jedhu waan qorannoo barbaadu dha.

Miidhamaan yakkaa gochoota yakkaa kanneen dhuunfaan hin himachiifne irratti abbaa dhimmaa ta'ee dhaddacha yakkaatti falmuu akka hin dandeenye beekamaa dha.Garuu miidhamaan yakkaa himatamaan sirna deemsa falmii yakkaan bilisa yoo ta'eyyuu, ragaan himata yakkaa mirkaneessuu fi ragaan himata siivilii mirkaneessu tokko waan hin taaneef, himaata siivilii dhiheessuun beenyaa argachuu akka danda'u seerri ni kaa'a.[32]Naannoo Oromiyaa keessatti qabatamaatti miidhamaa yakkaatiif kunuunsi taasifamaa jiru kunuunsa seerri kaa'een hangam tokko kan wal simu dha? kan jedhu qorannoo kanaan dhimma deebii argatu dha.

Kan biraan,sirna haqa yakkaa keessatti himatamaan mirgoota heera mootummaan raggasifaman kanneen akka mirga dhagahamuu, mirga ofirratti raga bahuu irraa bilisa ta'uu,mirga himata isarratti baname afaan galuufiin akka beeku gochuu, mirga akka nama qulqulluutti lakkaa'amuu, mirga ragaa irratti dhihaate caqasuu, mirga abukaatoo dhaabbachuu, mirga ragaa isa irratti dhihaate gaafachuu,mirga jecha raga ittisummaa kennuuf gaaffii qaxxaamuraa gaafatamuu dhabuu fi mirga himannoo irrattii dhihaate ofirraa faccisuu ni qaba.[33]

Gama miidhamaatiin,heerris ta'ee seerri mirgoota akkamii kaa'eerafii? Kan jedhu qorannoon kana keessatti waan ilaalamu dha.Sirna haqa yakkaa keenya keessatti heera mootummaan ta'ee seerota adda biroon mirga dhimma ofii hordofanii ilaaluu, mirga odeeffannoo sadarkaa dhimmi ofii irra jiru beekuu,amakiroo irratti,dhiifamaafi baaraaara irratti hirmaachuun yaada ofii kennuu,mirga

[29] Olittin yaadannoo Lak.8, sdfy kwt 101.

[30] Restorative justice in Oromia baseline study,2008 by,(Tsegaye Regassa,Urgessa Genemo, and Tena Yigezu) pp.1 and Foreword. Shows that the conviction rate of the countries prosecution is 20%

[31]Af-gaaffii A/seeraa Mana Murtii Aanaa waliin gaafa guyyaa 09/12/2004 ILQSO keessatti taasifame(A/seeraa Obbo Fiqaaduu Qananii,Obbo Gammachuu) fi Leenjisaa Abduljabbar Huseen faana marii yeroo adda addaa taasifame

[32]Olitti yaadannoo Lakk.11

[33] Olitti yaadannoo Lakk.1, HMRF Itiyoophiyaa fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Kwt 20(1-7),S/D/F/Y kwt 142(3)

miidhaa himatamaan irraan ga'uu danda'u irraa ittisa seeraa argachuu ni qaba moo hin qabu?Yoo qabaate hojiirra oolmaan isaanii maal fakkaata? kan jedhu qo'annoo kanaan ni ilaalama.

Akkasumas,uummatni Naannicha keessa jiraatu harki jireessi gochoota yakkaa raawwatamaniin miidhaa isaan irra gaheen baasii mana yaalaa kaffalachuu kan dandeenye ta'uu isaatti miidhamaan hanga miidhaa isa irra dhaqqabeef beenya gaafatee fudhatutti miidhamni isaa yeroo hin dhidhiibamiin turu balaa caaluuf yeroo saaxilamu ni mul'ata.Kana ta'uu isaatti,qaamni mootummaa miidhaa miidhamaa irra ga'eef yaalii barbaachisaa taasisee dhumarra beenyaa miidhamaaf kaffalamuu irraa baasii baase deebifatu ni jira moo hin jiru? yoo hin jiraanne miidhaan inni miidhamtoota yakkaa irratti qabu maali? kan jedhu waan qorannoo kana keessatti deebii argate dha.

Gabaabumatti,qorannoo kana keessatti kunuunsi sirna haqa yakkaa naannoo Oromiyaa miidhamaa yakkaaf godhu maal fakkaata kan jedhu kan ilaalamu dha. Sirnicha keessatti haguuggiin seeraa mirga miidhamaa eeguu danda'u fi hojmaatan deeggarame ni jira moo hin jiru? yoo jiraate ykn hin jiraanne maaltu ta'uu qaba? kan jedhu dhimma gad fageenyaan qoratamu dha.

1.3 Kaayyoo qo'annichaa.

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa sirni haqa yakkaa naannoo Oromiyaa mirgoolee fi faaayidaalee miidhamtoota yakkaatiif eegaa jiru maal akka ta'an adda baasuun raawwii isaanii hubachuu dha.Akkasumas qorannoon kun kaayyoowwan gooree armaan gadii qabatee kan gaggeeffamu dha;

- Miidhamaan yakkaa miidhaa yakkaan irra dhaqabeef beenyaa madaalawaa argachuun miidhaa isaa irraa akka dhidhiibamu mala dandeessisu barbaaduuf ni gargaara
- Midhamtootni yakkaa dhimma ofii irratti dagatamuu akka hin qabnee fi waa'ee dhimma fedhii isaanii xuqu irratti odeeffannoo yeroo barbaachisaatti akka argatan gochuuf ni gargaara.
- Akkaataa miidhamtooni yakkaa beenyaa gaafatan irratti hubannoo ga'aa kan hin qabne ta'uutti hubannoon akka kennamuuf ni gargaara.
- Akka kaayyoo seera deemsa falmii yakkaatti miidhamtootni yakkaa dhimma beenyaa ofiirratti si'aayinaan akka keessummeeffaman gochuuf ni gargaara.

- Himatamaan adabbii gocha yakkaa raawwataameef kennamuun qofa barachuu dhiisuu waan danda'uuf,miidhaa geessiseef beenyaa madaalawaa kaffaluun akka badii ofii irraa baratu taasisuuf ni gargaara.

1.4 Gaaffiiwwan qo'annichaa.

Qorannoon kun gaaffiiwwan armaan gadiif deebii kennuuf yaaleera.

Isaanis;

1. Miidhamtootni yakkaa sirna haqaa yakkaa naannoo Oromiyaa keessatti beenyaa miidhaa isaanirra ga'e dhidhiibuun bakkatti isaan deebisuu danda'u argachaa jira moo argachaa hin jiranii? Yoo argachaa hin jiran ta'e rakkoon isaa maali? bifa akkamiin sirrachuu qaba?
2. Sirni haqa yakkaa naannoo Oromiyaa mirgaa fi dantaa miidhamaa yakkaa fi himatamaa bifa madaalchisuun hojiirra oolaa jira moo? Gara tokkotti kan jallate dha?
3. Miidhamtootni yakkaa sirna haqa yakkaa naannichaa keessatti hirmaannaan qaban maal fakkaata? hirmaachuun isaanii faayidaa fi miidhaan maali qaba?

1.5 Mala qorannoo.

Qo'annichi mala qo'annoo akkamtaa fi ammamtaa fayyadamuu ykn wal keessa makuun kan gaggeeffamudha.Ragaawwaan barbaachisoon ta'an bifa maarii garee,bar-gaaffii,af-gaaffii, daawwannaa dirree qoratichaan gaggeeffame fi ragawwan baarreeffaamaa kanneen akka seeroota mootummaa Feederaalaatiin ba'an,Seerota mootummaa Naannoo Oromiyaan ba'an, Waliigaltewwanii fi ibsoota sadarkaa Addunyaatti bahani fi kan biyyoota ambaa, Murtii manni murtii waliigala Feederaalaa Itiyoophiyaa kan dhaddacha Ijibbaataan kenne, qeeqawwan seerota irratti barreeffaman fi kitaabota rogummaa qaban adda addaa xiinxaluun kan gaggeeffame dha.

Gabatee1: Godinaalee fi aanaalee ragaan irraa sassaabame ibsu

Lakk.	Godinaalee Filataman	Aanaa Godinicha Keessaa Filatame
1	Wallagga Bahaa	Aanaa Sibuu Siree fi Guutoo Giddaa
2	Shawaa Dhihaa	Aanaa Amboo fi Baakkoo Tibbee
3	Addaa Naannawaa Finfinnee	Aanaaa Walmaraa fi Aqaaqii
4	Baalee	Aanaa Sinaanaa fi Gindhiir

Gabatee2: Akkaataa fi baay'inni gosa odeeffannoo sassaabuuf karoorfamee fi raawwatame ibsu.

Tooftaa daataan itti sassaabamu	Bakkeewwan daataan irraa sassaabamu	Baayyina A/Seeraa		Baayyina A/Alangaa		Baayyina Ofiisara Seera		Baayyina Polisii		Baayyina Miidhamtoota		Bayyina Yakkamoota/ Shakkamtoota		Ida'ama	
		K	R	K	R	K	R	K	R	K	R	K	R	K	R
Bar-gaaffii	Godinaalee 4	12	12	12	12	8	8							32	32
	Aanaalee 8	16	16	16	16	16	16	16	16					64	64
Af-gaaffii	Naannoo	2	2	2	2									4	4
	Aanaalee-8									24	24	16	16	40	40
	Godianaalee-4	4	2	4	4									8	6
Galmeewwan sakatta'aman	Godinaalee-4, K- irraa tokko tokk=4, R=4													4	4
	Aanaalee-8 , k- irraa tokko tokko =8, R=Aanaalee 7 irraa galmee 10													8	9

Ibsa

'K' jechuun: kan raawwatamuuf yaadame

'R' Jechuun: kan raawwatame

1.6 Daangaa qo'annoo.

Daangaa qorannoo ilaalchisee qorannichi miidhaamaan yakkaa tokko sirna haqa yakkaa keessatti mirgoota akkamii akka qabuu fi kunuunsa akkamii argachuu akka qabu irratti kan xiyyeeffatu dha. Qorannoo kana keessatti miidhamtoota yakkaa gochoota yakkaa hundaan miidhaan irra gahe kaasne ilaaluun yeroo fi humna jiru waliin kan hin deemne ta'uu isaatiin miidhamtoota yakkoota miidhaa qaamaa salphaa fi cimaa,miidhamtoota yakka yaalii ajeechaa,dubartoota gudeedamanii fi daa'imman gochi yakkaa irratti raawwatame fudhachuun xiinxalameera.

1.7 Bu'aa eegamu.

Qo'annoo kanarraa bu'aawwan gurguddaan eegamaan ni jiru.Isaanis; Tokkoffaan, miidhamtootni yakkaa haqa barbaadan argachuun qaamanis ta'ee sammuun fayyanii bakkatti deebi'uuf adeemsa seeraa dandeessisu barbaaduuf ni fayyada.Lammaaffaan,tajaajilli haqaa qaamoleen naannichaatiin kennamu mirga shakkamtootaa otoo hin miidhiin miidhamtootaaf kunuunsa gochuun dantaa fi fedhii shakkamaaf qofaa otoo hin taanee, miidhamaafis eeguuf ni gargaara,Sadaffaan dhimma miidhamtoota yakkaa irratti barreeffamaanis ta'e seerri gahaa ta'e biyya ykn naannoo keenya keessa waan hin jiraaneef burqaa odeeffannoo ta'uu ni danda'a.

1.8 Fayyadamtoota qorannichaa.

Qorannoon kun waajjiraalee dhaabbilee fi gartuu hawwaasa adda addaatiif ni fayyada.Fakkeenyaaf;Waajjira haqaa,Manneen Murtii,Caffee Oromiyaa,Dhaabbilee barnoota biyya keessaa,Dhaabbilee Qo'annoo fi qorannoo,Komishinii mirga Dhala Namaa,Dhaabbata Abbaa Gaar fi miidhamtoota yakkaa faayidaa guddaa kenna.

Boqonnaa -2

Kunuunsa Miidhamaa Yakkaaf Sadarkaa Addunyaatti Taasifamu.

'' My life has been permanently changed.I will never forget being raped,kidnapped,and robbed at gunpoint.However,my sense of disillusionment with the judicial system is many times more painful.I could not,in good faith,urge anyone to participate in this hellish process.[34]

Seensa

Seena guddina haqa biyyoota addunyaa keessatti dhimma yakkaa irratti himannoo dhiyeessuun miidhamtoota irraa gara waajjira mootummaa A/Alangaa (prosecutors office) akka darbu kan taasifame dhiyeenyatti dha.Dirqamni himannoo dhiyeessuu kun kan miidhamaarra gara mootummaatti darbe biyyoota adda addaa keessatti baroota adda addaatti dha.Fknf,Biyya Amerikaa keessatti dirqamichi kan gara mootummaatti darbe bara 1870 yommuu ta'u,biyya Itoophiyaa keessatti bara 1942tti dha.Dirqamichi biyyoota gara garaa keessatti baroota garagaraatti mootummaatti ce'uudhaan falmiin yakkaa A/Alangaa fi shakkamaa gidduutti taasifamuun itti fufeera.Kunis shakkamaan A/Alangaa humnaan wal hin gitu amantaa jedhuun mirga shakkamaaf eegumsii fi xiyyeeffannoon akka kennamu taasiseera.Adeemsi kun miidhatootni yakkaa sirnicha keessatti akka dagataman taasiseera.[35]

Kanuma irraa ka'uun sochiin mirga miidhamtootaa eegsisuuf biyyoota garagaraa keessatti taasifameera.Akkasumas qorannoon, barreeffamtootni, dhaabileen miidhamtoota yakkaaf gargaarsa godhan hundeeffamaniiru.Sochiiwwan kunneen wal-qabatanii bara 1985 sadarkaa Dhabbata Mootummoota Gamtoomaniitti Ibsi Haqa miidhamtoota yakkaa fi aangoo seeraan ala fayyadamu akka tumamu ta'eera.Ibsi kunis,biyyoota miseensa dhaabbatichaa ta'an irratti humna dirqisiisummaa kan hin qabne ta'us, kallattii eegumsa mirga miidhamtootaa yakkaa akeekee jira.

---

[34] *This statement is made by victim testifying at a subcommittee hearing on the victim and witness protection Act of 1982U.S Code Cong and ADMIN.News at 2543.*

[35] Marii garee Abbootii seeraa Godina Baalee faana gaafa guyyaa 04/01/2005 Waajjira Prezedantii mana murtichaatti taasifame.

2.1 Ka'umsa haqa miidhamtoota yakkaa.

Bara 1960 keessa sadarkaa Addanyaatti xiyyeeffannoon mirga miidhamaa yakkaaf kenname daran guddaa dha.Kanumarraa ka'uun yeroo jalqabaaf bara 1963 biyyi New Zeeland beenyaa miidhamtoota yakkaaf mootummaan kaffaluu akka qabu itti amantee miidhamtoota yakkaaf beenya kaffaluu eegalteetti.Itti fufuudhaanis bara 1964 biyyi Ingiliiziin sagantaa miidhamtoota yakkaaf beenya mootummaan kaffaluu baafttetti.Irraa jalaan mootummooleen naannolee Ameerikaa fi Australia,Kaanadaa fi biyyoota Dhihaa hedduun sagantaa beenyaa miidhamtoota yakkaa diriirsaniiru.[36]

Bara 1970 keessa sochiin hawwaasummaa taasifamaa tures, dhimmi miidhamaa xiyyeeffannoo addaa akka argatu taasiseera.Sochiin dhimma dubartoota (Feminist movement) dubartootni dirqisiisanii gudeedaman akka bakka tokkotti kunuunfamaniif falmaa turaniiru.

2.2 Kunuunsa miidhamtoota yakkaaf Dh.M.Wal-ta'aniin sadarkaa addunyaatti godhaman.

Dhaabbatni Mootummoota Wa-ta'anii bara 1985 keessa Ibsa kunuunsa fi eegumsa miidhamtoota yakkaaf godhu baasee jira.Kana malees,dhaabbatichi tumaa kana irratti barruu harkaa (hand book) bara 1999 qopheessee jira.Ibsi kun,mirga miidhamtoota yakkaa fi aangoo seeraan ala fayyadamuu kan of keesatti hammate yommuu ta'u,kutaa kana keessatti mirgootaa fi kunuunsa miidhamaa yakkaaf Ibsichi godhuu fi dirqama mootummootni ykn qaamoleen haqaa qaban ni ilaalla.

Kana malees,Dhabbatichi kunuunsa miidhamtoota yakkaa daa'immaniif karaa Koree Diinagdee fi Hawwaasummaa Riisolushinii baase jira.Koreen kun qajeelcha haqa dhimma daa'imman miidhamtoota yakkaa fi raga baatota***(Guide Lines On Justice In Matters Involving Child Victims And Witnesses jedhamu)*** baasudhaan daa'imman miidhamtootni yakkaa akkamiin akka kunuunsamuu qaban dirqisiisa ta'uu baatus, seera baasu dhaan akeekera.Akka qajeeltoo kanaatti, dantaan ol'aanaa daa'immanii dursa argachuu kan qabu dha.Daa'immaan mirga kunuunsa wal qixxee fi loogi maleessa argachuu, mirga walabummaan dhagahamu, mirga miidhaa fi dhiibba

[36] Crime Victims;Doing Justice to support and protection.Irvin Waller,Professor of criminology,University of Ottowa,Canada.European Institute for crime prevention and control,affiliated with the United Nations P.O.box 157 FIN-00121 Helsinki Finland .Pub.Se No.39 p.8

irraa eegumsa seeraa argachuu fi mirga ulfinaa fi naatoodhaan keessummeeffamu akka qaban kaa'eera.[37]Akkasumas mootummootni wabummaa fi eegumsa seerri daa'immaniif kenne eeguu, ol-aantummaa seeraa mirkaneessu keessatti dhimma daa'immanii idileessu akka qaban ni kaa'a.[38]

2.3 Kunuunsa bulchiinsa haqaatiin miidhamtoota yakkaaf akka Idil Addunyaatti godhamu qaban.

Miidhamtootni yakkaa mirga haqaa argchuu;miidhaa isanirra gaheef beenyaa gahaa argachuun bayyanachuu qabu.Mirgi kunis karaa idilee fi miti-idilee halaa baasii qusachuu danda'uun, bifa haqa qabeessa (fair) ta'een fi karaa salphaatti argatamuu danda'uun haqa argachuu of keessatti hammata.[39]

2.3.1 Kunuunsa Poolisiidhaan miidhamaaf goodhamu.

Yakki miidhamtoota irratti yommuu raawwatamu,miidhamaan qaamolee haqaa keessa quunnamtii jalqabaa kan taasisu w/poolisii wajjiinidha.Simannaa poolisiin miidhamaaf godhu keessayyuu miidhamaan gara qaama haqaa kan dhaqe yeroo jalqabaaf taanaan dhiibbaa uumuu ni danda'a.

Ibsi Dh.M.Gn dhimma kana ilaalchisee qajeelfamoota poolisoonti hordofuu qaban teechiseera.Poolisiin dhimma miidhamtootaa dhimmamuun fedhii isaanii hubatee gargaarsa barbaachisaa irraa eegamu akka godhuuf leenjii fudhachuu akka qaban ni agarsiisa.[40]Kutaa gara biraa keessattis, himni waliigalaa miidhamoootni kabajaa fi naatodhaan kunuunsa miidhamaaf gochuu akka qabu ni kaa'a.[41]Deebii laattummaan qaamolee murtii haqaa kennanii (adeemsa Murtii) fi qaamoleen bulchiinsaa fedhii ykn dantaa miidhamtootaa haala mijeessuu qaba jedha.Dantaa fi fedhii miidhamtootaaf haala mijeessuu keessatti poolisiin akka qamaa bulchiinsaa

---

[37] GUIDANCE NOTE OF THE SECRETARY GENERAL UN Approach to Justice for Children UNITED NATIONS NATIONS UNIES SEPTEMBER 2008 pp.1-7available at http://www.unicef.org/protection/RoL_Guidance_Note_UN Approach_Justice_for_Children_FINAL.pdf

[38] Akkuma 37[ffaa]

[39] Ibsa bu'uuraa qajeeltoowwan haqaa miidhamtoota yakkaa fi aangoo seeraan ala fayyadamuu.Kwt.5

[40] Akkuma 39[ffaa] kwt (Paragraph).16

[41] Akkuma 40[ffaa] kwt (Paragraph).4

fi haqaatti ga'ee kan qabu waan ta'eef miidhamtoota yakkaaf adeemsa qorannoo irra jiruu fi odeeffannoo barbaachiisaa kan biraa kennuudhaan gargaarsa gochuutu irraa eegama.[42]

2.3.2 Kunuunsa A/Alangaa miidhamtootaaf goochuu qaban.

A/Alangaa miidhamaa yakkaaf kunuunsa akkamii gochuu akka qabu Ibsi Dhaabbatichaa addatti waan kaa'e hin qabu.Garuu tumaaleen miidhamaan yakkaa ulfina namummaa fi naatoodhan qaamoleen haqaa offitti simachuu qabu jedhu, Abbootiin Alangaa irrattis ni hojjeta.Abbootiin Alangaa miidhamaa gaafachuun dhugaa jiru akka baasu taasisuuu ni danda'u.[43]Keessayyuu, miidhamaan yeroo jalqabaaf mana murtiitti kan dhihaate yoo ta'e, miidhamaan sodaachuu waan danda'uuf Abbootiin Alangaa miidhamaaf kunuunsa addaa gochuufiitu irraa eegama.

Miidhamtootni yakkaa bakkaa fi yeroo itti dhimmi isaanii ilaalamu beekuufi sadarkaa dhimmi isaanii irra jiru beekuuf mirga qabu.[44]Mirgoota kanas hojiitti hiikuun ga'ee Abbootii Alangaati dha.

2.3.3 Dirqama M/murtii kunuunsa miidhamaa yakkaaf gochuu irratti qabu.

Manneen murtii diqamni mirga miidhamaa yakkaa ilaalchisee isaaniif kenname ifatti ba'ee kan hin jirree ta'us, qaamoleen haqaa fi bulchiinsaa tarkaanfiwwan miidhaa miidhamtoota yakkaa irra gahe hir'isan fudhachuu akka qaban ni kaa'a.[45]Tarkaanfiiwwan miidhaa miidhamaa hir'isan keessaa tokko dhimma miidhamtootni karaa iciitii isaanii eegeen dhaddacha cufaatti ilaaluu yommuu ta'u, kan biraan miidhamaan miidhaa irra ga'eef beenya akka argatu gochuu dha.[46]Kana malees,manneen murtii akkuma qaamolee haqaa biroo miidhamtoota yakkaa haala ulfina namummaa isaanii eegee fi naatoodhan simachuu qabu.

---

[42]Akkuma 41^{ffaa} kwt (Paragraph)6

[43]Akkuma 42^{ffaa} kwt (Paragraph) 4

[44]Akkuma 43^{ffaa} kwt (Paragraph)6(c)

[45] Akkuma 44^{ffaa} kwt (Paragraph) 6(d)

[46] Akkuma 45^{ffaa}

2.4 Beenyaa miidhamtoota yakkaaf kaffalamuu qabu.

Miidhamtootni yakkaa miidhaa isaanirra ga'eef mirga beenya argachuu qabu.Miidhamtootni qabeenya sababii yakkaatiin dhaban,kan maatii isaanii,galii argachuu utuu qabanii dhaban, baasiiwwan sababiii raawwatamuu gochaa yakkaatiin baasan argachuun mirga bakka duraan turanitti deebi'uu (restitution) ni qabu.[47]

Miidhaa qaama fi haamilee sababii yakkaatiin miidhamaarra ga'eef beenyaan shakkamaan, yakkamaan ykn mootummaan kaffalamufi ni danda'a.Beenyaan miidhamtootaaf gama yakkamaatiinis ta'ee gama mootummaatiin akka kaffalamu gochuun mootummaan ykn biyyi waa'ee miidhamaa kan dhimmamuu qabu ta'uu kan ibsu dha.

Miidhamaan yakkaa miidhaa irra ga'eef yeroo guutummaa guututti yakkamaa ykn madda biraa irraa hin argannetti, mootummaan beenyaa maallaqaa miidhamtoota yakka miidhaa qaamaa cimaa fi ajeecha lubbuun miidhamaniif kaffaluu akka qabu Ibsichi ni teessia.[48]Gama biraatiin, mootummooleen fandiiwwan miidhamtoota yakkaa gargaaran hundeessuu, jajjabeesuu fi babbalisuun beenyaa miidhamtoota yakkaaf taasifamu jajjabeessuu akka qaban ibsichi ni kaa'a.

Miidhamtootni yakkaa baasiwwan maallaqaa isaan barbaachisuun alatti miidhaa isaan irra ga'erraa hatattamaan fayyuudhaaf gargaarsa yaalaa fayyaa isaan barbaachisa.[49]Miidhamtootni gargaarsa fayyaaf, deeggarsa qarshii fi gorsa xiinsammuu mootummaarraa fi dhaabbilee fedhii qabanirraa argachuu akka danda'an hojiin biyyoota miseensa dhaabbatichaan hojjetamuu qaba.[50]

Miidhamtoota yakkaaf gargaarsaa fi kunuunsa taasifamu keessatti miidhamtoota amala yakka irratti dalagameetiin kunuunsa addaa barbaadaniif kunuunsi addaa taasifamuu qaba.[51]Sana jechuun fakkeenyaaf; miidhamtootni yakkoota saal-qunnamtii yakkichaan wal qabatee HIVf saaxilamuu waan danda'aniif ogeeyyiidhaan hordoffii yaalaa fi deeggarsa xiinsammuu argachuu qabu.

---

[47] Akkuma 46[ffaa] kwt (Paragraph) 8 & 9

[48] Akkuma 47[ffaa] kwt (Paragraph) 12

[49] Akkuma 48[ffaa] kwt (Paragraph) 14

[50] Akkuma 49[ffaa]

[51] Akkuma 50[ffaa] kwt (Paragraph) 17

2.5 Istaandardiiwwan idil addunyaawaa miidhamtootni yakkaa ittiin kunuunfamuu qaban.

Dhaabbatni Mootummoota Gamtoomanii kunuunsa miidhamaa yakkaaf godhamu ilaalchisee bara 1985 keessa Ibsi Bu'uuraa Haqaa Miidhaamtootaaa Yakkaa fi Aangoo Seeraan Alaa tumee akka jiru armaan olitti ilaallerra.Ibsi kun seenaa addunyaa keessatti tumaa dhimma miidhamtoota yakkaaf xiyyeeffannoo kennuudhaan eegumsa fi kunuunsa miidhamtoota yakkaatiif godhe dha.

Ibsichi seenaa biyyoota addunyaa keessatti mirga miidhamtootaa irratti jijjiiramaa kan fide dha.Tumaan kun miidhaa yakki miidhaamtoota fi maatii isaanii irratti fidu salphisuu fi sirna haqa yakkaa jijjiiruuf fooyya'iinsa hedduu kaa'uuf yaalii taasiseera.Ibsi kun miidhamtootni yakkaa fi maatii,ragootni,namootni isaan gargaaran kisaaraa hin barbaachifneef saaxilamuun,miidhaan irra ga'uu fi yeroo adabbiin akka irratti darbuuf gargaarsa godhan bu'aa ba'iin isaan eeggatu ni jira.Miidhamtootni yakkaa odeeffannoo argachuu,dantaan isaanii yeroo xuqamu dhihaatanii dhagahamuu,mirga adeemsa yakkarrattis ta'ee siiviliirratti karaa daansaa ta'een kunuunfamuu, mirga doorsisaa fi miidhaa yakkamaan irraan ga'uu daanda'urraa eegumsaa argachuu ni qabu.[52]

Ibsi kun yakki gochaa uummatarratti qofa dalagamu utuu hin taanee, miidhamarraan kisaaraa kan ga'u, miidhamaa fi maatii miidhamaarraan miidhaa kan ga'uu danda'u ta'uu isaatti dhiibbaa yakkii fi sirni haqa yakkaa miidhamaarraan ga'uu danda'u hir'isuuf fooyya'iinsa sababaawaa godhee jira.Miidhamtootni dhimmi isaanii maalirra akka jiru sirriitti beekuu,miidhaa irra ga'erraa dandamachuu keessatti gargaarsa argachuu, beenyaa yakkamaa ykn mootummaarra argachuu, yeroo dantaan dhuunfaa isaanii tuqamutti dhiyaatanii dhagahamuu, haala haqa qabeessa fi mirga shakkamaa hin tuqneen dhimma yakkaa ykn siivilii irratti keessumeeffamu, miidhaa fi doorsisa yakkamaan irraan ga'uu danda'u irraa eegumsa seera argachuu akka danda'anis itti waliigalameera.

Dhaabbatni Mootummoota Wal ta'anii ibsa kana baasuu qofaa utuu hin taane tumaaleen ibsichaa hojiirra oolmaa akka argataniif hojiiwwan hojjete ni qaba.Dhaabbatichi qaamolee mootummaa imaammata qopheessaniif bara 1999 qajeelcha Imaammataa (policy guidelines) kennee jira).Qajeelcha kanarrattis qaamolee haqaa, poolisii fi dhaabbilee fayyaatiif leenjii kennee

[52]http://www.unicef.org/ceecis/0610Unicef_Victims_Guidelines_en.pdf,http://www.unhcr.org/refworld/docid/49997af727.html, http://www.uncjin.org/Standards/9857854.pdf

jira.Baruma kana keessa hand bookiin ibsicharratti barreeffamee,websaayitiin Kiriiminoloojiis hojii irra oolee jira.[53]

2.6 Muuxannoowwan biyyoota addunyaa tokko tokko.

Yaadni beenyaa miidhamtoota yakkaaf kaffaluu bara bulchiinsa Hamurabi 1775 kan eegale yommu ta'u, dhimmicha akkuma eegaleen hojiirra oolmaan isaa garuu kan itti fufe miti.[54]

Biyyootni addunyaa kunuunsa isaan miidhamaa yakkaaf godhan sirna seeraa isaan hordofan irratti kan hundaa'u dha.Addunyaa keenyarra sirnootni seeraa Koman Loow fi Siivil Loow kan jiran yommuu ta'u biyyootni sirna seeraa Komon Loow fi Siivil Loow hordofan ejjennoo isaan mirgaa fi hirmaannaa miidhamaan sirna haqaa keessatti qabu irrratti qaban adda adda dha.

2.6.1 Muuxannoo biyyoota sirna seera Koman Loowu hordofan.

Biyyootni sirna seeraa koman loowu hordofaanii fi biyyoota sirna seeraa siivil loowu hordofan wal bira qabuun yeroo ilaalaman kunuunsa isaan miidhamaa yakkaaf godhan gadi aanaa dha.Hirmaannaa miidhamtootni sirna seeraa siivil Loowu sirna haqa yakkaa keessatti godhan kan Koman Loowu irra wayyaa'aa dha.

Biyyootni sirna seeraa koman loowu hordofan sirna falmii adverseeriyaal kan hordofani dha.Sirna haqa yakkaa biyyoota kanaa keessatti ga'ee cimaa kan taphatan mootummaa fi shakkamtoota yommuu ta'an, miidhamaan maddiitti kan dhiifame tue.Biyyootni kun kunuunsa miidhamaan sirna haqaa yakkaa keessatti qabu sirreessuuf heeraa fi seera ofii fooyyeffataniiru.Akkasumas, adeemsa itti miidhamaan beenya karaa salphaan argachuu danda'u Ibsa miidha miidhamtoota (Victim Impact Assessment) kan jedhu diriirsanii hojiirra oolchanii jiru.Muuxannoo biyyoota Koman Law ilaalchisee biyyoota sirna seeraa kana hordofuun beekaman biyya Ameerikaa fi Ingiliiz fudhannee ilaaluun ni danda'ama.

---

[53] Akkuma Lakk.52[ffaa].

[54] *Victim Compensation**The Role of Victim Compensation in Rebuilding Victims Lives** p.p 1-2 Marlene A.Young,Ph.D.,j.d. president International organization for Victim Assistance,Available at http*://www.iovahelp.org/About/MarleneAYoung/RoleOfVictComp.pdf

A.Muuxannoo biyya Ameerikaa.

Biyya Ameerikaa keessatti hanga bara 1950 tti miidhamtootni yakkaa adeemsa kenniinsa murtii yakkaa irratti dhageettii isaan qaban gadi aanaa dha.Garuu,sochiin bara 1960 keessa eegale mirgi miidhamtoota sadarkaa biyyaattis ta'ee sadarkaa naannootti beekamtii argateera.Biyyattiin kunuunsa miidhamaa yakkaaf taasisuuf seerota mirga miidhamaa eegsisan tumuun hanga heera mootummaa fooyyessuutti adeemte jirti.Naannolee shantama biyyattiin qabdu keessa naannoleen soddomii sadii (33) heera mootummaa naannoo jijjiirratanii heera mootummaa giddu galeessa jijjiiruuf wixineen dhiyaate jira.Midhamtootni yakkaa mirgoota dhagaha yakkaa irratti yeroo adabbiin kennamu dhagahamuu fi sagantaa beenyaa miidhamaaf kaffalamu hundeessuu hammateera.[55] Naannolee Ameerikaa keessa yoo xiqqateef naannoleen 45 fundii miidhamtoota yakkaa gargaaruuf qophaa'e ni qabu.[56]Miidhantootni kun adeemsa falmii yakkaa irratti hirmaanna gochuu akka qaban kan taa'e akkuma jirutti ta'ee,beenyaa nama miidha dhaqqabsiise irraa ykn mootummaa irraa gaafachuu akka danda'an mirga kenneerafi.

B.Muuxannoo biyyaa Ingiliiz.

Biyya Ingiliiz keessatti kunuunsi miidhamaa yakkaaf taasifamaa ture akkuma kan Ameerikaa gadi aanaa dha.Waraana Addunyaa 2[ffaa] irraa eegalee garuu kunuunsi miidhamtoota yakkaaf taasifamu xiyyeeffannoo argateera.Biyyattiin miidhamtootni yakkaa sirna adeemsa falmii yakkaa irratti miidhamaan dantaan isaa yeroo barbaadutti dhagahamu akka qabu,beenyaa nama miidhaa dhaqqabsiise ykn mootummaa irraa argachuu akka danda'u taasistetti.Ingiliiziin biyya New Zealandttii aante bara 1964 yeroo jalqabatiif mootummaan miidhamtoota yakkaaf beenya akka kaffalu sagantaa diriirsiteetti.[57]Kana malees,dhabbata qorannoo seeraa dhimma miidhamtoota irratti hojjetu kan Instiitiyuutii Kriminoolojii hundeessuun biyyootni kaanis mirga miidhamaa irratti xiyyeeffannoo akka kennan gootetti.

[55] The American Non governmental organizations coalition for the International Criminal court available at www.amicc.org/docs/victimsus.pdf

[56]Prison Fellowship International Center For Justice and Reconciliation,Restorative Justice on line available at [56] http://www.restorativejustice.org/university-classroom/01introduction/tutorial-introduction-to-restorative-justice/outcomes/compensation

[57] Akkuma 56[ffaa]

2.6.2 Muuxannoo biyyoota sirna seeraa Siivil Law hordofan.

Biyyootni sirna seeraa siivil Loowu hordofan jalqabumarraa eegalee hirmaanna fi bakka isaan miidhamtoota yakkaaf godhan kan warra Koman loowu faana yeroo wal bira qabamee ilaalamu ol'aanaa dha.Biyyootni kun sirna falmii Inikusiteeriyaal 'Inqustorial' jedhamu kan gaggeessan yommuu ta'u,Manneen murtii dhugaa baasun murtii adeemsa keennisa murtii haqaa(due process of law) irratti xiyyeeffachuun nageenya uummataa haqaan kabajsiisuun beekamu.Akka amantaa biyyoota kanaatti sirna haqa yakkaa keessatti mootummaa fi shakkamaa qofaa otoo hin taane miidhamaanis ga'ee taphachuutu irraa eegama.Haqxi kenname kan jedhamus adabbiin yakkaa kennamuun qofaa utuu hin taane, miidhaan miidhamaa yakkarra ga'e dhidhiibamuun akka ta'e ni amanu.

A.Muuxannoo biyya Faaransaay.

Biyyi Faaransay biyyoota sirna seeraa siivil loowu hordofan keessaa ishee tokko dha.Faaransaay keessatti kunuunsi miidhamaa yakkaaf waajjira poolisii irraa eegalee taasifamu guddaa dha.Miidhamtoota yakkaa dhimma ofiirratti ogeessa seeraan bakka buufamu ykn gargaaramuu hanga danda'anitti aanga'aniiru.Miidhamtootni yakkaa adeemsa kenniinsa murtii yakkaa irratti hirmaanna gochuufis mirga guutu ni qabu.[58]

Beenya ilaachisee,miidhamtootni yakkaa miidha irra dhaqqaberra beenyaa shakkamaa, mootummaa,dhaabbilee ykn fandiiwwan miidhamtoota gargaaruuf dhaabbatan irraa akka argachuu danda'uuf haguuggiin seera diriirera.Dabalataan,miidhamtootni yakkaa gaaffii himannoo beenya dhiheessuu irratti waldaawwan miidhamtoota gargaaruuf dhaabbataniin bakka buufamuu ni danda'u.

B.Muuxannoo biyya Jermanii

Biyyi Jarmanii biyyoota sirna seeraa Siivil Loowu hordofan keessa ishee tokko dha.Biyyicha keessatti miidhamaan yakkaa eegumsa fi kunuunsa falmii yakkaa irrattis ta'ee adeemsa falmii siivilii irratti ni qaba.Kunuunsa miidhamaa yakkaaf biyyittiin taasistu seera deemsa falmii yakkaa fi labsii mirga miidhamaa yakkaa eegsisuuf ba'eeni dha.Keessayyuu,miidhamtootni yakkaa

[58]Olitti yaadannoo Lak 26,akkasumas www.endvawnow.org/en/articles/632-r.

daa'immanii fi namootni dadhaboo miidhan yakkaa irra dhaqqabe ragaa ta'anii yeroo dhihaatanitti eegumsi addaa isaaniif godhama.[59]Miidhamtootni yakkaa miidha yakkaan irra ga'erra beenyaa nama miidhaa dhaqqabsiise ykn mootummaa irraa argachuuf mirga qaba.Haa ta'uuti,miidhamaan beenya kan mootummaa irraa argatu miidha qaama,sammuu fi haamilee isaarra ga'eef malee miidha qabeenya miidhamaa irra ga'eef miti.[60]

[59] HDIM.DEL/186/06 ,5 October 2006 -Victim protection in Germany available at ,http://www.osce.org/odihr/21210

[60] www.mpicc.de/../victim_rights.htm,www.justice.gc.ca/../p422.html.

Boqonnaa-3

Kunuunsa Sirni Haqaa Yakkaa Itiyoophiyaa Miidhamtoota Yakkaaf Godhu

Seensa

Sirna haqaa yakkaa keessatti haala seerri miidhamtoota yakkaaf kunuunsa itti godhu biyyaa biyyatti adda addummaa qabaatus biyyoota hundaa keessa ni jira.Haa ta'uuti,Sirna haqaa ammayyaa keessatti dirqamni himannoo yakkaa dhiheessuu miidhamaarraa gara mootummaatti darbuu isaatti miidhamtootni sirnicha keessatti akka maddiitti dhiifaman taasiseera.Sadarkaa addunyaatti miidhamtoota yakkaaf kunuunsa seeraan gochuun kan eegalame bara 1960-moota booda yoo ta'u, kaayyoon kunuunsa kanaas waliigalaan, gara gahiinsa fi amantaa miidhamtootni yakkaa sirna haqaa irratti qaban dabaluuf dha.[61]Sochiin mirga miidhamaa yakkaaf taasifamaa ture bara1960-moota booda xiyyeeffannoo argatee biyyoota hedduu keessatti seerotni haaraan akka bahan fi kan duraan jiranis akka fooyya'anii tumamaniif sababa ta'eera.[62]Kanneen keessaa Ibsa Bu'uuraa Qajeeltoowwan Haqaa Miidhamtoota Yakkaa fi Aangoo Seeraan ala Fayyadamuu isa tokko dha.Ibsi kun miidhamtootni yakkaa sirna haqaa keessatti hirmaannaa fi mirgoota isaan qabaachuu qaban kan haammate dha.

Biyya keenya keessatti,seerri mirgoota fi dantaa miidhamtoota yakkaa kabajsiisuuf gargaaru addatti ba'ee jiraachuu baatus,hanga tokko keewwattootni seeraa mirga miidhamtoota yakkaaf eegumsa taasisan ni jiru.Tumaawwan kun bifa bittinnaa'een seera yakkaa,Seera deemsa falmii yakkaa fi seera hariiroo hawwaasummaa,Labsii Waajjira A/Alangaa hundeessuuf ba'e keessatti ni muldhatu.[63]Boqonnaa kana jalatti tumaawwan seerota adda addaa keessatti mirgaa fi dantaawwan miidhamtoota yakkaa eegsisuuf gargaaran kan keessatti xiinxalaman ta'a.

---

[61] http://www.encyclopedia.com/topic/Victims_rights.aspx, http://www.lclark.edu/live/files/6453-the-grassroots-beginnings-of-the-victims-rights

[62] Hiikkoo Dikilaareshinii Bu'uuraa Qajeeltoowwan Haqaa Midhamtoota Yakkaa fi Aangoo Seeraan ala Fayyadamuu A/RES/40/34,29 Sadaasa bara 1985,yaa'ii plenary 96^{ffaa} dhaan ragga'een kenname.

[63]Seera Hariiroo Hawwaasummaa,Kwt 2137-2152, kwt 101,102,202,231,755,82,28, Seera Yakkaa Mootummaa Feederaalawaa Dimokiraatawaa Ripubiliika Itiyoophiyaa bara 1996 ba'e,Kwt 154,155,156 Seera Deemsa Falmii yakkaa bara 1961 ba'e,Labsii Waajjira A/Alangaa Murteessuuf ba'e irraa kunuunsa seerri miidhamaa yakkaaf godhe hanga tokko hubachuun ni danda'ama.

3.1 Hiikkaa miidhamtoota yakkaa;

Jechi miidhamaa yakkaa jedhu seera Itiyoophiyaa keessatti ifaan hiikkoon hin kennamneefi.Haa ta'uuti, keewwattota seera keenya keessaa kanneen waa'ee miidhamaa yakkaa ibsan walitti fiduun waan tokko hubachuun ni danda'ama.Keewwattota kana keessa muraasa yoo ilaallu hiikkoo armaan gadii hubachuu ni dandeenya:

> " Where the crime has caused considerable damage to the injured or to those having rights from him,the injured person or the persons having rights from him shall be entitled to claim the criminal be ordered to make good the damage or to make restitution by way of compensation.[64],,
>
> "Whosoever causes damage to another by an offense shall make it good."[65]
>
> "The victim of the enjury shall establish the amount there of and prove the circumstances w/c render the defendant liable to make it good''[66]

Hiikkoon olii kan Ibsa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniin kenname irraa adda miti.Ibsi Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniin tumame *miidhamaa yakkaa* jechuun nama tokko ykn gurmuu namootaa kan ta'an gocha yakkaa seera yakkaa biyya tokkoon ykn waliigaltee addunyaatiin dhorkame isaan irratti raawwatamuun miidhaan qaamaa,sammuu ykn diinagdee irra gahee fi mirgi namooma isaanii jalaa sarbame dha.[67]

Ibsa kana jalatti miidhaan miidhamaarra kan ga'e eenyuun akka ta'e beekuun rakkisaa ta'us,dhimmicha irratti himannaan dhihaatus dhihaachuu baatus,dhaddacha yakkaatiin murtiin balleessummaa kennamus kennamuu baatus,miidhaan jiraate jennaan miidhamaan akka jiru agarsiisa.Dabalataan,firooma miidhamaa fi yakkamaa ilaaluun otuu hin barbaachisiin miidhaan

[64] Olitti yaadannoo Lakk.9,Kwt.101.

[65] Seera Hariiroo Hawaasummaa Itiyoophiyaa,Labsii Lakk.165/1960 Caamsaa 5 bara 1960 ba'e,kwt.2028

[66] Akkuma 65[ffaa]

[67] Olitti yaadannoo Lakk.62

akka jirutti kan fudhatamu ta'us ni kaa'a.[68]Jechi miidhamaa yakkaa jedhu maatii fi hirkattoota nama miidhaan irra ga'e irratti hirkatanii jiraatan ni dabalata jechuunis hiikoo itti kenneera.[69]

3.2 Mirgoota miidhamaan yakkaa sirna haqaa yakkaa keessatti qabu.

A. Mirga haqa yakkaa akkaataa si'oominaan argachuu.

Namni haqa barbaadu mana murtii ykn qaama murtii haqaa akka kennu seeraan aangoon kennameefitti dhuunfaadhan ykn gurmuudhan iyyata dhiheeffachuu fi murtii argachuuf mirga heeraa qaba.[70]Namni gaaffii haqaa qaama mootummaa irrattis ta'e nama biraa irraa qabu gara mana murtii bilisaan hundaa'eetti akka dhiheeffatuuf manneen murtii naannichaa keessatti sadarka sadarkaan diriirfamaniiru.Kanaafis,miidhamaan gaaffii haqaa qabu Mana Murtii aangoon hundee dubbii qabutti dhiheeffachuu ni danda'a.[71]Manneen murtii kunneen nama haqa barbaaduuf haqa kennuu qofa osoo hin taanee, haqa si'aaya fi qulqullina qabu kennuuf dirqama qabu.[72]

Sirna haqaa ammayyaa keessatti dirqamni himannoo yakkaa dhiheessuu gara Abbaa Alangaatti kan darbe ta'us,miidhamtootni mirga haqa ariitiin argachuu ni qabu.Dhagaha sirna yakkaa keessatti akka qajeeltootti dhagahi yakkaa utuu adda adda hin citiin guyyaa jalqabaatti xumuramuu akka qabu seerichi ni kaa'a.[73]Guyyaa jalqabaatti xumuramuu yoo hin dandeenye guyyaa itti aanutti akka xumuramu dha.[74]Kaayyoon seerichaa miidhamaanis ta'ee shakkamaan haqa si'aayinaan akka argataniif eegumsa seeraa taasisuufi dha.

---

[68] Kwt 1-3 Declaration of Basic Principles of Justice for Victims of Crime and Abuse of PowerA/RES/40/34,29 November 1985,96th plenary meeting,accessible on http://www.un.org/documents/ga/res/40/a40r034.htm

[69] Akkuma 68[ffaa].

[70] Olitti yaadannoo Lakk.2,Kwt 37(1).

[71] Olitti yaadannoo Lakk.2,Kwt 78(3) fi Kwt.27Labsii Lakk.141/2000 Magalata Oromiyaa,Galagaltoo dubbisa Kwt (3,4,5),Lab.Lak 25/1996 Nagaarit Gaazexaa Feederaalaa.

[72] Olitti yaadannoo Lakk.2,Kwt 20(1).

[73] Olitti yaadannoo Lakk.8 kwt 94

[74] Akkuma 73[ffaa] kwt 123,94(2)L)

B.Mirga haqa si'aayina qabu hariiroo hawaasaan argachuu.

Namni miidhaa maallaqas ta'e haamilee gocha yakkaan irra qaqqabe miidhaa irra ga'eef beenyaa gaafachuun bakka duraan turetti deebi'uuf mirga qaba.Miidhamaan yakkaa mirga miidhaa irra dhaqqabeef beenyaa gaafachuu kanas ofiin ykn karaa bakka bu'oota isaa gaafachuu ni danda'a.[75] Miidhamaan yakkaa beenyaa kan gaafachuu danda'us nama miidhaa dhaqqabsiise irraa,namoota nama miidhaa dhaqqabsiisef itti gaaafatamummaa qaban irraa ta'uu danda'a.Miidhamaan yakkaa beenyaa hamilee fi maallaqaan alatti mirgi isaa dhiibamuu isaatti,seera biyya keenya keessatti, kaffaltii miidhaa gaafachuu ni danda'a.[76]Miidhaa maallaqaa miidhamaan gaafachuu danda'us miidhawwan raawwatamuu yakkichaatiin dhaqqaban hunda dha.Kunis baasii mana yaalaa,kan soorataa,galii argachuu utuu qabuu sababii gochaa yakkaa irratti raawwatameen dhabee, baasiiwwan biroo ni dabalata.[77]

3.3 Hirmaannaa miidhamaan yakkaa sirna haqaa keessatti qabu.

Miidhamaan yakkaa akkuma nama kamiiyyuu yeroo yakki irratti raawwatamu yakkaa raawwatame sana qaamolee haqaatiif beeksisuuf dirqama ni qaba.Akkasumas,miidhamaan kun qaamoleen haqaa odeeffannoo ykn eeruu dhihaate irratti hundaa'uun qoranoon yeroo gaggeessan faana ta'uun deggeruun irraa eeggama.Nama kaan caalaatti miidhamaan gocha yakkaa raawwatame ni beeka jedhamee kan yaadamu waan ta'eef, ragaa Abbaa Alangaa ta'uun kenninsa tajaajila haqaa keessatti hirmaannaa gochuu ni danda'a.

Miidhamaan yakkaa eeruu kennuu irraa eegalee hanga ragaa ta'uutti ga'een sirna haqaa keessatti taphatu daran guddaa dha.Haa ta'uuti,miidhamaan yakkaa yakkoota komii dhuunfaan dhihaatan irraan kan hafe,yakkoota kaan irratti kallacha shakkamaatti falmu hin danda'u.Yakkoota komii dhuunfaan dhihaatan irrattis miidhamaan himannoo dhiheessuuf waajjira haqaatiin aanga'uun haal duree dha.

[75] Olitti yaadannoo Lakk.9,Kwt 101 fi Galagaltoo dubbisa Kwt 2028,

[76] Olitti yaadannoo Lakk.65,Kwt 2104, 2105, 2145-52

[77] Seera Deemsa Falmii Siivilii Itiyoophiyaa,dikirii Lakk.52 bara 1965 ba'e kewt.463

3.4 Kunuunsa seerri haala addatiin miidhamaa yakkaaf godhu.

3.4.1 Miidhamaa yakkaa gargaaruun yakkamaa kan gargaaru ta'uu.

Yakkamaan gochaa yakkaa raawwate akkuma yakka raawwateen miidhamaa yakkaaf gargaarsa kan godhe yoo ta'e haalli itti adabbiin salphatuuf,seerri kaa'ee,ni jira.[78]Gargaarsi nama balleessa yakkaa raawwateef godhamu adabbii daangaa fi daangaa malee salphisuu kan haammatu dha.Seerichi aangoo adabbii salphisuu hanga bilisa gadi dhiisuutti Mana Murtiif kennee jira.Bu'uura qajeelfama adabbii Manni Murtii Waliigala Itiyoophiyaa baaseen yakkamaan gocha yakkaa erga raawwatee booda miidhamaa yakkaaf gargaarsa gochuu irraa eegamu goonaan,Manneen Murtii adabbii yakkamaa irratti murtaa'u salphisuufii akka qaban seerri ni ibsa.[79]Kana jechuun,seerri yakkaa yakkamaan miidhamaaf gargaarsa namummaa akka godhu kan jajjabeessu dha.Kaayyoon itti adabbiin gama kanaan akka salphatuuf taasifame miidhamaan daandii itti gargaarsa argatu bal'isuufi dha.

Namni gochaa yakkaan himatame tokko murtiin balleessummaa erga darbeen boodas ta'ee utuu hin darbiin manni murtii gadabaan gadi lakkisuuf aangoo ni qaba.Manni murtii kana kan gochuu danda'u sababoota taa'an keessa tokko himatamaan miidhammaa yakkaatti araaramuu dha.[80]Araarri miidhamaa fi himatamaa yeroo hedduu beenyaa kan of keessatti haammatu dha.Kunis yakkamaan miidhamaa yakkaa gargaaruun kan isa fayyadu ta'uu kan nutti mul'isu dha.

3.4.2 Namni kamiyyuu miidhamaaf gargaarsa gochuuf kan dirqamu ta'uu.

Namni kamiyyuu nama miidhaa cimaan irra ga'ee fi gargaarsa isa barbaachisu,eenyummaasa beekuu baatus, gargaarsa gochuufin lubbuu isaa baraaruuf

---

[78] Olitti yaadannoo Lakk 9,Kwt 28(1,2,3),Kwt 82(1 a-e),Kwt 179,Kwt 180 .

[79] Akkumma Lakk.78^{ffaa} kwt.82(e)

[80] Hiikkoo Manni Murtii Waliigala Itiyoophiyaa Dhaddachi Ijibbaata Lakk.Gal.46382 ta'een Adoolessa bara 2001 Jiildii 9^{ffaa} Fuula 16 irratti kwt 192 s/y bara 1996 baheef kenne.

dirqama qaba.Namni gargaarsa gochuuf dirqama qabu kun miidhamaan haala lubbuu fi jireenya isaa sodaachisu keessa utuu jiruu argee,gargaarsa gochuufiin isaas miidhaa akka itti hin fidne utuu beekuu gargaarsa gochuu yoo dide,yakka waan godhi jedhame gochuu dhiisutiin,hidhaa salphaa ji'a jaha hin caalleen ni adabsiisaa.[81] Yeroo namni gargaarsa dhorkatu kun nama yakkaan miidhaa dhaqqabsiise ta'u,nama itti gaafatamummaa ogummaa qabu ta'u,ykn itti gaafatamummaa waliigaltee qabu ta'u adabbichi hidhaa salphaan ji'a tokkoo hanga waggaa lamaatti ta'ee adabbii qarshiis ni dabalata.[82]Kaayyoo seerichaa yoo ilaalle,daandiiwwan itti miidhamaan yakkaa gargaaramuu qabu kan bal'isuu barbaadee fakkaata.

3.5 Eegumsa seerri miidhamtoota yakkaa fi beenyaa miidhamtoota yakkaaf kaffalamuuf taasisu.

3.5.1 Miidhamtootni yakkaa namni miidhaa dhaqqabsiise adabames ykn adabamuu dhiises beenyaa gaafachuu kan danda'u ta'uu.

Miidhamaan miidha irra ga'e keessatti akka hin hafne akkasumas yakkamaa fi mootummaan alatti namni kamiyyuu haalli itti gargaarsa gochuun irraa eegamu ni jira jechuu dha.Kun dantaa namoota miidhamaaniif kan yaadame ta'uu isaatti waan jajjabeeffamuu qabu dha.

Miidhamaan yakkaa miidhaa irra ga'eef beenyaa gaafachuuf mirga akka qabu armaan olitt ilaalleerra.Mirgi miidhamaan yakkaa beenyaa gaafachuuf qabu yakkamaan yakkaan himatamuu, murtiin balleessummaa itti murtaa'u ykn bilisa gadi lakkifamuu irratti kan hundaa'e miti.Shakkamaan yakkaan himatamuu baatus miidhamaan, miidhaa irra ga'e ragaadhaan deeggaree dhiheeffachuu dandeenyaan Manni Murtii dhimma beenyaa murteessuu irratti murtii yakkaan kennameen hin daangeffamu.[83] Shakkamaan himatamee bilisa gadi lakkifamuunis beenyaa gaafachuu irraa bilisa gadi lakkifamuu kan dhaqqabsiisu miti.

[81]Olitti yaadannoo Lakk.9,Kwt.575(1).

[82] Akkuma 81[ffaa] kwt 575(2)

[83]Olitti yaadannoo Lakk.65, Kwt 2149

Sababiin isaas,sadarkaan madaallii raga himannoo hariiroo hawaasaa mirkaneessuu fi kan himannoo yakkaa mirkaneessu adda adda ta'uu dha.Himannoo beenyaa dhugoomsuuf ragaan barbaachisu qajeeltoo madaallii ragaa Idi-addunyaawaa human amansiisuu (proponderence evidence) jedhamu yommuu ta'u, kan himannoo yakkaa gargaaru garuu (sufficient and conviencing) ykn raga ga'aa fi amansiisaa kan barbaachisu ta'uu dha.Seerri deemsa falmii yakkaa miidhamaan miidhaa yakkaan dhaqqabe deebisiifachuuf himannoo beenyaa dhihaatu kan yakkaan dursee dhiheeffachuu akka danda'us ni kaa'a.[84]

3.5.2 Beenyaan miidhamaaf kaffalamu idaadhaan kan hin qabamne ta'uu.

Beenyaan miidhamaa yakkaaf kaffalamuu ida'aan akka hin qabamneef seerri eegumsa haalli itti godhee ni jira.Kunis kan ta'u, beenyaan gaafatamu miidhaa ulfina namumma miidhamaa waliin wal qabatu irraa maddu yeroo ta'u dha.Kana jechuun abbaan ida'aa miidhamtoota yakkaa bakka bu'uudhaan beenyaa miidhaa ulfina namummaa isaanii irratti dalagameef kaffalamu gaafachuu hin danda'u jechuu dha.[85]

Kunis,kan taasifameef beenyaa kaffaluun miidhamaan yakkaa karaa ittiin qabeenya horachuu danda'u uumuuf otoo hin taanee,miidhaa maallaqaa fi haamilee miidhamaarra ga'erraa itti dhidhiibamuun akka bakka isaa duraatti deebi'uufidha.Sababni isaatis,miidhaan qaama namaa irratti gahu qarshiidhaan kan hin madaalamne waan ta'eefi dha.[86]

Kanaafuu,miidhamaan yakkaa beenyaa kan fudhatu miidhaa qabatamaa irra ga'erra fayyuun bakkatti akka deebi'uufi malee bu'aa dabalataa argachuuf miti.Seerichi,miidhamaan,mallaqa beenyaan argateen miidhaa irra ga'erraa ittiin fayyuun bakka duraatti deebi'uuf itti fayyadama yaadaa jedhu kan of keessaa qabu fakkaata.

[84] Olitti yaadannoo Lakk 8,Kwt.155(1c)

[85] Olitti yaadannoo Lakk.65,Kwt 2145

[86] Akkuma 85^{ffaa},Kwt 18

3.5.3 Eenyummaan namoota balleessaa raawwatanii adda ba'ee beekamuu baatus miidhamaan gargaaramuu kan qabu ta'uu

Miidhaan nama tokkoo fi sanaa oliin dhaqqabee namni miidhaa dhaqqabsiise adda ba'ee beekamuun yeroo hin danda'amnetti manni murtii haqni (equity)n kan barbaadu yoo ta'e,gareen miidhaa dhaaqqabsiisan jedhamanii shakkaman kan namni miidhaa dhaqabsiise keessatti argamuu ni danda'a jedhamee amanamu waliin ta'anii beenyaa akka kaffalan manni Murtii ajaja kennuu ni danda'a.[87]

Yakka keessatti eenyummaa nama yakka raawwatee beekuun bakkaa fi yeroo yakki itti raawwatame hundeessuun ulaagaa jalqabaati dha.As irratti eenyummaa beekuun rakkisaa ta'uyyu, namni miidhaa geessise jedhamee shakkamu gartuun keessa jira jedhee amanamutti beenya akka kaffalan seerichi kan barbaadeef carraa miidhamaan yakkaa ittii miidhaa dhaqqabeef beenyaa argachuu danda'u bal'isuufi dha.Kun akka kunuunsa fi eegumsa seerri miidhamaa yakkaaf godheetti kan fudhatamu danda'u dha.

3.5.4 Dhiifama ykn baraara yakkamaaf godhamuun beenyaan miidhamaa kanfalamu kan hin dhiifamne ta'uu.

Namni miidhaan irra gahe miidhaa irra ga'eef beenyaa argachuu qaba kan jedhuu qajeeltoodha.Namni yakka hojjete badii raawwateef dhiifama hin qabu kan jedhus qajeeltoo adda biraa dha.Gama biraatiin,namoonni yakka raawwachuun isaaniitti mirkanaa'ee murtiin balleessummaa fi adabbii isaanitti murtaa'e haalli itti adabbii otoo hin xumuuriin kaayyoo adabbii giddu-galeessa gochuun dhiifamaan ykn baraaran gadi lakkifamuu danda'an ni jira.Ha ta'uutii, dhiifaamni ykn baaraarri yakkamaaf godhaamuun miidhamaan beenyaa akka hin arganne kan dhorku ta'uu hin danda'u.[88]Dhiifamnii fi bararri mootummaan kennu kan inni hanbisuu danda'uu adabbii yakkaati malee beenya miidhamaaf kaffalamu hambisuus ta'ee hir'isuu hin danda'u. Innumaayyu, yakkamaan dhiifama ykn baraara argachuu qabu miidhamaa yakkaaf beenya kaffaluun, itti araaramuun nama yaada sammuu isaa jijjiirrachuun jijjiirraa amalaa barbaadamu

[87] Olitti yaadannoo Lakk 65,Kwt 2142(1)

[88] Olitti yaadannoo Lakk.9,Kwt.231.

fiduu danda'e ta'uu qaba.Kunis eegumsa seerri dantaa miidhamaa yakkaaf godhe dha jechuun ni danda'ama.

3.5.5 Daangaa fi daangaa malee adabbii salphisuun beenyaa kaffalamu irratti dhiibbaa kan hin hordofsiisne ta'uu.

Manni murtii ulaagaawwan murtaa'oo seeraan tumaman irratti hundaa'uudhaan daangaa ykn daangaa malee adabbii salphisuu ni danda'a.Aangoo bal'aa kanaanis M/Murtii adabbii hidhaa gara qarshiitti jijjiiruun,bilisa gadi lakkisuun, hidhaa cimaa gara hidhaa salphaatti jijjiiruun shakkamaaf adabbii salphisuun murteessuu ni danda'a.[89]Haa ta'uuti,wayita adabbii daangaa fi daangaa malee salphisuutti beenyaa miidhamaa yakkaaf kaffalamu garuu jijjiiruu hin danda'u.Daangaa fi daangaa malee salphachuun adabbii beenyaa miidhamaa yakkaaf kaffalamurratti dhiibbaa fi jijjiirama fiduu danda'u hin qabu.Adabbiin daangaan ykn daangaa malee salphachuun mirga miidhamaan yakkaa beenyaa gaafachuuf qaburratti karaa kamiinu miidhaa fiduu hin qabu.Adabbii salphisuun eegumsi dantaa miidhamaaf godhame yakkoota sassalphaa 'petty offence' irrattis raawwatamummaa wal fakkatu kan qabu dha.[90]

3.5.6 Miidhamaan yakkaa miidhaa irra dhaqqabeef mootummaarraa beenyaaa gaafachuu kan danda'u ta'uu.

Namni badii yakkaa dhaqqabsiise miidhamaa yakkaaf beenyaa haala ykn sadarkaa kaffaluu hin dandeenye keessatti yoo argame manni murtii miidhamaa yakkaaf beenyaan; maallaqa wabiif qabamerraa, maallaqa adabbiin galii ta'eerraa, qabeenya qabamerraa ykn galii humnaa hojii yakkamaan walitti qabamurraa beenyan akka kaffalamuuf M/Murtii ajaja kennuu ni danda'a.[91] Kana jechuun,seerri miidhamaan yakkaa yoo kan yakkamaa irraa beenyaa argachuu hin dandeenye ta'es beenyaa malee akka hin hafneef maallaqa adabbii gara maallaqa mootummaatti galii ta'urraa akka kanfalamu ni eeyyama jechuu dha.Garu,mootummaan erga miidhamaaf beenyaa kaffaleen

[89] Akkuma 88[ffaa]Kwt 28,Kwt 179,180,82(1a-e)

[90] Akkuma 89[ffaa]Kwt 755 S/Y

[91]Akkuma 90[ffaa] Kwt 102(1)

booda nama miidhaa geessiserraa miidhamaa bakka bu'uun kaffaltii raawwate deebifachuu ni danda'a.[92]

3.5.7 Miidhamaan yakkaa beenyaa gaafachuu irratti deggarsa mootummaa gaafachuu Kan danda'u ta'uu

Miidhamaan yakkaa miidhaa yakkaan irra dhaqabeef beenyaa gaafachuu irratti himannon beenya akka seera deemsa falmii yakkaatti kan yakkaa waliin walitti hidhee dhiheeffachuu ni danda'a.[93] Miidhaman himatni yakkaa dhimmicha dhihaate dhagaha irratti M/Murtii dhimmicha ilaalutti, hanga miidha irra dhaqqabee fi beenyaa gaafatuu ibsee kaffaltii A/Seerummaa kaffaluun utuu irraa hin eegamiin beenyaa gaafachu ni danda'a.[94]Manni Murtiichaas,umuriin himatamaa ga'eessa taanan,dhimmichi bakka himatamaan jirutti kan ilaalamu taanan,dhimmichirratti mana murtii biraatti himatni kan hin banamne tanaan,namni iyyata dhiheeffate nama mirga ykn bakka bu'ummaa sirrii qabu taanan,ragoota dabalataa ykn hedduu waamuun otoo hin barbaachisiin murtii kennuun kan danda'amu taanan,dhimmicha waliin ilaaluun galmee lafarra kan hin harkifne taanan iyyata beenyaa miidhamaan dhiheeffatu galmee yakkarratti ofitti fuudhee ni ilaala.[95]Kana jechuun,seerri miidhamaan yakkaa adeemsa gabaabaan beenya karaa argachuu danda'u kan mijeesse ta'uu irrayyuu midhamaan carraa itti A/Alangaa irraa dhimma beenya gaafatuuf gorsa ogummaa seeraa isa fayyadu argatu kan uumu dha.Kana malees,miidhamaan adeemsa kanaan kan keessumeeffamu kaffaltii A/seerummaa kaffaluun otoo irraa eegamiin ta'ee,dirqamni kaffaltii A/Seerummaa kaffaluu gara yakkamaatti darbuun yakkamaan kan kaffalu ta'a.[96]Kunis,eegumsaa fi kunuunsa seerri miidhamaaf godhe keessa isa tokko dha.

Kana malees,Abbaan Alangaa miidhamtoota yakki cimaan irratti raawwatamee beenyaa gaafatanii deebifachuuf hin dandeenyeef deeggarsa gochuun beenyaa akka argatan gargaaruuf dirqama seeraa

[92]Akkuma 91[ffaa] Kwt 102(2)

[93]Akkuma 92[ffaa]Kwt 101

[94] Olitti yaadannoo Lakk.8,Kwt 154

[95] Akkuma 94[ffaa] Kwt 155(1 a-f)

[96] Akkuma 95[ffaa]Kwt 154,159(1c) ,222

qaba.[97]Kana malees,Abbaa Alaangaa dhimma daa'immanii ykn namoota daaandeetti seeraa hin qabne fi dhimmaa gaa'ela umurii malee heeruman irratti dantaa miidhamaa dhuunfaa kabajsiisuuf himannoo hariiroo hawaasaa gidduu lixuudhaan faalmii gaggeessuu ni danda'a.[98]

3.5.8 Daangaan yeroo himannoon beenyaa itti dhihaatu haala adda ta'een kan taa'e ta'uu.

Miidhaman kamiyyuu guyyaa miidhaan isa irra ga'ee kaasee hanga waggaa lamaa keessatti beenyaa gaafachuu ni daanda'a.[99]Miidhaan dhufe gochaa yakkaatiin taanaan garuu haala addaatiin bakka seerri yakkaa daangaa yeroo waggaa lamaa olitti dheeressetti daangaan yeroo kan seera yakkaatiin tumame kan fudhatamu qabu akka ta'e seerichi ni ibsa.[100]Daangaan yeroo himannoon beenya miidhaa yakkaan dhaqqabe keessatti dhihaachuu qabu daangaan yeroo himanno beenyatiif akka waliigalaatti taa'e irraa haalli itti dheerachuu danda'u uumamuun miidhamaa yakkaaf seerichi eegumsa addaa gochuu kan mul'isu dha.

3.6 Kunuunsa miidhamaa yakkaaf ibsa bu'uura haqa miidhamtootaa godhaman.

Ibsi bu'uura qajeeltoowwan haqa miidhamtoota yakkaa yakkaa fi aangoo seeraan ala fayyadamuun bara 1985 Gamtaa Waliigala Dhaabbata Mootummoota Wal-ta'aniin kan tumame dha.Ibsi kun bu'aa sochii mirga miidhamtoota yakkaa bara 1960 eegaleetiin kan tumame yommuu ta'uu,sochii kanaanis dhimmi miidhamtoota yakkaa akka addunyaatti xiyyeeffannoo argateera.

Ibsi Dh.M.G.n tumame humna dirqisiisoo seeraa biyyoota miseensa dhaabbatichaa ta'an irratti kan hin qabne ta'us,biyyootni addunyaa miseensa Dhaabbatichaa ta'an hundi ibsa kan fudhachuun hojiitti jijjiiruu akka qaban itti waliigalanii waadaa galaniiru.[101]Akkaataa tumaa waliigalticha irraa hubatamuutti,miidhamtootni yakkaa mirgoota bu'uura isaan argachuu qaban mirga haqa akkaataa si'aawaa ta'een argachuu,mirga miidhaa haamilee fi maallaqaa isaan irraa ga'eef beenyaa

[97] Kwt 22(2) Labsii aanngoo seera raawwachiiftuu naannoo oromiyaa murteessuuf ba'eLab.Lak 163/2003 fi Labsiiwwan sanaan dura aangoo A/Alangaa murteessaa turan.

[98]Olitti yaadannoo Lakk.75,Kwt 43

[99] Olitti yaadannoo lakk.65,Kwt 2143(1)

[100] Akkuma 99[ffaa] Kwt 2143(2)

[101] Kwt(paragraph) 19 fi21Ibsa dhaabbatichi baase irratti biyyootni miseensa dhaabbatichaa dirqama isaan qaban kan ta'ee fi Ibsichi fedhii biyyoota miseensa dhaabbatichaa kan ba'e ta'uu.

argachuun dhidhiibamuu,mirga sadarkaa falmii kam irrattiyyuu dhaga'amuu,mirga miidhaa qaamaa fi diinagdee isaan irra ga'erraa fayyuun bakka ofii duraatti deebi'uu ni qabu.

Ibsi kun biyya keenya darbees naannoo keenya keessaatti seera dirqisiisaa ta'uu baatus, byyi keenya miseensaa fi hundeessituu dhaabbatichaa ta'uu isheetti tumaalee ibsa kanaa hojiitti hiikuutu irraa eegama.Kun immoo kunuunsa miidhamtoota yakkaaf godhuuf fedhii ofii kan ibsatte ta'uu agarsiisa.Biyyi keenya ibsa kana hojiirra oolchuuf ittigaafatamummaa kana fudhatte ta'uu isheetti kunuunsota ibsichaan taa'an miidhamtoota yakkaaf gochuuf waadaa seente hojiirra oolchuun irraa eegama.

3.7 Ga'ee qaamoleen haqaa miidhamtoota yakkaa kunuunsuu keessatti qaban.

Qaamoleen haqaa naannichaa kanneen jedhamaan waajjirra Haqaa, Mana Murtii, Waajjira Poolisii, Bulchiinsa Manneen Sirreessaa sadarkaa naannoo irraa hanga aanaatti diriirfamanii argamandha.Qaamoleen kun mirgootaa fi faayidaalee miidhamtootaa eegsisuun kunuunsa miidhamtoota yakkaaf gochuu qabu.Qaamoleen haqaa mirgoota miidhamtooota yakkaa fi kan shakkamaa eegsisuudhaan miidhamaa fi shakkamaaf haqa madaalawaa ta'e argamsiisuuf dirqama seeraa qabu.Qaamoleen haqaa kenniinsa tajaajila gorsa seera bilisaa kennuudhaan haqni miidhamaa fi shakkama madaalchisuun gorsaa fi deggarsa kan kennan yoo ta'ee, sirni haqaa naannichaa bu'a qabeessa ta'a.

3.7.1 Ga'ee waajjirri poolisii miidhamaa yakkaa kunuunsuu keessatti qabu.

Komishiiniin Poolisii Oromiyaa hojiiwwan ittisaa fi qorannoo yakkaa cimsuun kenniinsa tajaajila poolisummaa hawaasaaf kennuuf dirqama qaba.[102]Waajjirri poolisii yakkootni akka hin dalagamne ittisuu fi yakkootni dalagamuu irratti odeeffannoo yoo qabaate immoo A/Alangaa waliin ta'uun qorannoo gaggeessuuf dirqama qaba.Bu'aa qorannoo kanaan,yakki raawwatameera jechuun shakkii gahaa irra geenyaan shakkamaa adeemsa seeraatiin to'achuun saa'aatii 48 keessatti qorachuun gara mana murtiitti dhiheessuu qaba.[103]Poolisiin yakka shakkamaan raawwateera jedhamee ittiin shakkame mirga wabii kan hin eegsisne dha ykn shakkamaan hanga qorannoon

[102] Olitti yaadannoo Lakk.97^{ffaa},Kwt 34(10) Kwt 22(2)

[103] Olitti yaadannoo Lakk.8^{ffaa},Kwt 228

xumuraamutti turu qaba kan jedhu yoo ta'e,M/Murtiitti geessuun yeroo beellamaa irratti gaafachuuun ariitii danda'amaa keessatti qorannoo xumuruun seeratti dhiheessuuf dirqama qaba.

Waajjirri poolisii kutaawwan hawwaasaa deeggarsa addaa barbaadan daa'immani, dubartootaa fi qaama miidhamtootaaf xiyyeeffannoo addaa kennuun hojjechuuf dirqama qaba.[104]Waajjirichi shakkamaa qabee seeratti dhiheessuun waajjira haqaa waliin ta'uun himannoon M/Murtii aangoo qabutti akka dhihaatu ni taasisa.Ragoota A/Alangaa qindeessuun murtiin haqaa akka kennamu gochuufis dirqama qaba.Waajjirichi miidhamaa yakkaa humnaan,maallaqaan,teekiniikaan gargaaree shakkamaa seeratti dhiheessuun mirga miidhamaa yakkaa kabajsiisuu keessatti ga'een inni qabu guddaa dha.

Qajeeltoo yakkaa raawwatanii dhiifama gaafachuun hin danda'amu jedhu boqonnaa lammaffaa keessatti ilaalleerra.Namni gocha yakkaa raawwate itti gaafatamummaa seera yakkaan taa'e fudhachu kan danda'u taanan dhiifamaan bira hin darbamu.Keessayyuu, yakkichi yakka kaka'umsa mootummaan himatamu taanaan, miidhamaan odeeffannoo kennes dhiises, qorannoon kan itti fufu ta'a. Sana jechuun miidhamaan dhimmicha gara qaama haqaatti fiduuf humna, beekumsaa fi haamilee kan hin qabne yoo ta'e, mootummaan itti darbuudhan dantaa fi nageenya uummataaf qorannoo gochuudhaan shakkamtoota kan seeratti dhiheessu ta'a.Kun kunuunsa waajjirri poolisii miidhamaa yakkaaf godhu kan agarsiisu dha.

3.7.2 Ga'ee Waajjirri Haqaa miidhamtoota yakkaa kunuunsuu keessatti qabu.

Waajjirri haqaa biyya keenya keessatti kan hundeeffame bara 1942 yeroo ta'u, waajjirichi sirna haqaa ammayyaa keessatti mootummaa fi uummata seeraan qajeelchuuf hundeeffame dha.[105] Waajjirrichi sirna haqaa keessatti uummataa fi miidhamaa yakkaa bakka bu'uudhaan waajjira poolisii waliin ta'uun qorannoo yakkaa gaggeessuun shakkamtoota seeratti ni dhiheessa.

Kana malees,uummatni hubannoo seeraa argatee yakkarraa of-eegee akka jiraatuuf hubannoo seeraa uummataaf ni kenna.Waajjirri kun miidhamaa fi mootummaa bakka bu'uudhaan karaa Abbootii Alangaa shakkamaa ykn himatamaa M/Murtiitti dhiyeessuun murtii madaalawaa irratti

[104] Olitti yaadannoo Lakk.97 Kwt 34(9)

[105] Olitti yaadannoo Lakk.4 fi Lakk.97

akka kennamu ni taasisa.Kana jechuu, A/Alangaa abukaatoo miidhamaa fi uummataa ta'uun haqni uummataa fi miidhamaaf ni kennisiisuu ykn akka kennamu ni gochisiisa jechuudha.

Gocha yakkaa miidhamaa irratti dalagame qorannnoo irraa eegaluun hanga murtiin kennamutti adeemsa jiru miidhamaa bakka bu'uun haqa uummataa fi miidhamaa baasuu irrayyuu darbuun A/Alangaa himannoo hariiroo hawwaasaa irratti miidhamaa yakkaaf gargaarsa gochuu ni dirqama.Namoota miidhaan qaamaa cimaaan irra ga'e himata beenyaa dhiheeffachuuf humna hin qabne beenyaa akka argatan hariiroo hawwaasaatiin gargaaruuf dirqama seera ni qabu.Kanajechuun, deeggarsi ykn kunuunsi wajjiraalee haqaatiin miidhama yakkaaf godhamu qabu adeemsa kenninsa murtii yakkaa irratti kan daanga'u miti.Waajjirri haqaa falmii yakkaatii kaasee hanga himannoo beenyaatti miidhamaa bakka bu'uudhaan kunuunsa miidhamaa yakkaaf gochuu dirqama qaba.

Abbaan Alangaa falmii yakkaa yeroo geggeessutti shakkamaan miidhamaarra miidhaa dabalataa geessisuu kan danda'u yoo ta'ee fi shakkamaan baduu kan danda'u yoo ta'e falmii yakkaa irraa akka hin miliqneef mirgi wabii akka dhorkamu falmuun dantaa miidhamaa kabachiisuu ni danda'a.

3.7.3 Ga'ee Manneen Murtii kunuunsa miidhamaa yakkaaf gochuu keessatti qaban.

Manneen murtii naannoo keenyaa mana murtii waliigalaaa kaasee hanga mana murtii aanaatti dhimmootaa falmisiisoo yakkaa ykn hariiroo hawaasaa ofitti fuudhee ni ilaala.

Manni murtii yeroo murtii dabarsu shakkamaan miliquun miidhamaanis ta'e uummanni utuu haqa hin argatiin akka hin hafneef of eeggannoodhaan murtii kennuutu irraa eegama.Qaamni kunis, wayita murtii, ajajaa fi jal-murtii dabarsutti,dantaa miidhamaa yakkaa tilmaaama keessa galchuun murtii kennuurrayyuu darbuun murtiin kenname yeroo raawwatamutti miidhamaan kan gargaarame,dantaan isaa kan eegamee bakkee duraan turetti kan deebi'e ta'uu qulqulleeffachuu qaba.Fakkeenyaaf,amakiroon yeroo hojjatamu yakkamaan 2/3^{ffaa} adabbii isaa xumuruun dabalatee ulaagaan miidhamaa yakkaa hanga gargaaruun irraa eegamu gargaareeraa jedhu giddu galeessa godhuun murtii dabarsuu qaba.

Kana malees,manni murtii himannoo beenyaa miidhamaa,mirgoota miidhamaan yakkaa qabu biroo irratti akkaataa seerri kaa'een murtii kennuun ga'een isaan mirga miidhamaa yakkaa kabachiisuu keessatti qaban ol aanaadha.[106]

3.7.4 Ga'ee bulchiinsi manni sirreessaa kunuunsa miidhamaa yakkaaf gochuurratti qabu.

Bulchiinsi Manneen Sirreessa Oromiyaa sadarkaa Koomishinii irraa eegalee hanga caasaa Godinaa fi bakkeewwan tokko tokkotti immoo hanga aanaatti diriirfamuun sirreeffamtoota seeraa ajaja mana murtiin ergaman ofitti fudhachuudhaan fayyaa fi mirga isaanii eegaa jijjiirama amalaa akka fidani, lammii fayyaalessa fi fedhii oomishtummaaa qaban akka ta'aniif hojjechuu qaba.Manichi sirreeffamtoonni yeroo turtii isaanii keessatti jijjiirama amalaa akka fidan taasisuun ga'ee irraa eegamudha.[107]

Jijjiirama amalaa sirreeffamtoota irratti fiduu keessatti, manichi,namoota amalaa fi naamusa gaarii qaban 2/3^{ffaa} adabbii xumuranii amakiroodhaan yeroo gadhiifaman,gargaarsa miidhamaa yakkaaf taasisan mana murtii waliin tahuun qulqulleessee dantaa fi fedhiin miidhamtota yakkaa kabajamuu isaa ni mirkaneeffata.[108]

Manni amala sirreessaa hidhaa sirreeffamaa irratti murtaa'e bu'uura seera yakkaatiin raawwachuun ykn akka raawwatamu gochuun irraa eegama.Adabbiin hidhaa seera yakkaa beekamtiinsa argate hidhaa cimaa fi hidhaa salphaa jedhamuun bakka lamatti kan qoodame yoo ta'u,akkaataan raawwii hidhaa salphaa fi hidhaa cimaas addatti tumameera.Yakkamaan hidhaa cimaan adabame hammeenyummaan isaa kan hidhaa salphaa irraa kan caalu waan ta'eef,to'annoo fi hordoffii irratti xiyyeeffannoo addaa kan barbaadudha.Manneen Sirreessaa akaakuwwan adabbii sirreeffamaa irratti murtaa'an giddu galeesa gochuun sirreeffamaan gocha yakka akka hin raawwatne gochuudhaan fedhii fi dantaa miidhamaa yakkaa guutuun irraa eegama.

[106] Daawwannaa qoratichaan yeroo ragaawwan qorannoo kanaaf barbaachisu walitti qabamaa ture taasifame.

[107] Olitti yaadannoo Lakk.97,Kwt 35(9)

[108]Olitti yaadannoo Lakk.9,Kwt 202 S/Y

Boqonnaa-4

Kunuunsa Miidhamaa Yakkaaf Mootummaa Naannoo Oromiyaa Keessatti Godhamuu fi Rakkoowwan Wal-Qabatanii mul'atan.

Seensa

Boqonnaa kana keessatti kunuunsa sirni haqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa miidhamaa yakkaaf godhaa jiru irratti ragaawwan qarannoo kana dalaguuf walitti qabaman xiinxalamuun hiikti kan itti kennamudha.Ragaawwan kunis bifa xiinxalaaf toluun mata duree mata dureedhan qoodamanii xiinxalamu.

Kunuunsa miidhamaa yakkaaf naannoo Oromiyaa keessatti qaamolee haqaatiin sadarkaa eeruu kennuutii hanga murtii kennuutti godhamaa jiru irratti ragaan qaamolee dhimmi ilaalu irraa walitti qabame ilaalameera.Xiinxallu kunis haaluma kanaan kan dhihaatu ta'a.

4.1 Eeruu fuudhuu fi shakkamaa seeratti dhiheessuu.

Qaamolee haqaa keessa namni gochi yakkaa irratti raawwatame dursa kan qunnaammu waajjira poolisiiti dha.Miidhamaan badiin yakkaa irratti dalagame waaajjira poolisii deemuun eeruu ni kennata.Qorattootni poolisii fi A/Alangaa waliin ta'uun eeruu dhihaate qulqulleessuun qorannoo yakkaa gaggeessuuf gahaa tahuu isaa amantaa yoo qabaatan gara qorannoo yakkaatti seenu.Qorannoo taasifameen eeruun kenname kan amansiisu ta'ee yoo argame,shakkamaan akka dhihaatu waraqaan waamichaa ni ergama.Yakki shakkamaan ittiin qabame yakka ulfaataa fi wabii kan hin kennisiisne taanaan garuu bu'uura seeratiin eeyyama M/Murtiin ykn eeyyama M/Murtii otuu hin barbaachisiin qabamee akka dhihaatu ni taasifama.Haa ta'uuti, naannicha keessatti eeruun ragaan deeggarame dhihaatee yeroo itti shakkamaan qabamee dhihaachuu hin dandeenye baayinaan ni mul'ata.[109]Shakkamtoota eeruun irratti dhihaate dhihaachuun jecha isaanii kennanis

[109]Fakkeenyaaf Aanaa sibuu siretti galmeen butii 7 yeroo baatii lama hin guunne keessatti kan eeruun irratti dhiyaate ture dha. Eeruwwan kennaman kana aa kan hanga dhumatti adeemee murtii argate galmee tokko qofaa dha.Kan hafan shakkamaan yakkichi cimaa ta'uu waan beekee miliqee qabamee dhiyaachuu hin dandeenyeef himannoon utuu irratti hin dhiyaatiin akka hafu ta'eera. Af-gaaffii H.g.Wa/Haqaa A/A/Siree fi Daawwannaa qoratichaa.

hanga dhumaatti hordofanii balleessaa qabaachuu ykn dhabuun utuu hin mirkanaa'iin haala itti beellamarra hafanii galmeewwan mucucaatanii hafan bal'inaan ni mul'ita.[110]

Kun immoo miidhamaan yakkaa haqa argachuu akka hin dandeenye kan godhu dha.Miidhamaan yakkaa murtii haqaa argachuu dhabuun sirna haqaarratti amantaa akka hin horannee fi hin hirkanne kan godhu dha.Kana malees, miidhamaan sodaa irraa bilisa ta'ee akka jiraachuu hin dandeenye ni taasisa.Miidhaa yakkaan irra dhaqqabeefis beenya argachuuf carraa miidhamaan qabu ni dhiphisa.Hundumaarrayyuu,haaloo ba'uumsi akka jiraatu,[111]yakki akka babal'atu fi nageenyi uummaataa tasgabbii akka dhabu kan taasisuu danda'u dha.

Beenyaa gaafachuu ilaalchisee miidhamaan yakkaa shakkamaan murtii balleessummaa argates dhiises,himatames hafes,beenyaa gaafachuuf mirga hin daangefne akka qabu ilaallerra.Haa ta'uti,dirqama miidhamaan yeroo murtiin yakkaan kennamuu fi hin kennamiin himannoo ofii dhugoomsachuuf qabu tokko miti.Gocha yakkaa murtiin balleessummaa irratti kennamerratti miidhamaan beenyaa gaafachuuf yakki irratti raawwatamu agarsiisuun irraa hin eegamu.Garuu, yakka raawwatameen miidhaan maallaqaa(material damage) fi miidhaan haamilee irraa ga'uu fi hanga miidhaa irra ga'ee agarsiisuu qofaatu irraa eegama.

Miidhamaan dhimmi isaa yakkaan ilaalamee murtii balleessummaa hin argatiin garuu waantoota inni mirkaneessun irraa eegamu tokkoffaa himatamaan gocha yakkaa irratti kan raawwate ta'uu, lammaffaa gochichi miidhaa kan dhaqqabsiise ta'uu fi sadaffaa hanga miidhaa dhaqqabe sanaa agarsiisuu dha.Kana jechuun,shakkamaan qabamee dhihaachuu dhabuun miidhamtootni yakkaa haqa falmii yakkaan argamus ta'ee haqa falmii siiviliin argamuu danda'u kan dhabsiisu dha jechuu dha.Kanaaf,namoota balleessa yakkaa hin raawwatin of eeggannoon adeemsa falmii yakkaa keessatti godhamuu qaban akkuma jiranitti ta'ee namootni yakka raawwatan hanga dhumaatti seeratti dhihaachuun adabbii barbaachisaa yakkaan akka argatan gochuun dantaa miidhamaa yakkaa kabajsiisuu keessatti ga'ee ol'aanaa qaba.

[110] Sakatta'iinsa galmee godina Baalee Aanaa Gindhiiritti taasifame,sakatta'iinsa galmee Godina Wallagga Bahaa Aanaa Sibuu Sireetti taasifamee fi daawwannaa qoratichi yeroo shaakalliirra waajjira Haqaa A/S/S ture taasise.

[111] Marii garee Abbootii Seeraa Godina Wallagga Bahaa faana gaafa guyyaa 02/02/2005,bakka M/M/Ol'aanaa Godinichaatti taasifame.

Miidhamtootni yakkaa gochaan yakkaa irratti raawwatame haqa utuu hin argatiin hafan amantaa fi hirkannaa isaan sirna haqaa irratti qaban ni hir'ata.Kana malees,sodaa irraa bilisa ta'anii carraan isaan tasgabbiin jiraachuuf qaban dhiphaa dha.Miidhamaan miidhaa irra ga'e waliin utuu jiraatu, shakkamaan galmeen irratti hin qulqullaa'iin hafuutti adabbii malee hafuu jechuun nageenyi amansiisaan jiraachuu hin ibsu.Nageenyi amansiisaan kan jiraachuu danda'u,lolli dhibuun qofaa otoo hin taane haqni madaalaawa ta'e jiraachuun qofa waaan ta'eef.[112]

Sababootni ittiin shakkamaan bu'uura seeratin qabamee seeratti dhihaachuu hin dandeenyeef hanqina humna namaa fi baajataa qabaachuu waajjira poolisii,walitti dhufeenyi yakka ittisuu fi yakkamaa qabanii seeratti dhiheessuu irratti waajjiraalee poolisii Aanotaa fi godinaalee adda adda gidduu jiru laafaa ta'uu,malaammaltummaa,dhibaa'ummaa fi hanqina gahumsaa hojjettootni qabani dha.[113]

Kunuunsa eeruu kennuurratti miidhamaa yakkaaf godhamu ilaalchisee namni kamiyyuu qorannoon yakkaa akka eegalamuuf yaakki raawwatamuu argee ykn dhagahee jennaan poolisiif odeeffannoo kennuuf mirgaa qaba.[114]Yakkootaa tokko tokko irratti odeeffannoo kennuun mirga utuu hin taanee namaa kamiifiyyuu dirqama dha.[115]Miidhamaan gochi yakkaa irratti raawwatame qaama mootummaatti dhihaate eeruu kennachuu baaatus,namni kamiyyuu odeeffannoo kennee jennaan dirqamni qorannoo gaggeessuun dhimmicha itti fufsiisuun kan qaama mootummaa W/Poolisii fi A/Alangaati dha.[116]Miidhamaan yakkaa sababoota adda addaatiin w/poolisiitti dhihaate eeruu kennachuu baatus,waajjirichi yakki raawwatamuu odeeffannoon argatee jennaana qorannoo itti fufuudhaaf dirqama qaba.

---

[112] Jecha John Minto,dubbi himaa Nageenya fi Haqa Addunyaa Auckland, The National Council of Churches'reaction and response to the ietnam war,1965-1972

[113] Bar gaaffii Abbootiin seeraan guutan irraa kan fudhatame, keessayyuu A/Seeraa M/M Aanaa Sinaanaa guutan irraa kan fudhatame.

[114] Olitti yaadannoo Lakk.8,Kwt 11

[115] Akkuma 114^{ffaa},kwt 11(2),Labsii Farra Malaammaltummaa Lab.Lak 235/2001 Nagarit Gazeta Feederaala.kwt 21,Labsii Farra Shororkeessummaa Lab.Lak652/2009,kwt 22 Nagarit Gazeta Feederaala.

[116]Olitti yaadannoo Lakk.8 Kwt 16,22,23 .

Naannicha keessatti miidhamtootni yakkaa gara waajjirra poolisii dhufaan unkoota ragaan itti waamamu,eeruun itti kennamu,waraqaan waamichaa shakkamaan ittiin waamamu kan dhiheeffatan baasii ofiitini dha.[117]Ragoota A/Alangaa sadarkaa Aanatti dhihaataniifis bakka tokko tokkotti kan baasii danda'ee dhiheeffataa jiru miidhamaa yakkaati dha.[118]Baasiiwwan kenniinsa murtii yakkaaf barbaachisa kana miidhamaan baasuu kan hin dandeenye taanan miidhamaa fi uummatni mirga haqa argachuu dhabuu akka danda'an beekamaa dha.Sababii maallaqni unkootni addaa addaa ittiin guutamanii fi ragootni dhihaatan hin jirreef miidhamtootni fi uummaaaatni akka waliigalaatti haqa argachuu dhabuun miirga heera mootummaan taa'e sarbamuu dha.

Kaayyowwan itti sirna haqa yakkaa ammayyaa keessatti dirqamni dhimma yakkaarratti himannoo dhiheessu miidhamtoota irraa gara mootummaatti cee'eef keessa inni tokko miidhamtootni humna ittiin himatanii shakkamaa adabsiisan yoo dhaban nageenyi kan boora'uu danda'u ta'uutti, mootummaan humna qabutti fayyadamee shakkamtoota seeratti dhiheessuun akka danda'amuufi dha.

4.2 Adeemsa kenniinsa murtii yakkaratti hirmaannaa miidhamaan qabu

Miidhamaan gochaan yakkaa irratti raawwatame adeemsa kenniinsa murtii yakkaa keessatti eeruu kennuu irraa eegalee hanga ragaa ta'ee dhagahamuutti ni hirmaata.Miidhamaan yakkaa gochaa yakkaa irratti raawwatameen lubbuudhaan hin darbiin adeemsa kenniinsa murtii haqaa keessatti ragaa A/Alangaa jalqabaa ta'ee dhihaachuun seeraan yoo hin teenyes naannicha keessatti waan baratame dha.[119]

Miidhamaan yakkaa sadarkaa aanaatti bakka hedduutti ragoota A/Alangaa baasii oolmaa isaanii ofiin kaffaluudhaan dhiheessa jira.Sadarkaa godinaatti mootummaan durgoo ragootaaf kan kaffalu yoo ta'ee miidhamaan baasii ofiin deeggarsa inni godhu guddaa dha.

---

[117] Bar gaaffii Qorattoota poolisii Aanaa Sibuu Sirree,Aanaa Wal maraa,Aanaa Aqaaqii,Aanaa Gindiiriin guutamerraa kan hubatame.Keessayyuu Aanaa sibuu siree keessatti rakkoon kun kan baratame ta'uu qoratichi turtii shaakallii ji'a lamaatiin gadi fageenyaan ilaalera.

[118] Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Sibuu Siree ,Godina Baalee Aanaa Gindhiir,Godina Shawaa Lixaa Aanaa Baakkoo Tibbeetti af-gaaffii namoota adda addaa faana yeroo adda addaatti taasifamee fi daawwannaa qoratichaa.

[119] Daawwannaa qoratichaa fi Af-gaaffii Leenjisaa Istiitiyutii Leenjii Ogeessota Qaamolee haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa Obbo Nohuu Taakkalaa faana yeroo adda addaa taasifame.

Miidhamaan adeemsa kenniinsa murtii yakka keessatti kallachaa A/Alangaatti yaada ofii dhiheeffachuu ni marii'ata.[120]Kun immo miidhamaa yakkaa sirnicha keessatti kan hirmaachisu ta'uu isaatti kan jajjabeeffamu dha.Milkaa'inni Sirna haqaa kan madaalamu shakkamtoota seeratti dhiheessun adabsiisuu qofaan utuu hin taane hirmaanna miidhamtootni sirnicha keessatti qabaniini dha.Haata'uuti,miidhamaan adeemsa kenniinsa murtii yakkaa keessatti ragaa ta'ee dhihaachuu irraan kan hafe addatti mirga dhagahamuu dhabuun,riikardii himatamaan qabu,sababoota addabbii cimsan adda biroo,fi kkf yoo A/Alangaa hin kaafne haala inni itti kaasu dhibuun hirmaannaa miidhamaa kan daangessu dha.[121]Gama Mana Murtiitinis Abbootiin Seeraa murtii adabbii yommuu kennan bu'uura qajeelfama adabbiitiin kennuu dhabuun adabbii daangaa seeraan taa'een gad bu'anii yeroon itti murteeessan ni jira.[122]Kanaafiis,shakkamaan ykn yakkamaan adabbii madaalawaa fi barsiisaa ta'e utuu hin argatiin hafuun haqxi miidhamaa fi uummataa akkaataa seerri kaa'een yeroo hin murtoofnee ni mul'ata.

Gaaffii.1: Yeroo mirga wabii shakkamaaf eegu M/Murtii haala inni itti miidhamaa irraa yaada fudhatu ni jiraayi?

Gaaffiin kun Abbootii seeraa M/M/Ol'aanaa 8 fi Abbootii seeraa M/M/Aanaa 16 walumaagalatti Abbootii seeraa 24f dhihaate Abbootii seeraa gaafataman keessa dhibbeentaa 75% yeroo mirga wabii shakkamaa irratti murtii kennan dantaa miidhamaa haalli itti ilaalan kan hin jirre yommuu ta'u dhibbeentan 25% garuu miidhamaa hirmaachisuudhan haalli itti dantaa miidhamtoota ilaalan ni jira.Abbotii seeraa kanneen keessa Abbootiin Seeraa M/M Aanaa kan gaafataman keessa dhibbeentaan 18.5% miiidhamaa kan hirmaachisan ta'uu yommuu ibsan dhibbeentan 81.5 akka hin hirmaachifne ibsaniiru.Abbootiin Seeraa M/M/Ol'aanaa kan gaafataman keessa dhibbeentaan 37.5% kan hirmaachisan ta'uu kan ibsan yommuu ta'u dhibbeentaan 62.5% akka hin hirmaachifne

[120] Bar gaaffii Abbootii Alangaa godinaa namootaa saddet,Abootii Alangaa Aanaa namoota kudddha jaha faana taasifaamee fi gaaffii marii gaaree Abbootii Alangaa faana taasifame akkasumas daawwannaa qoratichaa.

[121] Ibsa dhaaabbata mootummoota gamtoomanii keewwata(paragrarh) 16

[122] Gal.Lakk 11264 ta'e Irratti mutii M/M Aanaa Sibuu Siree Dhaddacha gaafa guyyaa 20/03/2005 Sambatoo Badhaasaa fi Ilfinesh Aagaa irratti yakka fuudharratti fuudha raawwachuu, yakka fuudha seeraan dhorkame raawwachuu irratti murtii balleessummaa kennuudhaan murtii adabbii ji'a torba torba murteesse ilaaluun ni danda'ama.Akkasumas murtii Manni Murtii kun Lak.Gal 11272 irratti himatamtoota butiidhaan himataman irratti murteesse fudhannee yoo ilaalle Manni Murtichaa sababii tokko malee hanga adabbii xiqqaa irraa gadi bu'uudhaan murteesse jira.

ibsaniiru.Abbootii Seeraa M/M/Aanaa fi Abbootii Seeraa M/M/Ol'aanaa keessa kan irra jireessa miidhamaa dhimma mirga wabii shakkamaa irratti hirmaachisan Abbootii Seeraa M/M/Ol'aanati.xiinxalli kun kan nuuf ibsu walumaagalatti manneen mutii naannichaa yeroo mirga wabii shakkamaa irratti murtii kennanitti dantaa miidhamaa yakkaaf jecha miidhamaa yakkaa irraa yaada fudhachaa kan hin jirre ta'uu dha.Mirga wabii shakkamaa eeguu ilaalchisee mirgichi mirga heerri mootummaa shakkamaaf kenne dha.Haa ta'uuti,mirgi kun mirga daangaa hin qabne miti.Manneen murtii shakkamaan yoo mirga wabiin gad lakkifame kan miliqee baduu danda'u fi yakka adda biraa dalaguu danda'u ta'e jennaan,mirga wabii dhorkachuu ni danda'u.[123]Karaawwan M/Murtii shakkamaan yoo gadi lakkifame baduu kan danda'u ta'uu fi yakka raawwachuu kan danda'u ta'uu ittiin qulqulleeffatan keessa inni tokko miidhamaa hirmaachisu dhani dha.Abbootii Alangaa caalmaatti miidhamtootni yakkaa haala shakkamaa kan beekan ta'uutti[124],hanga seerri hirmaanna miidhamtootaa dhorku hin jirretti miidhamtoota hirmaachisuun qulqullina sirna haqichaa ol kaasuu keessatti ga'ee guddaa qaba.

Sirni adeemsa falmii yakkaa naannicha keessatti A/Alangaa miidhamtoota yakkaa waliin sadarkaa eeruu kennuutii eegalee wal qunnamuu akka danda'uu haala mijataa uumameera.Kun hirmaanna miidhamaaf bakka kan kenne ta'uu irrayyuu tarkaafiin poolisiin fudhatu hunduu seeraan kan deeggaramu kan taasisuu danda'u ta'uu isaatti kan jajjabeeffamu dha.

Abbootiin Alangaa walitti dhufeenya miidhamaa waliin taasisan keessatti miidhamaan miidha irra dhaqqabeef beenyaa gaafachuu akka danda'u gorsa kan kennanii fi kan hin kennine ta'uu adda baasuun beekuuf gaaffiin dhihaate gaafatamaniiru.

Gaffii.2,Miidhamtootni yakkaa miidha irra dhaqqabeef beenyaa akka gaafatan ni gorsituu?

Gaaffiin kun Abbootii Alangaa Godinaa 8 fi Abbootii Alangaa Aanaa 16 walumaagalatti Abbootii Alangaa 24 gaafataman keessaa akka waliigalaatti dhibbeentaan 83.33% miidhamaan miidhaa irra ga'erraa beenyaa gaafachuu akka danda'u kan gorsan yommuu ta'u,dhibbeentan 8.33%

[123] Olitti yaadannoo Lakk.8,kwt 67 .

[124] Af-gaaffii A/A/W/Oromiyaa kan turanii fi yeroo ammaa Leenjisaa Instiitiyutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa kan ta'an Obbo Tolasaa Damee fi A/A/A/Oromiyaa kan turanii fi yeroo ammaa Leenjisaa Instiitiyutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa kan ta'an faana gaafa guyyaa 30/05/2005 mooraa Instiitiyutii keessatti taasifame.

miidhamaan yoo gaafate qofa kan gorsan fi dhibbeentan 8.33% gonkuma kan hin gorsine ta'uu dha.Abbootii Alangaa Aanaa fi kan Godinaa adda baasne yommuu ilaallu Abbootiin Alangaa Aanaa dhibbeentan 93.75% kan gorsan yommuu ta'u, kan Godinaa garuu dhibbentaa 62.5 dha.Abbootiin Alangaa Miidhamaa Yakkaatiif beenyaa akka gaafataniifis ta'ee gorsa seeraa akka kennaniif kallachaan seerri dirqisiisu hin jiru.Haa ta'uuti,ga'ee waajjira haqaa keessaa inni guddaan hubannoo seeraa uumuu dha.Hubannoo seeraa uumuudhan hawwaasa mirga ofii fi dirqama ofii beekee,dirqama irraa eegamu ba'ee mirga ofii kabajsiifatu akka uumuudha.Gama kanaan yommuu ilaallu,alkallacheen Abbootiin Alangaa miidhamaan miidha irra dhaqqabeef beenyaa gaafachuun akka miidha ofiirra dhidhiibamu gochuun kayyoo seerichaa wajjiin kan adeemuu ta'uu isaatti kan jajjabeeffamu dha.Gamaa biraan,Abbaan Alanga haqa ummataa adda durummaan hogaanuun hawaasni gaaffii haqaa qabuuf haqa argatuu fi nageenya qabu akka uumamu taasisuuf itti gaafatamummaa qaba.Haqa argamsisuu jechuun immoo shakamaa seeratti dhiheesuun adabsiisuu qofaa kan agarsisu miti.Miidhamtootni miidhaa irra dhaqqabeef beenyeffamuun bakka ofiitti deebifamuus kan haammatu dha.Kanumarraa kanuun,ga'eeen Abbaa Alangaa haqa uummataa gama hundaan deebisuu fi eegsisuu waan ta'eef miidhamaan yakkaa beenya akka gaafatu yoo gorsan gaarii dha jenna.

4.3 Kunuunsa miidhamtoota daa'immanii fi dubartootaaf godhamu.

Biyya keenya keessatti heera mootummaa RDFI bara 1987 ragga'e irraa eegalee seerotni tumamaan daa'immanii fi dubartootaaf akka waliigalaatti eegumsa godhanii jiru.[125]Hundeeffama caasaa mootummaas fudhannee yoo ilaalle dhimmi dubartootaa fi daa'immanii sadarkaa ministeera irraa hanga sadarkaa gandaatti caaseffamee dantaa daa'immanii fi dubartootaa eegsisuuf socho'aa jira.

Dubartootaa fi daa'immaan gochaan yakkaa irratti dalagameef kunuunsa xiinsammuu fi haamilee gochuu akkasumas shakkamaan gochaa yakkaa itti shakkameef seeratti dhihaate akka adabbii barsiisaa ta'e fudhatu gochuu irratti hanqinni ni jira.[126]Dhimmi daa'immanii fi dubartoota akka haala addaatiin ilaalamuu qabu qaamoleen haqaa keenya Waajjirri poolisii,Waajjirri Haqaa fi

[125] Olitti yaadannoo Lakk.2,Kwt 36 fi 35.

[126] Af-Gaaffii Abbootii Seeraa M/M/W Oromiyaa Obbo Urgaa Geetahun,Obbo Habiib A/Jabaal faana gaafa guyyaa 09/04/2005 M/M/W/ Orimiyaa dhaddacha lixaa Magaalaa Naqamteetti taasifame.

M/Murtii akka karooratti xiyyeeffannoo itti kennuun qabaatanii jiru.[127]Garuu,qabatamatti dhimmichi haala addaattiin akka kaayyeffametti itti hojjetamaa hin jiru.[128]Dhimmoota daa'immanii fi dubartoota gabaasaaf qofaa addatti baasuu utuu hin taane poolisii fi A/Alangaa akkaata uumama dhimmichaatti qorannoo haala haamilee miidhamtoota eegeen qorannoo taasisuum haqa baasuu keessatti ga'een inni qabu guddaa dha.

Gochaan miidhaa qaama daa'imman irratti raawwatamu yeroo hedduu xiyyeeffannoo maatii fi hawaasichaa illee kan hin qabne dha.Hawwaasa keessatti miidhaan cimaan daa'imman irratti raawwatame haalli itti salphisanii bira darbanii fi nama ga'eessa irraatti yakki xiqqoon yoo dalagame akka waan ulfina miidhamaa ga'eessa tuqutti fudhachuun waan amaleeffatame dha.[129] Kanaaf yakkootni daa'immaan irratti guyya guyyaan raawwataman irra jireessi isaanii gara qaama haqaatti utuu hin dhiyaatiin kan hafani dha.[130]

Dhimma dubartoota miidhamtoota yakkaa irratti karooraa fi sagantaan qaamolee haqaatiin qabame xiyyeeffannoo addaatiin irratti hojjechuudha.Garuu,sagantaa fi karoorichi hangam hojiirra oolaa jira kan jedhu akkuma eegametti ta'ee xiyyeeffannoon kan kenname shakkamaa adabsiisuu qofaa irratti yommuu ta'u miidhamtoota yakkaa deebisanii ijaaruu maddiitti kan dhiise dha.

Dhimma dubartoota irratti xiyyeeffannoo addaatiin hojjechuun kunuunsa miidhamaa yakkaaf godhamu ol-kaasuuf qaamoleen haqaa naannichaa W/Poolisii,A/Alangaa,M/murtii fi Manni A/Sirreessaa gumaacha gochuu qabu.

Manni murtii yeroo ammaa dhaddachi maatii fi daa'immanii addatti akka hundeeffamuuf tattaaffii gochaa jira.[131]Kun miidhaamtoota daa'immaniif kunuunsa gochuuf ga'ee kan qabu ta'uu isaatti

[127]W/Poolisii,Waajjirri Haqaa fi M/Murtii galmeewwan dhimma dubartoota fi daa'immanii addatti kan galmeeffamanii fi kan gabaasan ta'uu daawwannaa qoratichaatiin waan hubatame.

[128] Af-Gaaffii Abbootii Alangaa Waliigalaa Oromiyaa dhaddacha lixaa Obbo Afawarqi Taaffasee fi Obbo Tarrafee Kitilaa faana gaafa guyyaa 09/04/2005 Magaala Naqamtetti taasifame.Daawwannaa qoratichaa,

[129] Olitti yaadannoo Lakk 106[ffaa]

[130] Af-gaaffii Saaajin Ol'aanaa Addisuu Mangashaa Abbaa Adeemsa qorannoo yakkaa Aanaa Sibuu Siree,Abbaa Alangaa Itaalem Tamasgeen faana yeroo adda addatti(07/01/2005-07/03/2005)tti keessatti Aanaa S/S Magaala sireetti taasifaamaa ture fi Daawwanna qoratichaa.

[131] Xalayaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Wallaga Bahaa irraa Manneen Murtii Aanaa Godinichaaf barraa'e irraa kan hubatame.

waan jajjabeeffamuu qabu dha.Haa ta'uuti,dhaddachi maatii fi daa'immanii addatti dhaabbachuun qofaasaa mirga miidhamaa yakkaa guutummaa gututti eegsisuu hin danda'u.

Dubartootni yakki dirqisiisanii gudeeduu irratti raawwatame miidhaa isaan irraa dhaqqabeef mirga beenyee haamilees ta'ee kan maallqaa gaafachuu qabu.Garuu,qabatamaan dubartootni yakki dirqisiisanii gudeedu irratti raawwatame miidhaan isaanirra dhaqqabe jiraatus beenyaa yommuu gaafatan baayinaan hin mul'atan.[132]kanaafis,akka sababaatti kan kaafaman safuu hawwasaa,sodachuu, hubannoo Seeraa dhabuu fi hangi beenyaa kaffalamuu gadi aanaa ta'uu dha.[133]

Akkuma armaan olitti kaasuuf yaalametti kaayyoo seerri qabu yakkamaa adabuu qofaa utuu hin taane miidhamaa yakkaas miidhama irraa dhidhiibuun fayyisuu,bakka duraan turetti deebisuu kan dabalatu dha.Miidhaa miidhama irra ga'eef beenyan akka kaffalamuuf adeemsi kan diriireef kaayyuma kana galmaan ga'uuf dha.Namni yakka dirqisiisanii gudeeduu raawwate tokko yakka raawwateef murtii adabbii argatee miidhamtuuf miidha isheerra akka dhidhiibamtuuf gochaa gaddisiisaa isheerratti dalagamerra akka fayyituuf hojiin yoo hin hojjetamne haqni kenname jechuun rakkisaa dha.

Dubartiin gudeeddiin durbummaa ofii dhabde naannicha keessatti miidhaan isheerra ga'uu danda'u miidhaa haamilee qofaa utuu hin taane miidhaa gara fulduraatti hawwaasa keessatti maatii gaarii hundeeffatte akka hin jiraanne ishee gochuu danda'uu ni dablata. Kun immoo,uummaticha biratti miidhaa mallaqa garaarratti kan ilaalamu dha.Kun ta'ee utuu jiruu, qaawwa seeraatiin hanga beenyaa haamilee Qr.1000 (kuma tokkotti) daanga'uun beenyessuun,innumtu safuu dhaa fi sababoota kan biroon utuu hin kaffalamiin hafuun,miidhamtuun gorsa deebisee haamilee ishee ijaaruu danda'u qaamni irraa argachuu dandeessu dhibuun haqa miidhamtoota dirqiin gudeedamanii kan dabsu dha.Seerri biyyatti hojiirra jiru beenya haamilee gadi bu'aa,haamilee miidhamtoota kaasuu keessatti kan ga'ee hin qaabne fi yeroo faana kan hin deemne diriirsuun isaa seeraa fi haqa kan walitti fide hin fakkaatu kanaaf,baanyeen miidhamtoota yakka dirqisiisanii

[132] Bar-gaaffii Abbootii Seeraa M/Murtii Aanaa fi M/Murtii Ol'aanaa godinaalee arfanii fi Aanaalee sadeti faana taasifame,gaaffii mare garee Abbootii Seeraa Godina Wallagga Bahaa,Af-gaaffii A/Seeraa Aanaa Obbo Gammachuu Tashooma faana ILQSOtti gaafa guyyaa 22/12/2004 taasifameengalmee dirqisiisanii gudeedu ja'a hojjetan keessa tokkoyyuu akka beenyaa haamilees ta'ee kan maallaqaa hin gaafanne ibsaniiru.

[133] Akkuma 132[ffaa]

gudeeduu murteessu irratti manneen murtii beenyaa maallaqaa fi haamileetti otuu hin daanga'iin (punitive damage) dhan mirgi isaanii tuqamuutti bu'uura murtii M/M/W/I/DH/Ijibbaataa murteesseen murtii yoo kennaan gaarii dha jenna.Waajjirri dhimma dubartootaa fi daa'immanii miidhamtootni dhimma beenya ofii seeratti akka dhiyeeffatan gochuu fi gorsa ogeeyyii sammuu miidhamtoota deebisee ijaaruu danda'u kennuu irratti yoo hajjetan haqa miidhamtoota yakkaa foyyeessuu ni danda'a.

4.4 Akkataa dhiheessa himannoo beenyaa miidhamtoota yakkaa.

Akkaataa itti beenya miidhaa yakkaan dhaqqabe gaafachuun danda'amu armaan olitti ilaaluuf yaallee jirra.Tokkoffaa miidhamaan himannoon yakkaa akkuma banametti hanga miidhaa irra ga'ee fi beenyaa gaafatuu ibsuudhaan M/Murtii dhimmicha ilaaluutti dhiheeffachuu ni danda'a,lammaffaan akkuma himata siivilii kaanitti himata beenya siiviliin banachuudhan gaafachuu ni danda'a.

Naannoo Oromiyaa keessatti himannoon beenyaa maallaqaa (material damage) miidhamaa yakkaa irra gahe deebisiisuuf dhihaatu akka himata siivilii idileetti dhihaata.Dhimmi kun dhimma qorannoo barbaadus ta'uu baatu dhugeeffannaaf Abbootii Seeraaa M/M/Ol'aanaa 8 fi Aanaa 16f dhihaate afaan walfakkaatuun deebisaniiru.

Akkaata itti himannoon miidhaa yakkaan dhaqqabee ilaachisee akkamitti yoo dhihaate wayya kan jedhu gaaffiin Abbootii Seeraaf dhihaate akka armaan gadiitti deebisaniiru.

Gaaffii.3:-himannoon beenyaa yakkaan dhaqqabee kan yakkaa waliin walitti hidhamee yoo dhihaate moo adda adda yoo dhihaate wayyaa?

Gaaffiin kana Abbootii seeraa M/M/Ol'aanaa 8 fi Abbootii seeraa M/M/Aanaa 16 waalumaagalaatti Abbootii Seeraa 24 gaafataman keessa dhibbeentan 91.66% galmee adda addaarratti yoo ilaalame wayya jechuun yaada ofii yommuu kennan Abbootiin Seeraa dhibbentaan 8.33% galmee tokkorratti yoo hojjjetame wayya jechuun yaada ofii kennaniiru.Sana jechuun irra jireessi Abbootii Seeraa galmee adda addaa irratti akka hojjetamu barbaadu jechuu dha.

Gaaffii.4;Akkaataa dhiheessa himannoo beenyaa irratti Abbootiin Alangaa akkamiin yoo dhihaate gaarii dha?Midhamaan walitti qabamee akka dhihaatuuf yoo gaafate ajaja akkamii kennitu? jedhamanii gaafatamaniiru.

Gaaffiin kun Abbootii Alangaa Godinaa 8 fi Abbootii Alangaa Aanaa 16 walumaagalatti Abbootii Alangaa gaafataman 24 keessaa dhibbentaan 75% galmee adda addarratti haa dhihaatu jechuun kan deebisan,dhibbeentaa 16.6% kan callisanii fi dhibbeentaan 8.3% galmee tokkorratti yoo dhihaate gaarii dha yaada jechu kennaniiru.Yaada Abbootii Alangaas yoo ilaalle irra jireessi galmee adda addaa irratti akka hojjetamu kan barbaadan ta'uu dha.

Filannoo kanaafis Abbootiin Seeraa fi Abbootiin Alangaa akka sababaatti kan kaasan tokkoffaa akkaata itti himannoon dhihaatu keessatti kan baratame ta'uu dhabuu,lammmaffaa Galmeewwan wal xaxsiisuun yeroo itti murtiin kennamu lafarra dheeressuun mirga haqa si'oominaan argachuu(speedy trial) shakkamaa danquu kan danda'u ta'uu,sadaffaa hanqina humna namaa waajjirichi qabu waliin kan hin deemne ta'uu,arfaffaa Abbootiin dhimmaa mirga ofii kan hin gaafanne ta'uu dha.

Walxaxiinsa uumamuu danda'u ilaalchisee seerichi furmaata ofumaan itti kenneera.Seerichi miidhamaan yakkaa dhagahi yakkaa akkuma eegaleen iyyata dhiyeeffachuun beenyaa gaafachuu akka danda'u ni kaa'a.Haa ta'uuti,haal-dureewwan guutamuu qabaniis akka jiran seerichi ni ibsa.[134]Haal dureewwan guutumuu qabanis;himatamaan yoo nama dandeetti seeraa qabu ta'e,M/Murtii dhimma yakkaa ilaaluuf aangoo qabaatus dhimma siivilii ilaaluu aangoo qabaachuu dhiisuu waan danda'uuf M/Murtii aangoo qabaachuu mirkaneeffachuu,dhimmichi dhimma armaan dura siiviliin ilaalame ta'uu dhabuu qulqulleeffachuu,ragaa dabalataa dhimmicha wal-xaxaa taasisu kan hin barbaanne yoo ta'eef M/Murtii dhammicha ofitti fuudhee keessumeessu ni danda'a.Kun ta'ee hunga jirutti,miidhamaan yakkaa mirga ofii beekee yoo gaafate M/Murtii waan hin keessummeessineef hin qabu.

Kaayyowwan seera deemsa falmii fudhannee yoo ilaalle seerotni adeemsa dhimmoota karaa gabaabaa ta'een,yeroo fi baasii abbootii dhimmaa fi kan M/Murtii haala qusatuun ilaalamuu akka qaban dha.Dhimmootni beenyaa miidhaa yakkaan dhaqqabe gaafachuuf dhihaatan yoo walitti hidhamaniif irra jireessa kan ariifatan,baasii salphaan kan xumuraman yommuu ta'utti kan jajjabeeffamuu qabu.

[134] Olitti yaadannoo Lak.8[ffaa].

Walxaxiinsa galmee mudachuu danda'uu fi yeroo gabaabaa fi humna salphaan dhimmoota xumuruu ilaalchisee galmeewwan bakka adda addaatii walitti qabamanii ilaalamaniiru.Galmeewwan walitti qabaman keessa;

1ffaan Galmee yakkaa M/M/A/S/Sireetti Lak.Gal 09896 ta'een dhaddacha gaafa guyyaa 08/06/2004 ooleen himatamaa yakka arrabsootiin balleessa taasiseera.Kanumarraa ka'uun,miidhamtuun dhuunfaa Lak.Gal siivilii 10148 ta'een himata beenyaa haamilee dhiheeffatte falmiin bitaa fi mirgaa ragaadhaan deeggarame erga dhihaateen booda dhaddacha gaafa 13/07/2004 ooleen M/M/Aanichaa himatamaan himattuuf beenyaa haamilee Qr 700 akka kaffalu itti murteessera.Dhimma kanarratti M/Murtii ragaa yakkaaf dhaga'e irraa raga adda ta'e kan dhaggeeffate hin qabu.Ragaan M/Murtii ilaale yakki arrabsoo raawwatamuu fi raawwatamuu dhabuu qofa dha.kun immoo yeroo mana murtiis ta'ee kan , abbootiin dhimmaa kan gubu dha.Kanaafuu,dhimmootni akkanaa bakka tokkotti yoo ilaalaman danqaan adeemsa irratti uumamu hin jiru.

2ffaa Dhimma yakkaa M/Murtii Ol'aanaa Godina Wallagga Bahaatti Lak.Gal 10876 ta'erratti himatamtootni 1ffaa, Taaddalaa Namaraa,2ffaa Tsaggayee Mullataa,3ffaa Tawaldee Galataa,4ffaa Taaddasaa Ayyaanaa,5ffaa Salamoon Deettii,6ffaaTaamiru Xurunaa waliin ta'uun nama Caalaa Jaallataa jedhamun Magaalaa Naqqamte keessatti halkan ajeesanii reeffa isaa bishaan Soorgaa keessa buusun isaanii itti mirkanaa'ee murtiin balleessummaa fi adabbii itti murtaa'era.Kanamurraa ka'uun maatiin du'aa 1ffaa Abbonesh Abbebbee,2ffaa Alamtsayi Caalaa 3ffaa Biraanee Caalaa 4ffaa Wandimagenyi Caalaa 5ffaa Bayyanaa Caalaa Lak.Gal.22981 irratti miidhaa irra dhaqqabeef beenya gaafatanii dhaddacha gaafa 11/08/2003 ooleen M/Murticha himatamtootni waliin ta'anii miidhamtootaf beenya akka kaffalan itti murtaa'era.Dhimma kana yoo fudhannee ilaalle miidhaa namoota adda addaarra ga'e ragaa adda addaatiin mirkaneessuun kan barbaachisu ta'uu isaatti walxaxiinsi uumamuu ni danda'a kanaaf,dhimmootni akkanaa bakka tokkotti ilaalamu irra adda adda ilaalamuun ni wayya'aa.

3ffaa Dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Godina Baaletti Lak.Gal yakkaa 23207 ta'erratti himatamtootni 1ffaa Rattaa Daadhii, 2 ffaa Dirriba Jaamee 3ffaa Daafisoo Hadaraa waliin ta'uudhan miidhamtuu A/e Gaaddisee Warquu butanii mana himatamaa sadaffaa erga gashanii booda himatamaa tokkoffaan dirqisiisee gudeedera.Kanaafis dhaddacha gaafa 15/05/2004 ooleen himatamtootni murtii balleessa fi adabbii argataniiru.Miidhamtuun miidhaa haamilee fi maallaqa

irra ga'eef himata siivilii Lak.Gal 13545 n banatte dhaddacha gaafa 25/10/2004 ooleen beenyaa argattetti.Dhimma kana fudhanne yoo ilaalle dhimmichi bakka tokkotti yoo ilaalameef raga hedduu kan barbaadu fi walxaxiinsa dhimma fiduu danda'u miti.Kana malees haqa ariifata kennuu keessatti kan danqaa uumuu danda'u hin qabu.Manneen Murtii dhimmoota yakkaa keessattis ta'ee dhimmota siivilii keessatti haqa ariifata kennuuf dirqama qabu.Dhimma M/M/Ol'aanaa Godina Baalee murteesse kanarratti murtiin beenya kan kenname murtiin siivilii erga kenname ji'oota shaniin booda dha.Dhimmota gudeeddi fi yakkoota saal qunnamtiin wal qabatan uummatni naannicha irra jireessi kan itti saalfatu ta'uu isaattin miidhamtuun M/Murtiitti deddeebi'uun miidha dabalataa kan irraan ga'uu danda'u dha.[135]

Kanaaf,dhimmoota fageenyatti ilaaluun walitti hidhamanii kan dhihaatan yoo ta'eef rakkoo uuma jedhanii dhiisurra akkuma seerichi jedhutti itti siqanii erga ilaalanii booda,dhimmichi kan adeemsisu taanan itti fufuun,kan rakkisu taanan adda adda keessumessuu wanti dhorku hin jiru.Dhimmootni sassalphoon walitti hidhamanii dhihaachuutti danqaa hin uumne walitti hidhamanii dhihaachuun miidhamaas, shakkamaas,M/Murtiis kan fayyadu ta'uu isaatti dhimmichi walitti hidhamee dhihaachuun bu'uura seerrichi kaa'een danqaa kan hin uumne taanan walitti hidhanii ilaaluun filatamaa dha.

Gama biraan,galmeen bakka tokkotti ilaalamuuf miidhamtooni yakkaa dursa mirga ofii beekuutu irraa eegama.Miidhamtootni mirga kana akka qaban beekanii yoo himannoo hin dhiyeeffanne M/Murtii ofiin kaasuufii kan hin dandeenye ta'uu isaatti,raawwatamummaa keewwata kanaaf hawwasni,Abukaatotni fi barreessitootni hawwaasaa hubannoo seerichaa horachuun murteessa dha

Himannoon beenyaa himatamaan yakkaan himatamee bilisa ba'es,adabames,dhihaachuu ni danda'a.Himatamaan yakkaan himatamuu dhabuun ykn himatamee bilisa ba'uuni beenyaa miidhamaa irra ga'e kaffaluu irraa bilisa hin baasu.Hawwasni dhimma kanarrattii hubannoo waan hin qabneef Manneen Murtii keenya keessatti himannoon akkasiin dhihaatu hangas mara hin mul'atu.[136]Miidhamtootni yakkaaa mirga kana qabaachuu beekan yoo kan himannoo dhiheeffatan

[135] Af-gaaffii Abbootii Alangaa Waliigalaa Oromiyaa dhaddacha lixaa Obbo Afawarqi Taaffasee fi Obbo Tarrafee Kitilaa faana gaafa guyyaa 09/04/2005 Magaala Naqamtetti taasifame

[136] Olitti yaadannoo Lak.106.

ta'ee hanqinni hubannoo M/Murtii keessatti xiqqaatus ni mul'ata.[137]Ofiisarootni Seeraa himannoon dhihaate tokko ulaagaa teekinikaa fi ulaagaa seeraa guutee dhihaatera moo hin dhihaanne kan jedhu ilaaluun himata dhihaate tokko kufaa ykn darbaa gochuuf aangoon kennameerafi.[138]Garuu, ajaja kennamu irratti ol'yyachuun ni danda'ama moo hin danda'amu? kan jedhu akkuma wal mormisiisetti jira.

Gaaffii.5;Miidhamaan dhuunfaa dhimmi isaa yakkaan utuu hin himatamiin ykn murtii belleessummaa hin argatiin beenya siiviliin banachuu yoo gaafatan himata ni bantuufi moo hin bantaniifi?

Hanqinni hubbanno qaamolee haqaa bira jiru uummatni mirga heeraa fi seeraan keennamefitti fayyadamuu akka hin dandeenye kan dhorkuu danda'u dha. Gaaffiin kun ofiisaroota seeraa M/M/Ol'aanaa 8 fi ofiisaroota seeraa M/M/Aanaa 16 walumaagalatti ofiisaroota seeraa 24 gaafataman keessa dhibbeentaan 70.83% miidhamaan dhimmi isaa yakkaan murtii argates,dhiises,kan bananiif ta'uu kan ibsan yommuu ta'u,dhibbeentaan 29.16% dhimmi yakkaa kan hinmurtoofne taanan akka galmee hin banneef ibsaniiru.Kan jechuun,miidhamtootni mirga ofii beekanii yoo himannoo dhiheessanille gama M/Murtiitin hubannoon dhimma kanarrati ofiisaroota seeraa bira jiru guutuu ta'uu dhabuutti mirgi miidhamaa haalli ittin sarbamuu danda'u uumamuu ni danda'a jechuu dha.

4.5 Hojiirra oolmaa mirga beenyaa argachuu miidhamtoota yakkaa.

Namni miidhaan irra ga'e mirga beenyaa argachuun miidhaa irra dhaqqabe irraa bakkatti deebi'uu akka qabu armaan olitti ilaallee jirra.Qabatamatti mirgi kun hangam hojiirra oolaa jira kan jedhu beekuuf bargaaffiin taasifamee jira.

Gaaffii.6;Miidhamtootni yakkaa ykn maatiin miidhamaa yakkaa miidhaa yakkaan irra dhaqqabef beenyee bu'uura seerri kaa'uun argachaa jiru?

Gaaffiin kun Abbootii seeraa M/M/Ol'aanaa 8 fi Abbootii seeraa M/M/Aanaa 16 walumaagalatti Abbootiin seeraa 24 gaafatamaa keessaa dhibbeentaan 45.83% bu'uura seeraatiin beenyaa

[137] Bar gaaffii ofiisaroota seeraa fi Abbootii seeraa waliin taasifamerra kan hubatame.

[138] Kwt 25 Lab.Lak 141/2000 Magalata Oromiyaa

argachaa hin jiran jechuun deebisaniiru.Dhibbentaan 41.66% tilaaman dhibba keessa hangi afurtamaa bu'uura seeratiin argachaa jiru jechuun yommuu deebisan dhibbeentaan 12.5% dhibba keessa hanga jaatamaatti argachaa jiru jechuun deebisaniiru.Abbootii seeraa gaafataman keessa Abbootiin seeraa M/M/Ol'aanaa dhibbeentaan 62.5% miidhamtootni beenya bu'uura seeraan argachaa hin jiran kan jedhan yommuu ta'u dhibbeentaan 37.5% dhibba keessa tilmaaman hanga jaatamaa argachaa jiru jedhaniiru.Gama biraan,Abbootiin Seeraa M/M/Aanaa gaafataman keessa dhibbeentaan 62.5% tilmaaman dhibba keessa hangi afurtamaa bu'uura seeratiin argachaa jiru jechuun yommuu deebisan dhibbentaan 37.5% argachaa hin jiran jechuudhan deebisaniiru.Abbotiin seeraa M/M/Ol'aanaas ta'ee kan M/M/Aanaa kanneen bu'uura seeraatiin beenyaan kaffalamaa jira jechuun deebii jalqabaa kennan beenyaan bu'uura seeraan guutummatti kan kaffalamaa hin jirre ta'uu ibsaniiru.Kana jechuun,miidhamtootni yakkaa bu'uura seerri kaa'uun miidhaa isaan irra dhaqqabeef beenyaa argachaa hin jiran jechuu dha.

Af-gaaffii miidhamtoota yakkaa waliin taasifame;

Gaaffii.6;Miidhaa yakkaa isin irra dhaqqabeef siiviliin beenyaa gaafattanii miidhama keessan irraa dhidhiibamtaniittu?

Gaaffiin kun miidhamtoota yakkaa 24f dhihaate miidhamtoota yakkaa gaafataman keessaa dhibbaantaan 16.66% himannoo M/Murtii fi araaran miidha irra ga'eef beenyaa kan argatan yommuu ta'u kanneen hafan dhibbentan 83.33% dhimmi isaanii yakkaan ilaalamee murtii balleessummaa kan argate ta'us miidhaa dhaqqabeef garuu beenyaa kan hin argatiin hafani dha. Miidhamtootni kun miidhamtoota dubartoota fi daa'imman adda baasuun kan ilaalaman yommuu ta'u dhimmi dubartootaa fi daa'immanii akkuma dhimma kaani kan beenyaa hin argatiin ta'uu isaatti haala addaan xiyyeeffannoo addatti argate hin qabu.

Gaaffii.7; Gochaa yakkaa ittiin murtiin balleessummaa fi adabbii isinitti murtaa'eef miidhamaaf beenyaa kaffaltanii jirtuu?

Gaaffiin kun yakkatoomta 16f dhihaate yakkamtoota gaafataman 16 keessaa dhibbeentaan 18.75% miidha yakkaan dhaqqabeef beenya kan kaffalan ta'uu ibsaniiru.Dhibbeentaan 75% miidhaa dhaqqabeef beenyaa kan hin kaffalle ta'uu yommuu ibsan,dhibbentan 6.25 ykn namni tokko miidhamaan humnaan qabeenya isaa akka jalaa fudhate ibseera.

Walumaagalatti,miidhaamtootni yakkaa sirna haqaa naannichaa keessatti kunuunsa seeraa haa qabaatan malee hojiirra oolmaan mirga miidhamtoota yakkaa gadi aanaa dha.Miidhamtootni yakkaa sirna haqaa naannichaa keessatti miidhaa isaanirra dhaqqabeef beenyaa argachuun bakkatti debi'aa kan hin jirre ta'uus habatameera.[139]Kun immoo,haqa miidhamtoota kan maddiitti dhiise qofaa utuu hin taane miidhamaan tarkaaffii humnaa yakkamaa fi qabeenya yakkamaa irratti fudhachuun seera harka keessa galfachuun nageenyi amansiisaa akka hin jiraanne taasisuu ni danda'a.Haalo ba'umsa seeraan dhorkame babal'isuu nageenya uummataa itti fufiinsaan booressu ni danda'a.

4.6 Beellama M/Murtii irraa hafuu shaakkamaan dantaa miidhamaa yakkaa irratti rakkoo inni qabu.

Shakkamaan himatni A/Alangaa irratti dhihaate M/Murtiitti erga dhihaateen booda M/Murtii bakka turtii shakkamaa murteessu qaba.Shakkamaan yakki ittiin himatame kan mirga wabii hin dhorkisiisne yoo ta'e wabii ga'aa shakkamaan beellama itti aanutti akka deebi'ee argamuu danda'u isa taasisu qabsiisun m/murtii gadi lakkisuu ni danda'a.Haa ta'uuti,shakkamaan wabii ga'aa hin taaneen gadi lakkifame kallattii murtiin itti adeemu ilaallachuun haalli itti inni beellamarraa hafee miliquun galmeen cufamu Manneen Murtii keenya keessatti bal'inaan ni mul'ata.Manneen Murtii shakkamaan dhihaachuu dhabuu akka rakkoo A/Alangaa ykn poolisiitti fudhachuun beellama gabaabaa kennuun galmeen lafarraa harkifamu hin qabu jechuun galmee cufan ni mal'ata.[140] Galmeewwan haala kanaan shakkamaan dhihaachuu dhabuun cufaman galmeewwan yeroo shakkamaan argamutti socho'uun danda'an haa ta'an malee,carraan itti shakkamaan dagatamee haqa jalaa miliqee hafuu danda'uu bal'aa waan ta'eef Manneen Murtii yeroo mirga wabii eeganitti haalota ilaaluun wabii shakkamaan yeroo barbaadametti akka dhihaatu isa dirqisiisuu danda'u akka waamu gochuun irraa eegama.

[139]Af-gaaffii Abbootii seeraa M/M/W/Oromiyaa Dhaddacha Lixe Obba Habiib A/Jabeeli faana gaafa Guyyaa 09/04/20045sa'atii 9:00tti Magaala Naqamteetti godhama.

[140]Dhimma M/Murtii A/S/sireetti Lak.Gal.11217 himatamaa Habtaamuu Yaadataa miidhamtuu dhuunfaa Maskaram Kitaabaa xaarmuzii biiratiin ilkaan ishee qarriffaa isa gara olii rukutee irraa cabseera jechuun himatni irratti dhiyaate hiamatamaan mirga wabiin erga ba'een booda dhiyaachuu diduu isaatti gaafa 12/032005 galmeen cufame.

Kana malees,shakkamaan yeroo dhihaachuu hin dandeenyetti Manneen Murtii rakkinichi kan poolisii fi kan A/Alangaa akka ta'etti fudhachuun tarkaanfii galmee cufuun gabaasaaf lakkaa'achuu utuu hin taane dantaa miidhamaa eegsisuuf shakkamaan akka dhihaatuuf ajaja barbaachisaa kennuun irraa eegama.

Kana malees,yakkamaan M/Murtii Aanaattin murtiin balleessummaa itti murtaa'e M/Murtii Ol'iyyannootiin yeroo gadi dhiifamu,A/Alangaa M/M/Waliigalaatti ol'iyyannoo fudhachuun M/M/Waliigalaa ni dhiheessisa jechuun ajaja yommuu kennu shakkamaan qabamee dhihaachuu dhabuutti galmeewwan haalli itti cufaman ni jira.[141]Kana jechuun,shakkamtootni seeratti dhihaatanii dhimmi isaanii murtii balleessummaa ykn mutii miti balleessummaa argachuu qaban utuu seeratti hin dhihaatin haala itti bira darbamanii warri balleessaa qaban balleessa isaanii irraa hin baratiin hafan ni jira jechuu dha.

4.7 Rakkoowwan qaamolee haqaa keessatti miidhamtoota yakkaa mudatan.

Adeemsa kenniinsa murtii haqaa keessatti eeruu kennuu irraa eegalee rakkoowwaan miidhamtoota yakkaa mudatan hedduun ni jiru.Rakkoowwan kanas haala dhiheessaaf toluun waajjiraa waajjiraan qoodnee akka armaan gadiitti ni ilaalla.

4.7.1 Rakkoowwan gama Waajira Poolisiitiin mul'atan.

Adeemsa kenniinsa murtii haqaa keessatti rakkoon Miidhamaa yakkaa jalqabaa kan mudatu waajjira poolisiitti dha.Waajjirri poolisii miidhamaa yakkaa haala ulfina namummaa isaa eeganii fi naatoodhaan guutameen keessummeessuuf dirqama qaba.Haa ta'uutii,waajjira poolisiitti haalli itti miidhamaan naatoodhaan itti hin simatamne ni jira.[142]Miidhamaan yakkaa miidhaan irra ga'e gara waajjira mootummaatti dhufee yeroo itti arrabsamuudhaan miidhaan dabalataa irra ga'u ni mul'ata.[143]

---

[141] Af-gaaffii Abbootii seeraa M/M/W/Oromiyaa Dhaddacha Lixe Obba Urgaa Geetahun faana gaafa Guyyaa 09/04/20045sa'atii 9:00tti Magaala Naqamteetti godhama.

[142] Daawwannaa qoratichaan bakka adda addaatti taasifame,akkasumas af-gaaffii Abbootii Alangaa Waliigalaa Oromiyaa dhaddacha lixaa Obbo Afawarqi Taaffasee fi Obbo Tarrafee Kitilaa faana gaafa guyyaa 09/04/2005 Magaala Naqamtetti taasifame.

[143] Akkuma Lakk.142

Ga'een Waajjirri poolisii qabu yakka ittisuu, namoota badii yakkaa rawwatan qabuudhaan seeratti dhiheessuuf adabbiin barsiisu fi madaalawaa ta'e akka itti kennamu gochisiisuu dha.Haa ta'uutii, miidhamtootni yakkaa shakkamaan akka qabamee dhihaatuuf durgoo miseensota poolisii fi hojjettoota nageenyaa gandaaf kaffalanii shakkamaan qabamee seeratti utuu hin dhihaatin yeroo itti hafu ni mul'ata.[144]

Hundeeffamuu sirna haqaa ammayyaan booda dirqamni qorannoo yakkaa gaggeessuu,himannoo yakkaa qopheessuu fi odeefannoo raawwatamuu yakkaa walitti qabuu miidhamaa dhuunfaa irraa gara mootummaatti cee'eera.Cee'umsa kanaanis qorannoon yakkaa kan gaggeeffamuu qabu humnaa fi baajeta mootummaattini dha.Haa ta'uutii,miidhamaan dhuunfaan Aanota hedduu keessatti unkoota eeruu,unkoota jechi ragaa shakkamaa itti fuudhamu,xalayaa waamichaa shakkamaa fi ragaawwan barbaachisan baasii mataa isaatiin dhiheeffachaa jira.[145]Rakkoon kun miidhamtootni unkoota kana bitatanii eeruu kennachuu hin dandeenyee fi uummatni akka waliigalaatti haqa argachuu qabu akka dhaban taasisuu ni danda'a.Kanaaf,naannichi hanqina humna baajetaa kan qabu ta'us haqaa fi nageenyi uummataa dhimma dursii kennamuufi qabu ta'uutti baasiin unkoota kana guutuuf oolu waajjirichaa akka ramadamu gochuun haqa miidhamtoota rakkoo diinagdee qabanii eeguun filatamaadha jenna.

Dubartootni fi daa'imman miidhaan yakkaa irra ga'e adeemsa BPR (one step shopping) tiin haalli itti bifa dhuunfummaa isaanii eegeen eeruu kennatan hin jiru.Namni eeruuf dhufu hunduu bakka ifaa fi bilisa ta'etti eeruu ofii ni kennata.Adeemsa kana,gama hojii qaamolee haqaa uummataaf ifa taasisuun yoo ilaalle waan jajjabeeffamuu qabu dha.Haa ta'uuti,miidhamtootni rakkoo isaanii uummata keessatti dubbatachuu kan sodaatanii fi qaanfatan ta'uutti dhugaa barbaadame baasuun murtii kennuu irratti danqaa uumuu ni danda'a.Qabatamatti miidhamtootni sodaa fi qaanii dhaan miidhaa isaan irra ga'e yeroon dubbatachuu dadhaban ni jira.[146]kunis haqa miidhamtootaa kan

[144] Af-gaaffii miidhamtuu dhuunfaa Ayyaantuu Gulummaa waliin gaafa guyyaa 13/03/2005 M/Murtii A/S/Sireetti taasifame akkasumas af-gaaffii Obbo Daggafaa Itti gaafatamaa waajjira haqaa A/S/Siree faana yeroo adda addaa taasifame.

[145] Godina Wallagga Bahaa Aanaa S/Sirree,Godina Baalee Aanaa Gindhiir,Godina Shawaa Lixaa Aanaa Baakkoo Tibbee ttii daawwannaa qoratichaan taasifame.

[146] Olitti yaadannoo Lak 106,akkasumsa Daawwannaa qoratichaan turtii shaakallii ji'a lamaaf waajjira haqaatti taasiseen kan hubatame.

dabsuu danda'u ta'uu irraayyuu miidhamtootni sodaa fi cinqiidhaan lammaaffaa akka miidhaman kan godhu dha.Heerri mootumma dhimmootni haqaa dhaddacha ifaan ilaalamuu akka qaban erga kaa'een booda haala addaatiin dantaa wal falmitoota,safuu uummataa fi nageenya biyyaatiif dhaddacha cufaan ilaalamuu akka danda'an ni ka'a.Dhimmi yakkaa dhaddacha cufaadhaan ilaalamuu qabu kaayyoo dhaddacha cufaatti akka ilaalamuuf kaayyeffame galmaan ga'uuf duraan dursa Waajjira Poolisiitti haala dhuunfummaa miidhamtootaa eegeen qoratamuu kan qabu dha.Haa ta'uuti,waajjira poolisii naannichaa keessatti dhimmi miidhamtoota daa'immanii fi dubartoota yakki saal qunnamtii irratti raawwatame dhuunfummaa miidhamtoota bifa eegen dalagamaa hin jiru.

Rakkoon biraan gama W/Poolisiitiin miidhamaa qunnamu shakkamaa qabanii seeratti dhiheessu dhabuu dha.Miidhamaan yakkaa miidha irra ga'eef eeruu kennatus shakkamaa hordofanii qabanii seeratti dhiheessuu irratti qaawwaan mul'atu bal'aa dha.[147]Murtii Manni Murtii Ol'aanaa Ol'iyyannoodhaan murtii Mana Murtii Aanaa diigee shakkamaa biliisa gadi dhiisu irratti ol'iyyannoo A/Alangaa M/M/Waliigalaatti dhiheeffatuun ni dhiheessisa erga jedhamee ajajni kennamee booda shakkamaan qabamee dhihaachuu dhabuudhaan galmeen cufamee haalli itti miidhamaan haqa utuu hin argatin hafu ni jira.[148]Kunis,dirqama poolisiitti seeraan itti kenname ba'uu dhabuu agarsiisa.Kanaafis,namootni akka sababaatti kan kaasan tokkoffaa malaammaltummaa,wal-beekumsa,adabbii seeraarraa mararteen wal dabarsuu.[149]Lammaffaa Walitti dhufeenyi waajjiralee poolisii Aanotaa gidduu jiru laafaa ta'uu, sadaffaa hanqina human namaa fi maallaqa waajjirichi qabu fa'i dha.[150]

[147] Af-gaaffii Abbootii Alangaa Waliigalaa Oromiyaa dhaddacha lixaa Obbo Afawarqi Taaffasee fi Obbo Tarrafee Kitilaa faana gaafa guyyaa 09/04/2005 Magaala Naqamtetti taasifame,af-gaaffii obbo Alamaayyoo Margaa A/S/M/M/S/Siree faana guyyaa gaafa 10/03/2005-07/05/2005 gidduutti yeroo adda addaatti taasifame,af-gaaffii A/S/M/M/W/Oromiyaa dhaddacha lixaa obbo Urgaa Geetahun faana gaafa guyyaa 09/04/2005 taasifame akkasumas daawwannaa dirree qoratichaan taasifame.

[148] Akkuma Lak.147

[149] Bar gaaffii qorattoota poolisii Aanaa Gindhiir faana taasifame,bar gaaffii qorataa poolisii Aanaa Sibuu Siree faana taasifame,bar gaaffii Abbootii Alangaa Godina Wallagga Bahaa faana taasifame.

[150] Bar gaaffii qorattoota poolisii Aanaa Sinaanaa,Aanaa Duukam,Aanaa Baakkoo Tibbee,Aanaa Sibuu Siree faana taasifame.

4.7.2 Rakkoowwan gama Waajjira Haqaatiin mul'atan.

Gama waajjira haqaatiin miidhamaa fi ragoota A/Alangaa biroo deddeebisuun galmee lafarra harkisuun rakkoo adda durummaan mul'atu dha.[151]A/Alangaa fi poolisiin haalli itti walii galu dhabuudhaan hojiin lafarra harkifamu jiraachunis rakkoo adda biroo dha.[152]Kanarrattis,deddeebii miidhamaa fi ragoota A/Alangaa birootti gatii deddeebii isaanii durgoon ykn oolmaan guyyaa kaffalamuuf hin jiru.[153]Rakkoo biroon hanqinni humna namaa fi hanqinni hubannoo mirga ykn dantaa miidhamaa yakkaa irratti jirus miidhamaan yeroo ariifataa keessatti haqa barbaadu akka hin arganne kan godhuudha.[154]

Dhimma beenyaa irratti miidhamaa yakkaaf gargaarsa barbaachisaa gochuun haqa akka argatu gochuuf haguuggiin seeraa naannicha keessa kan jiru ta'us hanga ammaatti hojiin hojjitame hin jiru.Dhimmma beenyaa miidhamaa yakkaarratti biyyuma keenya keessaa sadarkaa feederaalatti yoo ilaalle Abbootiin Alangaa dhimma beenya miidhamtoota yakkaa kutaa hariiroo hawwaasummaa jalatti haala itti deeggarsa godhaniif ni jira.[155]

4.7.3 Rakkoowwan gama Mana Murtiitin mul'atan.

Manneen murtii naannichaa keessatti abbootiin seeraa darbee darbee gartuu shakkamaa qabatanii gaaffiwwan yeroo kaasan ni mul'atu.[156]Abbootiin seeraa kana kan godhan shakkamaan qaama seera beekuu fi humnaan isa caalu A/Alangaa waliin wal-falma yaada jedhuuni dha.[157]Kun immoo, qabatamaatti adabbiin bu'uura qajeelfama adabbiitiin ykn seera yakkaatiin taa'e akka hin

[151] Bar gaaffii qorattoota poolisii Aana sibuu Siree,bar gaaffii ofiisaroota seeraa Aanaa Walmaraa waliin taasifame,bar gaaffii.

[152] Akkuma 151[ffaa]

[153] Akkuma152[ffaa],akkasumas daawwannaa qoratichi bakka shaakallii Aanaa Sibuu Sireetti taasise.

[154] Akkuma Lakk.153[ffaa]

[155] Af-gaaffii A/Alangaa Feederalaa Obbo Roobaa Tsaggaayee faana yeroo adda addaa taasifame.

[156] Gaaffii mare garee Abbootii Seeraa M/M/Ol'aanaa Godina Baalee fi Abbootii Alangaa Godina Baalee faana gaafa guyyaa 04/01/2005 Magaala Roobetti taasifame,akkasumas gaaffii Maree garee Abbootii Alangaa Godina Wallagga Bahaa faana gaafa guyyaa 02/02/2005 Magaala Naqamtetti taasifame.

[157] Akkuma Lakk.156[ffaa]

kennamnef sababa kan ta'uudha.[158]Manneen murtii adabbii hanga daangaa adabbii isa gadi aantutti gadi buusanii adabuu ni danda'u.Daangaa adabbii kenname keessaa eessattti adabuu akka qaban ilaalchisee wal fakkeenya adabbiiwwan Abbootii Seeraa adda addaatiin manneen murtii adda addaa keessatti kennamanii uumuuf qajeelfamni adabbii M/M/W/Feederalaatiin ba'ee sadarkaa naannichatti leenjiin irratti kennamaa turee,kennamaas jira.Abbotiin Seeraa naannicha keessa jiran hundi garuu,murtii adabbii bu'uura qajeelfamichaatiin kennaa hin jiran.[159]Manneen Murtii qajeelfa adabbii utuu hin fayyadamiin barsiifata jiruun haalli itti hojjetan ni mul'ata.Adabbiin seeraan taa'ee manneen murtii bu'uura seerichaatiin hojiitti kan hin hiikamne yoo ta'e shakkamaan badii yakkaa raawwatef addabbii barsiisuu danda'u argachuu dhiisuu ni danda'a.

Rakkoo adda biroon,manneen murtii akka qajeeltootti dhaddacha ifaa fi bilisa geggeessuu kan qaban haa ta'uyyuu malee,dantaa wal falmitootaa,safuu uummataa fi nageenya biyyaa eeguuf jecha dhaddacha cufaatti dhimmoota geggeessuu danda'an.[160]Yakkoota saal qunnamtii dubartoota irratti raawwatamanii fi yakkoota daa'imman irratti raawwatamanii irratti dhimmichi tokkoffaa, dantaa miidhamtootaaf,lammaffaa, immoo safuu uummataaf dhuunfaatti yoo ilaalame kan filatamu dha.Haa ta'u malee,manneen murtii sadarkaa adda addaa irra jiran dhimma kana addatti ilaalaa hin jiran.Naannicha keessatti haala ijaarsa manneen murtii irraa kan ka'ee fi uummatni barsiifata kan hin qabne ta'uutti dhaddachi uummataa keessayyuu sadarkaa Aanaatti hangas mara gaggeeffamaa hin jiru[161],garuu bakkuma jirutti dhuunfummaan isaanii kan hin eegamne ta'uu isaati dhaddachi haala dhuunfummaa miidhamtootaa eegeen yoo geggeeffame hamilee miidhamtootaafis ta'e haqa baasuuf murteessaadha.

Rakkoon biroo manneen murtii keessatti mul'atu manneen murtii yeroo mirga wabii eeganitti,yeroo murtii fi ajajoota adda addaa kennanitti dantaa miidhamaa yakkaa tilmaama keessa kan hin galchine ta'uu dha.

[158] Olitti yaadannoo Lakk.106

[159] Akkuma Lakk. 158ffaa

[160] Olitti yaadannoo Lakk.2,Kwt 20(1).

[161] Olitti yaadannoo Lakk.106

Kan biraa dubartootni miidhamtootni yakka dirqisiisanii gudeeduu miidhaa maallaqaa fi hamilee isaan irra ga'eef beenyaa gaafachaa hin jiran.[162]

Beenyaa miidhamtoota gaafataniif murtii kennamuu qabu irratti hubannoon Abbootii seeraa bira jiru wal fakkaataa miti.[163]Beenyaa haamilee miidhamtoota dubartoota gudeedamanii irraati akkamiin beenyaa gaafatamuu akka qabu Abbootii Seeraaf bar gaaffii taasifameen harki gartokko hanga qarshii 1000tti ni murteessina kan jedhan yommuu ta'u kaan isaanii keessayyuu Abbootiin Seeraa M/M/Ol'aanaa immoo bu'uura kwt 2104, fi 2105 s/h/h tin mirgi isaanii xuqamuutti 1000 olis murteessuu ni dandeenya jechuun deebisaniiru.Dhimma kanaan wal qabachuu kan danda'u Manni Murtii Waliigala Feederaalaa dh/iji/gaafa guyyaa Eebla 3,bara 2000 lakk. Galmee19938 ta'erratti mutii murteesse yoo ilaalle namni miidhan yakkaa irratti raawwatame tokko miidhaa yakkaa sanan wal qabate waan maallaqaan shallagamuu hin dandeenye ykn tilmaamamuuf rakkisaa ta'e garuu jireenya isaa of duraa keessatti faayidaa isa dhabsiisu qabu manni murtii bu'uura 2102,2104,2105tin beenyaa murteessufii akka danda'u waan kaa'uuf beenyaa haamilee Qr 1000tti utuu hin daanga'iin beenyaa puunitivii(punitive damage) murteessuun akka danda'amu kaa'eera.Kanaaf,manneen murtii beenyaa miidhamtoota yakka dirqisiisanii gudeeduu qarshii 1000tti utuu hin danga'iin murteessuu ni danda'u.

Dubartootni gudeedaman naannicha keessatti waan qarshiidhan shallagamu danda'u kan dhaban yoo hin qabaanneyyuu fuulduratti carraa gaa'ela raawwatanii bultii gaarii ijaarrachuu dhabuu isaanii waan guddaa akka dhabanitti waan lakkaa'amuu qabuudha.Kan gaa'ela qabanis taanaan bultii isaanii irratti madaa hin fayyine buuse kan darbu dha.Kuni immoo,beenyaa kaffalamuufii qabu gara beenyaa haamilee biyya keenyaa kan yeroo faana tarkaanfachuu dadhabe qofti akka hin kaffalamneef miidhamtuun waan dhugumaan dhabde keessaa hanga ta'e argachuu ni dandeessi. Yakkamaanis akka adabbii tokkootti irraa barachuu ni danda'a.

Manni murtii kunuunsa miidhamaaf haala addaan kennaman kanneen akka bakka shakkamaan ykn namni shakkamaaf itti gaafatamummaa qabu yeroo beenyaa haala kaffaluu isa hin dandeessisne

[162] Bar gaaffii Abbootii seeraa fi Godina Baalee,W/Bahaa,Sh/Lixaa,Godina Addaa Naannawaa Finfinnee fi Abbootii seeraa fi Abbootiin Alangaa Aanaa Guutoo Giddaa,Aanaa Sibuu Siree,Aanaa Baakkoo Tibbee,Aanaa Amboo,Aanaa Walmaraa,Aanaa Aqaaqii,Aanaa Sinaanaa fi Aanaa Gindhiir faana taasifame.

[163] Akkuma Lak.162[ffaa]

keessa jirutti maallaqa wabii qabsiiserraa,maallaqa adabbii kaffalamurraa(fine),akka cituuf ajaja kennuu,yeroo mirga wabii shakkamaaf eeganitti shakkamaan ba'ee baduu kan danda'u ta'uu qulqulleeffachuu dhiisun ni mul'ata.

Akkasumas manneen murtii yeroo karooraa ykn ammaakiroo irratti kennan sirreeffamaa murtii itti murtaa'e keessa 2/3ffaa xumuruu ilaaluu irraan kan hafe yakkamaan miidhamaa gargaaruu fi dhiisu waan mirkaneeffatan hin qaban.Kun kaayyoo adabbii dhugoomsuu irratti rakkoo mataa isaa kan qabu dha.[164]

4.7.4 Rakkoowwan gama Mana Sirreessatiin mu'ataan

Manni sirreessaa namoota adabbiin hidhaa itti murtaa'e ofitti fudhatee balleessa raawwatan irraa akka baratanii lammii fayyaalessa ta'aniif hojechuuf dirqama qaba.Kaayyoo kanaaf manneen Sirreeessaa naannicha keessatti sadarkaa Godinaalee hundaa fi Aanota tokko tokkorratti hundeeffamee jira.Manneen sirreessa naannichaa sirreeffamtoota ogummaa teekinikaan leenjisuu irratti hojii cimaa hojjetaa jira.Haa ta'uuti sirreeffamtootni balleessa yakkaa raawwatan irraa akka barataniif,keessayyuu miidhamaa yakkaatti araaramuun jijjiirama yaadaa akka fidaniif hojiin hojjetamaa jiru ga'aa miti.Karoora ykn ammaakiroon gadhiifamuu ilaalchisee namni karooraan kan gadhiifamu yakkamaan adabbii hidhaa itti murtaa'e keessa lama sadaffaa xumuruun miidhamaa yakkaatiif beenyaa mana murtiitin itti murtaa'e ykn waliigaltee miidhamaa waliin taasiseen kaffaluu akka qabu seerichi ni kaa'a.Haa ta'uuti,manneen sirreessa yeroo karoora ykn ammaakiroon yakkamaan akka gadi dhiifamu mana murtii beeksisan dhimmoota akkasii ilaalcha keessa akka hin galchine hubatameera.[165]Kana malees,adabbii hidhaa cimaa fi salphaa raawwachiisuu keessatti haalli itti namootni hidhaa cimaan adabaman bu'uura seeraatiin hin sirreeffamne ni jira.Sirreeffamtootni hidhaa cimaa mirgi amantaan guyyaa-guyyaa sa'atii daanga'eef uummata keessa oolan ni jiru.[166]Kun immoo miidhamaa yakkaatti soda uumuu ni

[164] Af-gaaffii Abbootii seeraa Mana Murtii Aanaa Obbo Alamaayyoo Margaa,Obbo Lataa Baayisaa,Abbootii seeraa M/M/W Obbo Urgaa Geetahun,Obbo Habiib A/Jabeel waliin yeroo adda addaatti taasifame fi daawwannaa qoratichaan taasifame

[165] Af-gaaffii Useen Ibraahim Abbaa Adeemsa Mana Sirreessaa Godina Baalee,Gannaalee Roobetti gaafa 29/12/2004tti taasifame,akkasumas hoogganaa mana Sirreessaa Godina wallagga Bahaa,Baalee Roobee, fi Baalee Gindhiir faana taasifame.

[166] Akkummma Lakk 165 fi Olitti yaadannoo Lakk.106

danda'a.Dabalataaniis yakkamaan yakka dabalataa miidhamarratti akka raawwatu taasisuu kan danda'u dha.

4.7.5 Rakkoowwan gama hanqina seeratiin miidhamaa yakkaa muudatan.

Seera keenya dhimma miidhamaa yakkarratti yoo ilaallef waa'ee miidhamaa yakkaa addatti baasee waan kaa'e ta'uu dhabuunsaa rakkoo dha.Mirgootni miidhamtootni yakkaa qaban seera keenya keessatti ifaan adda ba'ee waan kaa'e hin qabu.Heera Mootummaa irraa eegalee yoo ilaalle xiyyeeffannoon mirga miidhamaa yakkaaf kennamee fi kan mirga shakkamaaf (yakkamaaf) kenname kan wal madaaluu miti.

Kana malees,beenyaan maallaqaa miidhaa qaamaaf,gudeeddiif,yaalii ajjeechaaf kaffalamanii fi miidhan haamilee akkamiin akka shallagamuu qaban irratti ulaagan murtii wal fakkaataa manneen murtii naannichaa adda addaa fi A/Seeraa adda addaa gidduutti kennamu itti wal fakkaachuu danda'u ykn walitti dhihaachuu danda'u jiraachuu dhibuun rakkoo kan biraa dha.Baasiwwan miidhamaan baasu kan mana yaalatti baasu irraa kan hafe kan gatii geejjiba ofii fi kan ragootaa, uunkoota adda addaaf, baasii qallabaaf ba'u fi galiiwwan sababa raawwatamuu yakkichaatin utuu argachuu qabuu dhabe miidhamaaf yeroo gaafatutti murteessuf dirqama akka qabu ni mul'ata.

4.8 Dhimmoota yakkaa araaraa miidhamaa fi himatamaan xumurumanii fi mirga miidhamaa yakkaa.

Dhimmoota yakkaa gara qaamolee haqaatti fiduun furmaata seeraan argamuun alatti uummatni naannichaa araaraan dhimmoota yakkaa irratti haalli itti waliigalan qabatamaatti ni mul'ata.Araara keessatti carraa itti miidhamaan beenyaa argachuu danda'uu fi miidhamaa fi shakkamaan nageenyaan waliin jiraachuu danda'an bal'aa dha.Miidhamaa fi shakkamaan yeroo tokko tokko murtiin yakkaan kennamuun dura araaramuu ni danda'u.Yeroo tokko tokkos erga murtiin kennameen booda miidhamaa fi yakkamaan haalli itti araaraman ni jiru.Araara shakkamaa fi miidhamaatti gatii kennuun gama qaamolee haqaatiin jajjabeessuun hin mul'atu.Beenyaan araaraan kaffalamu miidhaa dhaqqabee ol haalli itti inni deemu bal'aa dha.

Godina Baaleetti beenya miidhamtoota haala araaraatiin kaffalamu miidhamtoota miidhaa isaan irra dhaqqaberra akka fayyan taasisuu irrayyuu nageenya buusuu keessatti ga'ee guddaa qaba.Sirreeffamaan yakka ajeecha lubbuun adabame karaa maatii isaatiin miidhamtootaaf beenya

kaffaluun amaleeffatameera.Sirreeffamaan yakka ajeechaan himatame adabame tokko Intala ofii fi loon soddama kaffaluun araara raawwatera.Loon soddoma kan kenne maatii du'aa hundaaf yeroo ta'u intala isaa ilma du'aaf kennuun gaa'ela akka waliin raawwatan taasisuun yeroo ammaa intalli fi gurbaan wal fuudhanii mucaa ilmaa tokko waliin qabu.[167]Gammoojjiin Baalee keessatti yakkamaan firoota nama ajjeefamee (miidhamtootaaf) gosarraa kadhachuun loon,gaalaa fi kkf kennee araaraan nageenya buusuun kan amaleeffatame dha.Sirreeffamaan yakka ajjeecha lubbuun adabame mana sirreessaa Gannaalee Gindhiiritti argamu miidhamtoota yakkaaf Gaalaa 50(shantama) kennee itti araarameera.[168]Sirreeffamtootni yakka ajeecha lubbuu raawwatan kan biraanis miidhamtoota firoota du'aatiif beenya gosa irraa walitti qabuun haalli itti kaffalan ni mul'ata.Muuxannoo Godina Baalee yommuu ilaallu,miidhamaa yakkaa kan gargaaruu fi nageenya amansiisaa fiduu kan danda'u ta'uu isaatti waan jajjabeeffamuu qabu dha.Haa ta'uuti,ajjeecha lubbuun wal qabatee hangi beenya kaffalamuu ulaagaa wal fakkaataa dhabuu fi ol kaa'aa ta'uun isaa akka muudotti kan ilaalamu dha.Araaraa fi beenyaan miidhamtootan wal qabatee intala durbaa kennuun miidhamtoota fi yakkamaa gidduutti nageenya amansiisaa kan fiduu danda'u ta'us mirga intala kennamtu kan xuqu,heera mootummaan kan wal dhiitu ta'uu isaatti aadaan kun beekumsa seeraan deeggaramee bifa mirga nama kamiiyyu hin tuqneen jajjabeeffamu qaba.

[167]Af-gaaffii Mana Amala Sirreessa Godiana Baalee Ganaalee Roobee gaafa guyyaa 29/12/2004 fi Gannaalee Gindhiitti gaafa guyyaa 03/13/2004 sirreeffamtoota faana taasifameen sirreeffama maqaa ofii ibsuu hin barbaanne faana qoratichaan taasifameen kan argame.

[168] Af gaaffii Dargaggoo Abdulahii/Amiir/ Asad faana Godina Baalee Mana Sirreessa Gannaalee Gidhiiritti gaafa 03/13/2004 taasifame.

Boqonnaa-5

Gudunfaa fi Yaada furmaataa.

5.1,Gudunfaa

Qorannoo kana keessatti sirna haqaa biyyatti keessatti kunuunsa miidhamaan yakkaa argachuu qabu maal akka fakkaatuu fi naannicha keessatti kan miidhamaan argachaa jiru maal akka ta'e ilaalameera.

Miidhmtootni yakkaa akka addunyaatti sirna haqa ammayyaa keessatti haalli itti dagataman seenaa addumyaa keessatti mul'ateera.Haa ta'uuti,biyya Ameerikaa keessatti sochiin miidhamtoota yakkaa bara 1960 keessa eegalee ture, akka addunyaatti dhageetti argachuun bara 1985 Dh.M.W n Dikilaareshinii(ibsa) tumuudhaan mirgi miidhamtoota yakkaa biyyoota miseensa dhaabbatichaa ta'aniin akka kabajamuuf eegalliin Idil addunyaawaa taasifameera.Kana malees,mirgoota dikilaareeshinichaan kennaman hojiitti hiikuuf dhaabbatichi tattaaffiwwaan tokko tokko taasisee jira.Dikilaareshiniin kun biyyoota miseensa dhaabbatichaa irratti humna seeraa kan hin qabne ta'us, kallattii itti mirga miidhamaa yakkaa eegu qaban kan agarsiisuu ni danda'a.

Xiyyeeffannoo argachuu dhimma miidhamtoota yakkaan booda biyyootni tokko tokko heera fi seera isaanii haala mirga miidhamaa eegsisuun fooyyeffataniiru.Dhimma miidhamtoota yakkaarratti barreeffamootni,qorannoo fi leenjiwwaan adda addaas kennamaniiru.

Kunuunsi miidhamtoota yakkaaf sirna haqaa ammayyaa keessatti biyyoota garaagaraatiin godhamaa ture kan miidhamtoota yakkaa garaa hin geenye ta'uu isaatti sochii mirga miidhamtootaa kabajsiisuuf taasifamaa tureen sadarkaa Dhabbata Mootummoota Wal ta'aniittis ta'ee sadarkaa biyyaatti dhimmi miidhamtoota xiyyeeffannoo argateera.

Muuxannoowwan biyyotni addunyaa kunuunsa miidhamaa yakkaaf godhuu irratti qaban ilaalle jirra.Biyyootni Addunyaa kunuunsa isaan miidhamaa yakkaaf godhan sirna seeraa hordofaniin adda addumtii ni qabu.

Biyyootni sirna seeraa Koman Loowu hordafan adeemsa kenniinsa murtii yakkaa keessatti bakki isaan hirmaanna miidhamtoota yakkaaf godhan gadi aanaa ture.Biyyootni sirna seeraa siivil Loowu hordofan yeroo kan Koman Loowu faana maadaalaman hirmaanna isaan miidhamtoota yakkaaf godhan ol'aanaa dha.Yeroo ammaa kana garuu adda addumtiin jiru dhiphateera.

Biyyi Itiyoophiyaa Feedereeshiniin naannoon Oromiyaa hundeessitu fi miiseensa Dhaabbatichaa ta'uu isheetti Dikilaareshinicha kan raggaasiste fi hojiitti hiikuuf itti waliigalte dha.Kanaaf, mirgoota tumaa kanaan ta'aan gara hojiitti hiikuuf itti gaafatamummaa haamilee ni qabdi.

Biyya keenya keessa seerotni kunuunsa miidhamtoota yakkaaf taasisan adda ba'anii kan of danda'anii tumaman hin jirani.Haa ta'uuti,mirgi fi kunuunsi miidhamaa yakkaaf taasifamaan seerota biyyatti keessa bifa bittinaa'een taa'anii jiru.Seerotni kunis keewwattoota seera yakkaa, seera deemsa falmii yakkaa, seera hariiroo hawwasummaa fi labsii waajjira haqaa hundeesse fa'i dha.

Kunuunsii fi eegumsi keewwattoota seerota kanaatiin miidhamaa yakkaaf godhaman ni jirani.Kunuunsi kunis miidhamaan yakkaa mirga haqa ariitin argachuu,mirga miidha maallaqaa fi haamilee irra ga'eef beenya argachuu ni qabu.Miidhamtootni yakki cimaan irratti dalagamee beenya gaafachuun bakkatti deebi'uu hin dandeenye mirga deeggarsa seeraa mootummaa irraa argachuu ni qabu.Miidhamtootni yakkaa nama miidha dhaqqabsiiserraa fi mootummaa irraa miidha isaanirra dhaqqabeef beenya argachuu akka danda'an haguuggiin seerota biyyattii ni kaa'a.Kana malees,seerichi shakkamaan ykn yakkamaan miidhamaaf gargaarsa akka godhu jajjabeessuu irrayyuu darbe nama miidhaan cimaan irra ga'eef namni kamiyyu dirqiin deeggarsa gochuu akka qabu kaa'era.

Beenya miidhamaa yakkaaf kaffalamuufis seerichi eegumsa godhee jira.Beenyaan miidhamaa yakkaa murtii balleessummaa fi balleessa miti irratti kan hin hundoofne,dhiifama,baraara fi daangaa malee adabbii hirisuun kan hin xuqamne ta'uu,idaadhan kan hin qabamne ta'u,Shakkamaan ykn yakkamaan yeroo beenya haala kaffaluu isa hin dandeessisne keessa jirutti qarshii wabiin qabame,maallaqa adabbii irraa kan miidhamaaf kaffalamuu danda'u ta'uun eegumsa beenya miidhamaa yakkaaf godhame kan agarsiisani dha.

Adeemsa falmii irrattis miidhamaan yakkaa himata siivilii fiduun utuu isarraa hin eegamiin dhagahi yakkaa yeroo eegalu miidhamaan miidha irra dhaqqabe hanga isaa barreeffamaan ibsuun

kaffaltii A/Seerummaa kaffaluun utuu irraa hin eegamiin beenya karaa gabaabaan gaafachuu ni danda.a.

Akka qajeeltootti dhagahi dhimmaa kan gaggeeffamuu qabu dhaddacha ifaa fi bilisa ta'etti dha.Garuu,dantaa miidhamtoota yakkaa daa'immanii fi dubartoota yakkootni saal-qunnamtiin irratti dalagamaniif dhaddacha chufaatti dhagaha gaggeessuun eegumsi taasifamuufi ni danda'a.

Haa ta'uuti,miidhamtootni yakkaa miidhaa maallaqaa fi haamilee isaan irra ga'eef beenyaa argachaa kan hin jirre ta'uu,galii sababii yakkaatiin argachuu utuu qabanii dhaban kan hin arganne ta'uu hubatameera.Kunis kan ta'eef,erga murtiin balleessummaa kennameen booda miidhamtootni himata beenya dhiheeffachuu dhabuu,shakkamaan bu'uura seeratiin qabamee dhihaachu dhabuu,hawwaasni ragaa ba'uu dhabuu,manni yaala hanga miidha dhaqqabee sirriitti ibsee ragaa dhiheessu dhabuu fi hanqina hubannoo seeraa qaamolee haqaa biratti mul'atu fa'i dha. Miidhamtoootni dubartoota fi daa'immaniis kunuunsa addaa kan isaan barbaachisu ta'us qaamolee haqaa Naannichaatiin kunuunsa addaa kan argachaa hin jirre ta'uun hubatameera.

Murtiin fi ajajootni manneen murtii naannichaa kennan dantaa miidhamtoota yakkaa tilmaama keessa kan galchan miti.Kun immoo sirni haqichaa adabbii irratti qofa kan xiyyeeffate malee miidhaa miidhamtoota dhidhiibuun haqa nageenya amansiisaa fiduu danda'u kennuu hin ta'u.

Qorannoo kana keessatti kunuunsi miidhamtootni yakka miidhaa qaamaa,yakka ajeechaa,yakkoota saal-qunnamtii dubartootaa fi daa'imman irratti raawwatan adeemsa falmii yakkaa irratti waajjira poolisii irraa eegalee qaban ilaalle jirra.Kunuunsi sirnicha keessatti miidhamtootaf taasifamus kan miidha isaan irra ga'e irraa isaan dhidhiibuu hin dandeenye dha.Miidhamtootni yakkaa sirnicha keessatti maddiitti dhiifamaniiru.

Abbootiin Alangaa naannichaa dhimmoota yakkaa himannoo dhiheessuun adabbii kennisiisuun alatti miidhamtoota miidha cimaan irra ga'ee beenyaa gaafachuun deebifachuu hin dandeenye gargaaruuf dirqama kan qaban ta'us dirqama kana ba'aa hin jiran.Hubannoon mirga miidhamaa yakkaa irratti qaamolee haqaa naannichaa bira jirus gadi aanaa ta'uun sababa kunuunsi miidhamtoota yakkaaf itti godhamaa hin jirre keessa isa tokko dha.

5.2,Yaada Furmaataa

Seerri mirga miidhamaa yakkaaf adeemsa kenniisa murtii yakkarrattis ta'ee murtii siivilii irratti eegumsa gochuu danda'u qaama seera baastuu naannichaatiin akka ba'u taasisuu.

Waajjirri poolisii humna namaa fi baajata ga'aan ramadameefi shakkamtoota bu'uura seeraatiin qabuun seeratti dhiheessuu akka danda'u,ragaa fi unkoota adda adda baasii miidhamaan socho'aa jiran ofii baasuudhan miidhamtootaf kunuunsa ulfina namummaa isaanii eege akka kennuuf gochuu.

Waajjirri haqaa harcaatiin galmee akka hin uumamne qorannoo irraa eegalee hanga murtii haqaa kennisiisutti xiyyeeffannoon hojjechuuf hojjettootaaf leenjii barbaachisaa kennuu.

A/Alangaa seera amma of harkaa qabnuun miidhamtoota yakka cimaan irratti raawwatamee beenyaa gaafachuun deebifachuu hin dandeenye,daa'immanii fi dubartoota miidhamtoota yakkaa gargaaruuf itti gaafatamummaa kan qabu ta'us itti hojjechaa waan hin jirreef of duratti irratti hojjechuun yakkamaa seeratti dhiheessuun murtii madaalawaan akka kennamuuf taasisu irra darbuun dantaa miidhamaa kabajsiisuu akka danda'an gochuu.

Beenyaan wal qabatee uummatni mirga akkamii akka qabu hubannoo seeraa uumuun miidhamtootni dhimma ofiirratti akka dammaqan gochuu.

M/Murtii ajajoota kennu hundumaarratti dantaa miidhamtoota yakkaa kan tilmaama keessa galche akka ta'uuf leenjini hubannoo cimsuu dhimma midhamaa yakka irratti akka taasifamu gochuu.

Shakkamaan akka seera dura miliqee hin banneef eegumsa gahaa gochuu,wabii gahaa waansisuu,murtii ariifataa kennuu.

Miidhamaan miidhaa irra ga'eef beenya haala argachuu hin dandeenye keessa kan jiru yoo ta'e M/Murtii maallaqa wabii qabsiifamerraa,maallaqa adabbii irraa akka kaffalamu gochuun miidhamaan akka beenya argatu gochuu,

Adabbii murtii yakkarratti kennamu bu'uura qajeelfama adabbiitiin kennuun adabbiin barsiisaa ta'ee fi kaayyoo adabbii seeraan ta'e galmaan ga'uu danda'u akka kennamu gochuu.

Manni Sirreessaa yakkamtootni gochaa yakkaa raawwatanitti gadduun,miidhamaaf gargaarsa godha,miidhamaatti araaramanii fi jijjiirraa amalaa akka fidaniif hojii hojjechuu,keessayyuu yeroo amaakiroo,dhiifamaa fi baraara kennutti gargaarsa miidhamaa yakkaaf godhamutti gatii kennuun gargaarsa miidhamaaf godhamu jajjabeessu.

Qaamoleen haqaa hundi sirna haqa haaromsaa (Restoretive Justice System) heeraa fi seera biyyatti wal hin dhiitne fi kan keessatti shakkamaan miidhamaaf beenya kaffaluun araarri nageenya amansiisa buusuu danda'u uumamu jajjabeessuu qabu.Waldaawwan hojii tola ooltummaa gargaarsa miidhamtoota yakkaaf godhan akka hundaa'an kakaasuu fi jajjabeessuu.

Fundiiwwan miidhamtoota yakkaa balaa yakkaan isaan mudaterra yeroo gabaabaa keessatti ittiin yaalaa,gorsa barbaachisaa argachuun fayyuu danda'u uumuu.

Miidhamtoota yakka dirqisiisanii gudeeduu fi miidhamtoota daa'immanii haala addaan bifa iccitii isaanii eegeen dhimmi isaanii akka ilaalamu gochuu.

Uummatni aada ragaa walirratti ba'u,shakkamaa irratti odeeffa kennuu akka gabbifatu barumsa uummataaf kennuun hubannoo uummataa jijjiiruu.

Miidhamtootni yakkaa yeroo dhimmi isaanii danqaa hin uumne fi haal dureewwan seerri kaa'e guututti dhagahi yakkaa akkuma eegaleen iyyata barreeffamaa dhiheeffachuun karaa gabaabaadhan beenya akka argatan gochuu.

Manneen yaalaa ragaa hanga miidhaa dhaqqabee sirriitti ibsuu danda'u akka dhiheessaniif walitti dhufeenyaan hojjechuu fi leenjii barbaachisaa akka argatan gochuu.

Qaamni mootummaa itti gaafatamummaa miidhamtoota yakkoota cimaa kunuunsuu qabu sadarkaa naannoo irraa eegalee hanga sadarkaa gadiitti akka hundaa'u gochuu.

Miidhamaan yakkaa mirga wabii shakkamaa,riikardii yakkamaa fi amaakiroo yakkamaa irratti yaada kennuurratti mirga hirmaachuu akka qabu seerri ifaan tumu yoo jiraachuu baatus, seerri dhorku kan hin jirre ta'uutti akkasumas ibsi Dh.M.W nin ba'e kan deeggaru ta'uu isaatti miidhamaan mirga himatamaa otoo hin miidhin hirmaannaa akka godhuu heeyyamufii.

Qaamoleen haqaa xiyyeeffannoon isaan dhimma miidhamtoota yakkaaf taasisan shakkamtoota adabsiisu qofarratti utuu hin taane miidhamtoota deebisanii ijaaruu irratti ta'uu qaba.

Sirni haqaa qindoomina qaamolee adda addaa kanneen akka W/Poolisii, A/Alangaa,M/murtii fi Manni Sirreessaa tiin kan sochu'u ta'uu isaatti qaamoleen kun hundi waliin ta'uun kunuunsa miidhamaa yakkaaf godhamuu qabu milkeessu qabu.

Waajjirii poolisii kutaan qorannoo yakkoota daa'imman iratti raawwatamanii fi dubartoota yakki saal-qunnamtii irratti raawwate itti qorataman addatti baasuun murtiin bifa haamilee miidhamtoota eegeen akka kennnamu taasisuu.

Miidhamtootni yakkaa mirgoota akkamii akka qaban beekanii akka gaafatan gama M/Murtiitinis ta'ee gama Waajjira Haqaatiin barumsi hubannoo seeraa cimsuu yoo kenname gaarii dha jenna.

Qaamolee haqaa naannichaaf leenjiin hubannoo cimsu akka kennamuu gochuu fi dhimma miidhamaarratti kaka'umsa uumuun kunuunsa fi eegumsa seerri miidhama yakkaaf godhe hojiitti akka hiikamu gochuu.

Beenyaan maallaqaa miidhaa qaamaaf,gudeeddiif,yaalii ajjeechaaf kaffalamanii fi miidhan haamilee akkamiin akka shallagamuu qaban irratti ulaagan murtii wal fakkaataa manneen murtii naannichaa adda addaa fi A/Seeraa adda addaa gidduutti itti kennamu waan hin jirreef haala itti murtiin walitti dhihaachuu danda'urratti hojiin gama m/murtiin akka hojjetaamu gochuu.

Odeeffannoo Dabalataa

1.Gaaffiiwwan Maree Garee.

1.1 Gaaffiiwwan Abbootii Alangaa Godinaaf dhihaatan

1,Miidhamaan yakkaa himatni gaaffii beenyaa, himata yakkaan walitti hidhamee akka gaafatamuuf yoo gaafate akkamiin keessumeeftu?

_____

2,Sirna haqa Oromiyaa keessatti kunuunsa miidhamtoota yakkaaf godhamu akkamiin ilaaltu?

_____

1.2 Gaaffiiwwan Abbootii Seeraa M/M Ol'aanaaf dhiyaatan.

1, Miidhamtootni yakkaa hirmaannaan isaan sirna haqa yakkaa keessatti qaban maal fakkaata?

_____

2,Walumaagalatti Sirna haqa yakkaa Naannoo Oromiyaa keessatti kunuunsa miidhamtoota yakkaaf godhamu akkamiin ilaaltu?

_____

2. Af-gaaffii

1.Miidhamtootaaf(gosti miidhaa isaan irra ga'ee adda ba'ee gaafatamee addatti xiinxalama)

1.Miidhaa isinirra dhaqqabeef beenyaa argattanii jirtuu?

Eeyyee ☐ Lakkii ☐

2,Kan argattan gahaa dha?

Eeyyee ☐ Lakkii ☐

3.Falmii dhaddacha yakkaa keessatti hirmaanna taasiftanii jirtu?

Eeyyee ☐ Lakkii ☐

4, Deebiin keessan gaaffii 3ffaa eeyyee yoo ta'e ,Hirmaannaan keessan maal fakkata ture?

_____

4. Himatamaan yeroo mirga wabiin ba'ee ala turutti miidhaa isin irraan kan ga'uu danda'uu fi dhiisu ta'uu M/M isin gaafatayii?

Eeyyee ☐ Lakkii ☐

5,Himata kaffaltii beenyaaf gaafa banattan himatamaan yoo mana adabaa jira ta'e akkamiin waraqaa waamichaa dhaqqabsiistu? Keessattuu Manni sirreessaa yeroo itti bakka m/m murtii kenne irraa fagaate argamu

_____

6,Beenyaa gaafa gaafattan Abbootiin Alangaa karaa isin agarsiisuun hangam isin gargaaraniiru?_____

8.Ofiisarootni seeraa woo gaafa beenya miidhaa isin irra ga'eef beenyaa gaafattan akkamiin isin keessummeessanii?

9,Kaffaltii A/seerummaa kaffaltanii moo otoo hin kaffaliin keessummeeffamtanii?

Kaffalleerra ☐ hin kaffalle ☐

10,Yoo kaaffaltan ta'eef haala kam keessatti yoo hin kaffaleef haala akkamii keessatt?_____

11,.Abbootiin Seeraa woo akkamiin isin keessummeessanii? si'aayinaan moo lafarra gototuu?

si'aayinaan ☐ lafarra gototuu ☐

12,Manni murtii dhimma beenyaa keessan kan murteesse falmii guutu gaggeessisuun moo falmii gabaaban miidhaa dhaqqabe ilaaluunidha?

falmii guutu ☐ miidhaa dhaqqabe ilaaluuni ☐

13,Raawwii murtii beenyaa irratti isinii kennanii woo akkamiin ilaaltanii? Ariitii fi hojiitti hiikamuu isaa?

_____

2,Yakkamtoota/Himatamtootaf (gosti yakka ittiin adabamanii adda ba'ee kan gaafatamani dha.)

1,Dhimma yakkatiin gochaa yakkaa murtiin balleessummaa isin irratti murtaa'eef siiviliin gaafatamtanii beenyaa miidhamaaf kaffaltanii jirtuu?

Eeyyee ☐ Lakkii ☐

2,Kaffaltan yoo ta'e adeemsi itti isin kaffaltan akkam turee?

_____

3,Beenyaa kan kaffaltan erga murtiin balleessummaa isinitti darbee moo otoo hin darbii dha?

Erga Murtiin balleessummaa darbee ☐ Otoo Murtiin balleessummaa hin darbiin ☐

4,Erga Murtiin balleessummaa darbee yoo ta'eef himata siiviliin beenyaa akka kaffaltan isinirratti dhiyaate akkamiin dhiyaattanii ofirraa ittistanii? Keessattu warren mana sirreessaa irra bakki jireenya isaanii fagoo ta'eef?_____

5,Miidhamaan beenyaa dhiheeffate irratti falmii gaggeessitanii moo miidhaan miidhamaa ragaan deeggarame M/Murtiif dhihaate M/M waan ni mala jedhu murteessudhani dha?_____

3.Bar-gaaffii

1,Abbootii Seeraaf-

Sadarkaa hojii_____

Bakka Hojii_____

1,Dhimma kaffaltii beenyaa fi himata yakkaa bakka tokkotti ilaaltu moo galmee addaarratti ilaaltu?

Galmee tokko ☐ Galmee Adda Addaarratti ☐

2.Isin akkamiin otoo ilaalamee gaarii dha jettu?

Galmee tokkoon ☐ Galmee Adda addarratti ☐

3,Himatamaan ykn shakkamaan miidhaa dhaqqabsiise shakkame miidhaa lammaffaa miidhamaarran akka hin geenye M/M yeroo mirga wabiin eegu haala inni itti yaada miidhamaa fudhatu ni jira ?

Ni jira ☐ Hin jiru ☐

4.Walumaagalatti isin sirni haqa yakkaa kunuunsa miidhamaaf godhu irratti amantaan isin qabdan maal fakkaata?

5.Sirna haqa yakkaa Naannoo keenyaa keessatti miidhamaan ykn maatii miidhamaa beenyaa gaafatee akka seerri kaa'utti argachaa jiruuyi?

Eeyyee ☐ Lakkii ☐

6.yoo argachaa jiru jettan dhibbeentaa meeqatu argachaa jiraa?

A,0-20 B,20-40 C,40-60 D,60-80 E,80-90

7.Sababootni argachuu fi dhabuu isaanii maal fa'i dha?_____

8.Miidhamtootni yakkaa yoo dhimmi yakkaa cufameyyuu beenyaa ilaalchisee siiviliin beenyaa gaafachuu akka danda'an seerri ni kaa'a keewwatni kun qabatamaatti mana murtiitti hijiirra oolaa jira?

Eeyyee ☐ Lakkii ☐

9.Miidhamtoota yakka reebichaa,yakka dirqisiisanii gudeedu fi yakkoota daa'imman irratti dalagamaniif beenya gaafa murteessitan ulaagaan beenyaa haamilee fi maallaqaa murteessitan maali?_____

10,Adeemsa kenniinsa murtii haqaa keessatti rakkowwan miidhamaa yakkaa mudatan akka amantaa/hubannoo keessaniitti maal fa'i dha? _____

11,Dubartootni gudeedaman haalli itti beenyaa gaafatan/argatan ni jiraayii?

_____

12,Beenyaan haamilee seera keenyaaan taa'ee midhamtoota yakkaaf hangam kaffalamaafii jiraa? yeroo beenyaan haamilee shallagamuuf waantootni tilmaama keessa galan maal fa'i dhaa?_____

13,Miidhamaan yakkaa tokko miidhaa isa irra ga'e irraa kan dhidhiibame yoo yaalawwan fayyaatiin ta'e ykn baasii baaseef ragaa barreeffamaa dhiheeffachuu yoo hin dandeenye beenyaa akkamiin herregduufii?._____

2,Abbootii Alangaaf.

Sadarkaa hojii_____

Bakka Jireenyaa/Hojii_____

1,Adeemsa hojii tajaajila haqaa keessatti haalli itti miidhamaa yakkaan wal qunnamtanii dhimma yakkichaa irratti waliin haasoftan,miidhaa dhaqqabe qulqulleeffattan,Miidhamaa dhimmicha irratti hirmaachiftan ni jira?

Eeyyee ni jira ☐ Lakkii hin jiru ☐

2. Deebiin keessan Lakk.1 irraa eeyye kan jedhu yoo ta'eef sadarkaa maal maalirratti?

Qorannoo ☐

,himannoo ☐

qopheessuu ☐

Adabbii ☐

Hunda ☐

3. Deebiin keessan Lakk.1 irraa Lakkii kan jedhu yoo ta'e maaliif?_____

4,Miidhamaa yakkaa himannoo beenyaa akka kan yakkaa waliin wal qabsiiftanii dhiheessitan isin gaafate akkamiin keessummeessitu?

Walitti hidhuun dhiheessufii ☐ Akka addatti dhiheeffatu ajaju ☐

5.Deebiin keessan Lakk.4 walitti hiine ni dhiheessina kan jedhu yoo ta'e miidhamtootni gaaffi akkasii dhiheessan tilmaamaan dhibbeentaa meeqa ta'u?

A,0-20 B,20-40 C,40-60 D,60-80 E,80-90

6.Simannaa Manni Murtii dhimma kana irratti isinii godhu maal fakkaata?_____

7.Deebiin keessan Lakk.4 irraa yoo kan walitti hiine hin dhiheessinu jettan ta'e sababiin keessan maalii?_____

8,Miidhamaan akka mirgaatti dhimmi isaan maal irra akka jiru gaafachuu ni danda'ayii?

_____

9,Miidhamtootni yakka gudeeddii miidhaa isanirra dhaqqabeef beenyaa ni gaafatuyii?

_____

10,Miidhamtootni yakka dirqisiisanii gudeedu,miidhaan qaamaa fi daa'immanii ,miidhaa haamilee fi miidhaa maallaqaa akka gaafatan ni gorsituu?

_____

11,Adeemsa kenniinsa murtii haqaa keessatti rakkowwan miidhamaa yakkaa mudatan akka amantaa/hubannoo keessaniitti maal fa'i dha? _____

3,Poolisiif

Sadarkaa hojii_____

Bakka Jireenyaa/Hojii_____

1,Miidhamtootni yakkaa miidhaan irra dhaqabee yeroo ho'atti dhufanii isinitti iyyatan ykn eeruu raawwatan akkamiin simattu? Miidhama isaaniif fala maalii laattu? _____

2,Namni miidhaa dhaqqabsiise jedhamee himatame yoo yakkicha otoo dalaguu harkaa fi harkatti qabame ta'e hoo?_____

3,Adeemsa kenniinsa murtii haqaa keessatti rakkowwan miidhamaa yakkaa mudatan akka amantaa/hubannoo keessaniitti maal fa'i dha? _____

4.Miidhamtooni tokko tokko kan nama miidha geessiseen otoo M/M hin ga'iin walitti araaraman ni jiru,yeroo araaran dhimma isaanii cuftan miidhaa miidhamaa irra dhaqabeef beenyaan kaffalamuu ni mirkaneessitu?_____

5.Qorannoo yakkaa yeroo gaggeessitan miidhaa miidhamaa irra ga'e haalan qabattanii ni galmeessitu?Achiis Abbaa Alangaa waliin ta'uun miidhamaan beenya irra ga'e akkamiin akka gaafachuu qabu irratti ni dubbattuu?_____

3,Ofiisaroota Seeraaf

Sadarkaa Hojii_____

Bakka Jireenyaa/Hojii_____

1,miidhamtootni yakkaa beenyaa gaafachuuf gara keessan dhufan akkamiin keessummeessitu?

_____

2,Miidhamtootni yakkaa dhimmi yakkaa otoo hin murtaa'iin gaaffii beenyaaf siiviliin iyyata yoo fidatan ni keessummessituyii?_____

3,Kaffaltii A/seerummaa ilaalchisee himataan falmiin yakkaa yeroo gaggeeffamaa jiru yoo dhufee fi erga murtiin kennamee yoo dhufe adda adda keessummeessitu moo haaluma wal fakkaatuun keessumeessitu? _____

4,Adeemsa kenniinsa murtii haqaa keessatti rakkoowwan miidhamaa yakkaa mudatan akka amantaa/hubannoo keessaniitti maal fa'i dha? _____

4. Wabiiwwan

Seerota

- Heera Mootummaa Ripaabiliika Dimokiraatawaa Feederaalawaa Itiyoophiyaa Bara 1995 ba'e Lab. lakk.1/1995 Finfinnee, Hagayya 15,bara 1995
- Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa,Labsii Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'e Raggaasuuf Bahe,Lab.Lakk.46/2001,Adaamaa, Onk 17,bara 2001
- Heera Cee'umsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa,Lab.Lakk.2/1985 Magalata Oromiyaa.
- Labsii Qaamota Raawwachiistuu Bulchiinsa Naannoo Oromiyaa Yeroo Cee'umsaa Hundeessuuf Bahe Lab.Lakk. 5/1985
- Seera Deemsa Falmii Yakkaa bara 1965
- Seera Deemsa Falmii Siivilii bara 1965 Nagarit Gazeta Extra Ordinary Issue Lak.3 1965
- Seera Shororkeessummaa Itiyoophiyaa Lab .Lakk .652/2009
- Dikilaareshinii Dhaabbata Mootummoota Wal Ta'anii, Declaration of Basic Principles of Justice for Victims of Crime and Abuse of PowerA/RES/40/34,29 November 1985,96th plenary meeting
- Labsii Hundeeffama Mana Murtii Yakkaa Addunya, Rome Statute of the International Criminal Court ,Adopted by the United Nations Diplomatic Conference of Plenipotentiaries on the Establishment of an International Criminal Court on 17 July 1998.
- Basic Principles and Guidelines on the Right to a Remedy and Reparation for Victims of Gross Violations of International Human Rights Law and Serious Violations of International Humanitarian Law Adopted and proclaimed by General Assembly resolution 60/147 of 16 December 2005
- The Prevention and Eradication of Violence Against Women and Children Addendum to the 1997 SADC Declaration on Gender and Development

Journaalota

- Joornaalii Seeraa Yuuniversiitii Baahir Dar Vol-2 Lakk -2 Bara 2004.
- Journalii Seeraa Institiyutii Qo'annoo fi Qorannoo Seeraa Feederaalan Vol--,Lakk----
- International Review of the Red Cross Vol 90 Number 870 june 2008
- Internet Journal of Criminology 2011 ISSN 2045-6743(online)
- TEMIDA Jun 2012, str. 71-84 ISSN: 1450-6637 DOI: 10.2298/TEM1202071W Originalni naučni rad
- UNSW Law Journal Vol 179(2) 1994
- HeinOnline -- 23 Legal Stud. 1 2003 Vol.23 No 1,March 2003
- Journal of Law and Society Vol.32.No.2 june 2005 ISSN;0263-323X PP 294-316

Kitaabota

- HUMAN DIGNITY AND VICTIMS' RIGHTS IN TH GERMAN AND ISRAELI CRIMINAL PROCESS *Anat Horovitz* * *and Thomas Weigend* ** http://law.huji.ac.il/upload/ILR44HorovitzWeigendCRCFinal.pdf
- Restoretive Justice in Oromia Criminal Justice System ,BY Tsegaye Reggasa,Urgessa Genemo and
- Crime Victims ;Doing Justice To Their Support and Protection ;Irvin Waller
- **Guide for Policy Makers** on the Implementation of the United Nation Declaration of Basic Principes of Justice for Victims of Crime and Abuse of Power

Web Saayitoota

- http://www.fidh.org/IMG/pdf/4-CH-I_Background.pdf
- http://law.huji.ac.il/upload/ILR44HorovitzWeigendCRCFinal.pdf
- **http://www.cairn.info/revue-internationale-de-droit-penal-2002-1-page-259.htm**

Maddootaa Biroo

- Imaammata Haqa Yakkaa Mootummaa Dimookiraatawaa Ripuubliika Feederaalawaa Itiyoophiyaa;Ministeera Haqaa'Finfinnee;Gurandhala 25/2003 A.L.H
- Murtii Manneen murtii sadarkaa addunyaa irraa hanga biyya keessaatti.
- Victims Rights Ammendement; A proposal To Amend The United States Constitution in the 108 th Congress, updated April 2004
- *Paper presented at the National Victims of Crime Conference 23& 24 September 2008 Adelaide, Australia Jo-Anne Wemmers, PhD,Université de Montréal*
- Paper on Redress for victims of crime in South Africa:A comparison with selected Commonwealth jurisdictions Johannes Christian von Bonde ,Submitted in fulfilment of the requirements for the degree of *Docto Legum* in the Faculty of Law at the Nelson Mandela Metropolitan Universit October, 2006 Promoters: Prof H J van As and Prof P H G Vrancken

5.Qorannoo kana gaggeessuuf namoota haasofsiisaman.

Maqaa	**Ga'ee hojii**
1. Darajjee Mokonnin	A/S/M/M/Ol'aanaa Godina Baalee
2. Aschaaloo Xilaahun	A/S/M/M/Ol'aanaa Godina Baalee
3. Birkaa Tusaa	A/Alangaa Godina Baalee
4. Fu'aad Sheriif	A/Alangaa Godina Baalee
5. Badrihaman Umer	A/S/Aanaa ergisaan M/M/O/G/Baaleetti.
6. Tolasaa Damee	A/A/W/Oromiyaa fi Leenjisaa ILQSO
7. Nohuu Taakkalaa	A/A/Aanaa fi Leenjisaa ILQSO
8. Afawarq Taaffasee	A/A/W/Oromiyaa
9. Tarrafee Kitilaa	A/A/W/Oromiyaa
10. Urgaa Geetahun	A/S/M/M/W/Oromiyaa
11. Abduljabbaar Huseen	A/S/M/M/Ol'aanaa fi Leenjisaa
12. Habiib A/Jabaal	A/S/M/M/W/Oromiyaa fi duraan leenjisaa ILQSO.
13. Hundarraa Fiqaaduu	A/Alangaa Godina Wallagga Bahaa.
14. Tolasaa Nigaatuu	A/Alangaa Godina Wallagga Bahaa.

15. Almaaz Dhibbisuu	A/Alangaa Godina Wallagga Bahaa.
16. Masaay Tasammaa	A/S/M/M/Ol'aanaa Godina Wallagga Bahaa.
17. Waaqumaa Xuurii	A/S/M/M/Ol'aanaa Godina Wallagga Bahaa.
18. Abarraa Yaadataa	A/S/M/M/Olaanaa Godina Wallagga Bahaa.
19. Geetachoo Obsaa	A/S/M/M/Olaanaa Godina Wallagga Bahaa
20. Gaaromaa Rajee	A/S/M/M/Olaanaa Godina Wallagga Bahaa
21. Masarat Gonfaa	A/Alangaa Godina Shawaa Lixaa.
22. Hawwii Taarraqany	A/Alangaa Godina Shawaa Lixaa.
23. Guddataa Kabbadaa	A/Alangaa Godina Shawaa Lixaa.
24. Abiy Marid	A/Alangaa Godina Shawaa Lixaa.
25. Ayinaalem Bazzaabbii	A/Alangaa Godina Shawaa Lixaa.
26. Adaanech Jiraa	A/Alangaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee.
27. Taaddasaa Habtamuu	A/Alangaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee
28. Taaddasaa Fufaa	A/Alangaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee
29. Toleeraa Ammayyuu	A/Alangaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee
30. Ashanaafii Geetachew	A/Alangaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee
31. Daggafaa Tolaa	A/Aanaa Sibuu Siree
32. Alamaayyoo Margaa	A/S/M/M Aanaa Sibuu Siree
33. Maatiwoos Raggaasaa	A/S/M/M Aanaa Gindhiir.